# BARNOOTA HAWAASAA


KITAABA BARATAA
KUTAA 6

Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

ISBN: 978-99944-2-130-5
Gatii: Qr. 20.15

# BARNOOTA HAWAASAA

KITAABA BARATAA



Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

KUTAA 6

# KITAABA KANA HAALA GAARIIN QABACHUUN ITTI GARGAARAMI



Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keetii dha. Kan keetis. Kanaafuu, akka miidhaan irra hin geenye eegi.
Kitaaba kana haala gaariitiin qabachuuf, qajeelfmoota armaan gadiitti fayyadam.

1. Kitaabicha gaazexaa, pilaastikii yookaan waraqaadhaan uffisi.
2. Kitaabicha yeroo hunda bakka jiidhaa hin qabnee fi qulqulluu ta'e kaa'i.
3. Kitaabicha yeroo hunda harka qulu lluutiin qabadhu.
4. Qola isaa irratti yookaan keessa isaatti hoomayyu hin barreessiin.
5. Bakka booda banachuu barbaaddu kaardiin yookaan waraqaa gabaabaa keessa kaa'uun mallattoo taasifadhu.
6. Fuula yookiin fakkii tokkollee tarsaasuuf hin yaaliin.
7. Fuulli tarsa'e yoo jiraate, haphee yookiin pilaasteriin deebisii walqabsiisi.
8. Yeroo baattee deemtu haala kitaabichi hin miidhamneen qabadhu.
9. Kitaabicha yommuu namaa ergistu akka kunuunsuuf akeekachis.
10. Kitaaba haaraatti yeroo duraatiif yommuu gargaaramtu, kitaabicha, dugdaan ciibsi si'a tokko fuulota muraasa qofa galagalchi. Suuta jedhii jidduu kitaabichaa harkaan gadi qabi. Haalli kunis qolli kitaabichaa akka hin miidhamne gargaara.

# BARNOOTA HAWAASAA

## KITAABA BARATAA

### KUTAA 6

**Qopheessitoota:** Abrahaam Tasammaa (BA)
Warqinaa Toluu (MA)
**Gulaalaa:** Wandimmuu Tarrafaa (MA)
**Madaaltota:** Dirribaa Bayyanaa (BA)
Fiqaaduu Kabbadaa (MA)
Habiib Galgaluu (BA)
Imaanu'eel Horaa (BA)

**Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa**
**Ministeera Barnootaa**

UBSPD®
**UBS Publishers' Distributors**

**Maxxansaan**

© Mirgi maxxansa guutumaa guututti seeraan eegamaadha. Guutuu yookiin qaama maxxansa kanaa, haalaa fi bifa kamiiniyyuu, jechuun elektiroonikaan, footookooppiidhaa fi waraabuun eeyyama dhaabbata maxxansiisee malee, haala birootti dabarfamuu hin danda'u.

Jalqaba bara 2011 maxxanfame

ISBN: 978-99944-2-130-5

Dhaabbata Maxxanse: UBS Publishers, Distributors Pvt. Ltd. India.

# BAAFATA


| QABIYYEE | | FUULA |
|---|---|---|
| Boqonnaa 1: | Argama, Qubannaa fi Haala Jireenya Ummata Baha Afrikaa | 1 |
| | 1.1. Argama Baha Afrikaa | 1 |
| | 1.2. Ummata Baha Afrikaa | 4 |
| | 1.3. Rakkoolee Dabareewwan Eeguu fi Kunuunsuu Mudatan | 6 |
| | 1.4. Qubannaa fi Haala Jireenya Ummata Naannoo Baha Afrikaa | 8 |
| Boqonnaa 2: | Lafa Irra Jiraannu | 22 |
| | 2.1. Fuula Lafaa | 22 |
| | 2.2. Haallan Teessuma Lafaa Gurguddoo Baha Afrikaa | 27 |
| | 2.3. Qabeenya Bishaan Baha Afrikaa | 30 |
| | 2.4. Baha Afrikaa Keessatti Faayidaa Qabeenyi Bishaanii Misooma Dinagdee Keessatti Qabu | 32 |
| | 2.5. Qilleensa Marsaa Lafaa | 34 |
| | 2.6. Mallattoolee fi Fakkiiwwan Kaartaa Beekamoo | 36 |
| Boqonnaa 3: | Naannoo Keenya | 42 |
| | 3.1. Biqiltoota Uumamaa fi Bineensota Bosonaa Naannoo Baha Afrikaa | 42 |
| | 3.2. Sababa Sochii Namootaatiin Jeequmsa Naannoo Keenya Irra Gahu | 49 |
| | 3.3. Maloota Kunuunsa Bishaanii Fi Biyyee | 50 |
| | 3.4. Faayidaa Paarkiiwwan Biyyoolessaa Itoophiyaa fi Baha Afrikaa | 54 |
| Boqonnaa 4: | Ajandaa Ummataa | 58 |
| | 4.1. Dhimmota Ummataan Walqabatan | 58 |
| | 4.2. Mirgoota Daa'immannii fi Eegumsa Godhamuufii Qabu | 63 |
| | 4.3. Dhimmoota Walitti Dhufeenyaa | 66 |

Boqonnaa 1

# Argama, Qubannaa fi Haala Jireenya Ummata Baha Afrikaa

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Barnoota boqonnaa kanaa erga barattee xumurtee booda:**

- Argama naannoo Baha Afrikaa fi biyyoota naannichaa addaan ni baafatta.
- Qarooma durii fi dabareewwan seenaa naannoo Baha Afrikaa ni dinqisiifatta.
- Rakkoowwan kunuunsa dabareewwan seenaa ni hubbatta.
- Dhiibbaa haalli teessuma lafaa, qilleensi baramaa fi qabeenyi uumamaa qubannaa fi jireenya ummataa irratti qabu ni hubatta.

## 1.1. ARGAMA BAHA AFRIKAA

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana barattee erga xumurtee booda:

- Argama Baha Afrikaa bir-qabaan ni ibsita.
- Biyyoota Baha Afrikaa keessatti argaman ni tarreessita.

Argama aanaa yookiin godina keessa jiraattuu haala kamiin ibsita? Argamni barnoota ji'oogiraafii keessatti bakka naannoon yookiin biyyi tokko qaama lafaa irratti itti argamu mala adda addaatiin fayyadamuun himuudha. Qaama lafaa irratti bakka naannoon yookiin biyyi tokko jirtu haala salphaan beekuuf hunda caalaa kan fayyadu argama bir-qabaa jedhama. Bir-qabaan argama biyya tokkoo wantoota biyyattii karaa garaagaraatiin daangessaniin walbira qabdee himta Isaan kunniinis gaarreen, biyyoota biroo naannootti argamanii fi qaamman bishaana'ooti. Argama naannoo Baha Afrikaa Fakkii 1.1 irraa ilaali.

Naannoon Baha Afrikaa qaama ardichaa irraa gara bahaatti argama. Kaartaa irraa akkuma agartu naannoon Baha Afrikaa biyyoota 10 of keessaa qaba.




**Fakkii 1.1.** Argama Naannoo Baha Afrika

Argama naannoo Baha Afrikaa fakkii 1.1 irraa sirriitti hubattee? Wantoonni kallattii adda addaatiin naannicha daangessan maal fa'a? Naannoon Baha Afrikaa naannoolee qaama ardii Afrikaa ta'an sadii fi qaamman bishaana'oo garaagaraatiin daangeffamee argama. Naannooleen kunniinis naannoo kaaba Afrikaa, naannoo Afrikaa jiddugaleessaa fi naannoo kibba Afrikaati.

Naannoo kaaba Afrikaa keessaa biyyoonni naannoo Baha Afrikaa daangessan Ijipti (Misiraa) fi Liibiyaadha. Naannoo Afrikaa jiddu galeessaatii immoo biyyoonni naannoo Baha Afrikaa daangessan Chaad, Afrikaa jiddu galeessaa fi Koongoodha. Naannoo kibba Afrikaa keessaayis biyyoonni naannoo Baha Afrikaa daangessan Zaambiyaa, Maalaawii fi Moozaambik.

Naannooleen kaabaa, jiddu galeessaa fi kibbaa akka wal duraa duuba isaaniitiin karaa kallattii kaabaatiin, dhihaa fi kibbaatiin naannoo Baha Afrikaa wajjin wal daangessu. Karaa kallattii bahaatiin naannoon kun guutumaan guutuutti qaamman bishaana'oon daangeffama. Qaamman bishaana'oon naannoo Baha Afrikaa daangessan Garba Guddaa Hindii, Galoo Galaana Eedanii fi Galaana Diimaadha. Garbi Guddaan Hindii karaa kallattii kibba bahaatiin naannoo Baha Afrikaa daangessa. Kana malees, naannoon Baha Afrikaa kun karaa kallattii bahaatiin Galoo Galaana Eedaniin daangeffama. Karaa kallattii kaaba bahaatiin immoo Galaana Diimaan daangeffama.

Naannoon Baha Afrikaa baldhina lafaa gara iskuweer kiiloo meetira miliyoona 6.24 (6.24 $km^2$) ta'e qaba. Ummanni naannoo kana keessa jiraatus akka tilmaama bara 2008/2009tti gara miliyoona 268 ta'a. Naannoo kana keessatti baay'inni (heddumminni) ummata lafa iskuweer kiloomeetira tokko irra jiraatuu 43 (43 $km^2$) ta'a. Biyyoonni naannoo Baha Afrikaa keessatti argaman baldhina lafaa fi baay'ina ummataatiin garaagarummaa qabu. Kanas gabatee armaan gadii irraa ilaali.

**Gabatee 1.1: Baldhina lafaa fi baay'ina ummataa biyyoota Baha Afrikaa**

| Lakk | Maqaa Biyyaa | Baldhina lafaa ($km^2$) | Baay'ina Ummataa | Heddummina Ummataa/$km^2$ |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sudaan | 2,505,800 | 39,155,000 | 15.6 |
| 2 | Itoophiyaa | 1,133,400 | 79,221,000 | 69.9 |
| 3 | Taanzaaniyaa | 945,100 | 43,739,000 | 48.6 |
| 4 | Somaaliyaa | 637,700 | 9,133,000 | 14.3 |
| 5 | Keeniyaa | 580,400 | 39,802,000 | 68.6 |
| 6 | Ugaandaa | 241,000 | 32,710,000 | 135.7 |
| 7 | Buruundi | 27,800 | 8,303,000 | 298.7 |
| 8 | Ruwaandaa | 26,300 | 9,998,000 | 380.2 |
| 9 | Ertiraa | 117,600 | 5,073,000 | 43.1 |
| 10 | Jibuutii | 23,200 | 864,000 | 37.2 |
| | **Baha Afrikaa** | **6,238,300** | **267,998,000** | **43.0** |

**Madda: Insaayikilooppidiyaa Wiikipeediyaa 2008**

Gabatee 1.1 irraa akkuma argitu naannoo Baha Afrikaa keessatti biyyi baldhina lafaa guddaa qabu Sudaan. Garuu baay'ina ummataa qabaachuun Itoophiyaa, Taanzaaniyaa fi Keeniyaatti aanee sadarkaa arfaffaa irratti argama. Biyyoonni akka Ruwaandaa, Buruundii fi Ugaandaa akka walduraa duuba isaaniitti heddummina ummataa guddaa qabu. Baldhinni lafa qabanii garuu baay'ee xiqqaadha. Haala gabatee 1.1 kana irratti argiteen naannoo Baha Afrikaa keessatti faca'iinsi ummataa biyyoota hundaa keessatti wal fakkaataa miti. Wantoota faca'iinsa ummataa irratti dhiibbaa fidan xumura boqonnaa kanaa irratti baldhinaan baratta.

## GILGAALA 1.1

### Gaaffii Gaggabaabaa

1. Fakkii 1.1 ilaalii maqaa biyyoota naannoo Baha Afrikaa keessatti argamanii dabtara kee irratti barreessi.
2. Argama Itoophiyaa bir-qabaan ibsi.
3. Naannicha keessatti biyya baldhina lafaa baay'ee guddaa ta'e qabdu himi.
4. Gabatee 1.1 ilaaluun
   (*a*) Maqaa biyyootaa isaan baay'ina ummataa guddaa qaban irraa gara isaan xiqqaa qabaniitti tartiibaan barreessi
   (*b*) Maqaa biyyootaa heddummina ummataa guddaa qabanii isa guddaa irraa gara isa xiqqaatti tartiibaan barreessi.
5. Biyyi baldhina lafaa guddaa qabu heddummina ummataa guddaa qabaa? Deebii kennite irratti hiriyaa kee wajjin mari'achuun sababa isaa tarreessaa.
6. Biyyoota Baha Afrikaa qaama galaanaatiin yookiin Garba Guddaan wal hin daangessine barreessi?
7. Garbi Guddaa Hindii biyyoota Baha Afrikaa isaan kam fa'aan wal daangessa?
8. Biyyoonni naannoo Baha Afrikaa Galaana Diimaa wajjin wal daangessan isaan kami?

## 1.2. UMMATA BAHA AFRIKAA

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana barattee erga xumurtee booda:

- Ibsitootaa fi yeroo qarooma Nuubiyaa kanneen Aksumiin wal bira qabuun ni ibsita.
- Dabareewwan gurguddoo qarooma Baha Afrikaa addaan baafachuun ni himta.

Baha Afrikaa yommuu jennu biyyoota kam fa'a jechuu keenya? Naannoon kun kaaba Sudaan irraa eegalee hanga Kibba Taanzaaniyaatti dheerata. Naannoo kana keessas ummatoota adda addaatu jiraata. Naannoo Baha Afrikaa keessa ummatoota akka Baantuu, Seem, Kushii fi Nilootikiitu jiraata. Naannoon Baha Afrikaa naannoo amantiin Kiristaanaa fi Islaamaa dursee seene keessaa isa tokko. Naannoon kun Galaana Diimaa fi Garba Guddaa Hindiitti dhihoo waan ta'eef, dhiibbaan biyyoota alaan irra gahaa tureera. Dhiibbaa karaa Arabootaatiin naannoo kana irra gaheen aadaa fi afaan ummata Baha Afrikaa fi Arabootaa walmakuu danda'eera. Afaan Kiswaahilii akka fakkeenyaatti fudhatamuu ni danda'a.

Ummanni Baantuu Keeniyaa, Taanzaaniyaa, Ugaandaa, Ruwaandaa fi Burundii keessa jiraata. Ummanni Seemii fi Haam/Kush immoo Ertiraa, Itoophiyaa, Jibuutii, Somaaliyaa, Sudaanii fi Keeniyaa keessa jiraatu. Naayilootikoonni naannoo daangaa Itoophiyaa fi Sudaan keessa akka jiraatan ni beekama.

Ummatoota naannoo Baha Afrikaa jiraachaa turan keessaa qaroominaan sadarkaa olaanaa irra kanneen gahan turaniiru. Isaan keessaa kanneen akka Nuubiyaa, Aksum, Bugaandaa fi Ruwaandaa akka fakkeenyaatti ka'uu ni danda'u. Haa ta'u malee, as keessatti Nuubiyaa fi Aksum qofa fudhannee ilaalla.


### Qarooma Nuubiyaa fi Aksum

#### Nuubiyaa

Nuubiyaan yaa'a laga Naayil hordofee mootummaa Kibba Misir fi Kaaba Sudaanitti kan argamtu ture. Garri caalaan Nuubiyaa biyya Sudaan ammaa keessatti argama. Bara durii mootummaa of danda'ee maqaa kana qabatee jiraachaa tureedha.

Qaroominni Nuubiyaa Dh.K.D bara 5,000 keessa akka ta'e ni dubbatama. Bara giddu galeessa mootummaa isaatti (Dh.K.D 2040-1640) mootummaan Misir gara Nuubiyaatti baballachuu eegale. Kunis daandii daldalaa Kaaba Nuubiyaa harka isaa keessa galfachuudhaaf ture.

Walqunnamtiin Nuubiyaa fi Misir gidduu jiru baayyee cimaa ture. Mootummaan Misir yeroodhaa gara yerootti mootummaa Nuubiyaa harka ofii jala galfachaa deemte. Haa ta'u malee, Nuubiyaan Dh.K.D. bara 750 humna horachuun Misiiriin weerartee to'achuu dandeesseetti. Nuubiyaanonni Misir qabatanis Assiriyaanotaan dhiibamanii Misir keessaa bahuun gara kibbaatti deebi'aniiru. Maqaan Nuubiyaa inni biroon Kush jedhama. Haaluma kanaan Kush gara kallattii kibbaa Naapaataatti siquun, boodas caalmaatti gara kibbaatti siquun Meero'ee hundeessuu danda'aniiru.




**Fakkii 1.2.** Naannoo Nuubiyaa Jedhamaa ture.

## Qaroomaa fi Dabareewwan Aksum


Argama mootummaa Aksum beektaa? Mootummaan Aksum Kibba-Baha Nuubiyaatti argamti turte. Mootummaan Aksum mootummaa yeroo dheeraaf Kaaba Itoophiyaatti beekamtuu turte yoo taatu, hojii daldalaa fi dabareewwaniin baayyee beekamtuudha.

Amantii Kiristiyaanaa fudhachuufis Aksum mootummaa Itoophiyaa ishii jalqabaati. Mootiin Jarraa $4^{ffaa}$ keessa yeroo jalqabaaf amantii Kiristaanaa fudhate Izaanaa jedhama.

Mootichi Aksum inni jalqabaa Zoskaalees kan jedhamu yoo ta'u, Aksumii alatti naannoo Galaana Diimaa buufata lama dabalee bulchaa ture. Buufatoonni doonii lamaan kunniinis naannoo Masawwaatti kan argamu Aduuliisii fi naannoo Asabitti kan argamu Avalites kan jedhamaniidha.

Aksum Galaana Diimaatti dhiyaattee argamuu ishii irraa kan ka'e biyyoota alaa wajjin daldala cimsitee adeemsisaa turte. Meeshaalee kanneen akka warqii, ilkaan fi beeladoota adda addaa biyyoota naannoo Galaana Meediteraaniyaanii fi Eeshiyaatti gurguraa turte. Mootummaan Aksum Hindii fi biyyoota Meediterraniyaa wajjin walqunnamtii daldalaa bal'aa qabaachaa turte. Daldalli galaana irraa cimuun Aksumiif carraa gaarii banee ture. Aduuliis buufata daldalaa biyyoota heddu walqunnamsiisu ta'uun ishii Aksumiif haala mija'aa uumee ture.

Qaroomina Aksum keessatti wantoonni xiyyeeffannoo Addunyaa harkisan waa hedduutu jiru. Isaan keessaa Siidaan Aksum isa tokko.



**Fakkii 1.3.** Siidaa Aksum

Dabareewwan seenaa Aksum keessaa inni tokko siidaa Aksum. Akkaataa siidaan kun itti hojjatame tilmaamuun baayyee nama rakkisa. Sadarkaa qaroominaa yeroo sanaa keessatti hawaasni sun siidaa kana hojjachuun isaa addunyaa ni raajeffachiisa. Kana malees, gamoowwan adda addaa yeroo sana hojjataman ni argamu.



**Fakkii 1.4.** Saantima Bara mootummaa Aksum

Mootummaan Aksum dadhabuu kan dandeesse sababa amantiin Islaamaa Arabiyaa keessaa ka'uun naannoo Galaana Diimaa weerareefi. Weeraramuun naannoo Galaana Diimaa daldalli Aksum akka kufu taasiseera. Aksum sababa dhiibbaa biyya alaatiin naannoo Galaana Diimaa irratti raawwatamee fi fincila biyya keessaa irratti ka'een kufuu dandeesseetti. Haa ta'u malee, dabareewwan seenaa hedduu of duubatti dhiisteetti.

**GILGAALA 1.2**

## Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Biyyoota Baha Afrikaa keessaa Afur barreessi!
2. Ummanni Baantuu biyyoota kam keessatti argamu?
3. Afaan walitti makamuu afaan Baantuu fi Arabaatiin uumame maal jedhama?
4. Nuubiyaan biyya amma maal jedhamee waamamu keessatti argamti ture?
5. Buufatni doonii Aksum inni beekamaan maal jedhama ture?

## 1.3. RAKKOOLEE DABAREEWWAN EEGUU FI KUNUUNSUU MUDATAN

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana barattee erga xumurtee booda:

- Rakkoolee bakkeewwan dabareewwanii muudatan ni tarreessita.
- Tooftaawwan bakkeewwan dabareewwan seenaa ittiin kunuunfaman ni ibsita.

Dinagdee biyya tokkoo keessatti dabareewwan shoora ol'aanaa gumaachu. Turistoonni biyyoota garaagaraa dabareewwan kanneen dawwachuuf yeroo dhufan bifa adda addaatiin galiin biyyattiif akka argamu taasisu. Sharafa biyya alaa argamsiisuu irrattillee turiizimiin hojii guddaa hojjata. Waa'ee sharafa biyya alaa beektaa? Biyyoonni adda addaa qarshii biyya isaanii keessatti itti fayyadaman ni

qabu. Fakkeenyaaf, qarshiin biyya keenyaa birrii yoo jedhamu kan U.S. Ameerikaa immoo Doolaarii jedhama. Kan Mootummoota Awurooppaa Gamtoomanii immoo Yuuroo jedhama. Sharafa biyya alaa jechuun daldala biyyi tokko biyya biraa wajjin gaggeessuun galii aragattu jechuudha. Kanneen sharafni biyya alaa ittiin argamu keessaa tokko galii daawwattoota irraa argamudha. Biyyoota Gaafa Afrikaa keessatti argaman keessaa turiizimiidhaan biyyi baayyee beekamtuun Keeniyaadha. Galiin Keeniyaan turiizimii irraa argattu guddina biyya sanaaf qooda guddaa gumaachaa jira.

Galii karaa dabareewwan daawwachuun argamu guddisuu keessatti dhaloonni biyyaas gahee taphachuu qaba. Biyya keenya keessatti bakka dabareewwan itti argaman daawwachuun hin baratamne. Haa ta'u malee, yeroo ammaa barnoonni karaa sub-qunnamtii adda addaa waan kennamaa jiruuf namoonni hedduun dabareewwan daawwachuu eegalaniiru. Ta'us gahaa miti. Seenaa biyya ofii sirriitti baruuf dabareewwan seenaa biyya ofii keessatti argaman daawwachuun barbaachisaa waan ta'eef kun beekamee itti fufuu qaba.



Bataskana Laallibalaa



Gamoo Faasil



Gamoo Dirree Sheek Huseen



Masaraa Abbaa Jifar

**Fakkii 1.5.** Dabareewwan Seenaa

Dabareewwan galii karaa turiizimii argamsiisaniin cinaatti eenyummaa biyya tokkoo addunyaatti beeksisuufillee ga'ee guddaa qabu. Biyya keenya keessatti dabareewwan kan akka Masaraa Gondor, Siidaa Aksum, Ijaarsa Bataskaanota Laallibalaa, Dallaa Hararii fi Masaraa Abbaa Jifaar ilaaluuf turistoonni dhufaa jiru. Kanaafuu, dabareewwan haallan dhaloonni darban ittiin jiraachaa turan waan nutti agarsiisaniif qorannoo seenaaf ni fayyadu. Miira lammummaa fi jaalala biyyaas ni gabbisu.

Dabareewwan kunniin yoo sirnaan kunuunfamuu baatan manca'uu waan danda'aniif eeggannoo gochuufii barbaachisa. Bakka tokko tokkotti dabareewwan saamamuus waan danda'aniif eegumsi cimaan jiraachuu qaba. Gamoowwan yoo ta'an akka hin jigne osoo bifa isaanii hin jijjiiriin suphuun

ni barbaachisa. Qabeenya uumamaa kannneen akka bosonaa fi bineensotaa akka hin mancaanee fi hin bannetti eeguudha. Dabareewwan aadaa fi amantii ummataa ibsanis osoo hin manca'in bakka jiranitti eeguu fi kunuunsuun barbaachisaadha.

**GILGAALA 1.3**

### Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Faayidaan dabareewwanii maal fa'a?
2. Dabareewwan seenaa Itoophiyaa keessatti argaman tarreessi.
3. Dabareewwan kunuunsuun maal fa'a gochuun muldhifama?

## 1.4. QUBANNAA FI HAALA JIREENYA UMMATA NAANNOO BAHA AFRIKAA

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Baha Afrikaa keessatti naannoolee ummanni heddumminaa fi haphinaan irra jiraatu addaan ni baafatta.
- Sababootaa fi dhiibbaa sochii ummata Itoophiyaa fi naannoo Baha Afrikaa ni ibsita.
- Haallan naannoolee lafa baddaa Itoophiyaa, Keeniyaa fi Taanzaaniyaa irra ummanni akka heddumminaan/baay'inaan qubatu taasisan addaan ni baafatta.
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa naannoo Baha Afrikaa keessatti fide ni hubatta.
- Dhiibbaa babaldhinni magaalaa hawaasaa fi aadaa irratti fide ni tarreessita.

### Faca'iinsa Ummataa


Qaama lafaa mara irra ummanni haala walfakkaataan qubatee hin argamu. Naannoolee tokko tokko irra baay'inaan qubatee argama. Naannoolee tokko tokko irra immoo haphinaan (wal irraa faffagaatee) qubata. Qaamman lafaa ummanni irra jiraachuu hin dandeenyes ni jiru. Haala kanaan qubannaan ummataa qaama lafaa irratti muldhatu faca'iinsa ummataa jedhama.

Faca'iinsi ummataa akka wal hin fakkaanne haallan taasisan hedduutu jiru. Haallan kanneen keessaa isaan gurguddoon haala teessuma lafaa, qilleensa baramaa fi haala gabbina biyyeeti. Naannoo Baha Afrikaa keessatti bakkeewwan ummanni heddumminaa fi haphinaan irra jiraatu haala armaan gadii kanaan addaan bahee dhiyaateera.

### A. Naannoolee Baha Afrikaa Ummanni Heddumminaan Irra Jiraatu

Heddummina ummataa jechuun reeshoo baay'ina ummataa fi baldhina lafaa jidduu jiruudha. Kunis baay'ina ummataa naannoo murtaa'aa yookiin biyya tokko keessa jiraatu baldhina lafa naannoo yookiin biyya sanaaf hiruun argama. Haallan uumamaa fi hawaasummaa qubannaa ummataa irratti dhiibbaa uuman akka armaan gadiitti haa ilaallu.

(1) **Lafa Pilaatoo:** Itoophiyaa keessatti naannoon lafa pilaatoo lafa baddaa jedhamuun beekama. Baha Afrikaa keessatti naannoon lafa pilaatoo kun lafa olka'oo biyyoota akka Buruundii, Ruwaandaa, Ugaandaa, Taanzaaniyaa, Keeniyaa, Itoophiyaa fi Ertiraa of keessatti qabata. Faca'iinsi ummataa naannoo Baha Afrikaa keessatti waan fakkaatu fakkii 1.6 irraa ilaali.




**Fakkii 1.6.** Faca'iinsa Ummataa Naannoo Baha Afrikaa

Naannoon lafa pilaatoo Baha Afrikaa kun haallan uumamaa qubannaa ummataaf mijaa'aa ta'an qaba. Haallan uumamaa keessaa teessuma lafaa, qilleensa baramaa fi gosa biyyee fudhachuun ilaaluun ni danda'ama.

- *Teessuma lafaa*: Pilaatoon lafa olka'aa irri isaa diriiraa fi baldhaa ta'eedha. Lafa bu'aa bahii sochii fi qubannaa ummataa irratti dhiibbaa guddaa fidu baldhinaan hin qabu. Haa ta'u malee, lafti pilaatoo naannoo Baha Afrikaa sulullan laggeen gurguddoo gad fageenya guddaa qabaniin addaan ciccitee jira. Fakkeenyaaf, Itoophiyaa keessatti lafti pilaatoo sulullan laggeen akka lagaTakkazee, Abbayyaa, Gibee fi laggeen itti yaatuu isaaniitiin addaan ciccitee walitti dhufeenya ummata sulula gamaa gamana jiru irratti rakkoo uumee jira.
- *Qilleensa baramaa*: Naannoon lafa pilaatoo Baha Afrikaa hamma roobaa fi tempireecharaa jireenya namaa fi hojii qonnaa gaggeessuuf mijaa'aa ta'e qaba. Gosti qonnaa naannoo kana keessatti baldhinaan gaggeeffamu qonna wal makaadha. Qonna walmakaa jechuun horsiisa beeyiladaa fi lafa qotuun oomisha midhaan gosa adda addaa wal cinaatti qonnaan bulaa tokkoon gaggeeffamu jechuudha. Naannoo lafa pilaatoo Baha Afrikaa keessatti roobni lafa baldhaa uwwisee kan roobu waqtii gannaa ji'a Waxabajjii irraa hanga ji'a Fulbaanaatti.
- *Gosa biyyee*: Lafa pilaatoo irratti biyyeen argamu gabbataadha. Lafa ciisaa irratti waan argamuuf wanta harama biyyeef sababa guddaa ta'uuf haala salphaan hin saaxilamu. Kun naannoo lafa pilaatoo irratti biyyeen gabbina isaa qabatee baroota baay'eef akka turu taasisa. Biyyeen gabbina qabuu fi haalli qilleensaa mijaa'aa ta'e jiraachuun namoonni hojii qonnaa

irratti baldhinaan hirmaachuun jireenya isaanii haala salphaan akka gaggeessan taasiseera. Kana irraa kan ka'een naannoo lafa pilaatoo Baha Afrikaa irra ummanni heddumminaan qubatee argama. Magaalonni gurguddoon biyyoota akka Buruundii, Ruwaandaa, Ugaandaa, Keeniyaa, Itoophiyaa fi Ertiraa lafuma pilaatoo kana irratti hundeeffamanii argamu.

(2) **Naannoolee Baha Afrikaa Handhuura Daldalaa, Industirii fi Turiizimii Ta'an:** Naannoo Baha Afrikaa keessa magaalonni sochii daldalaa irratti bu'uuranii hundeeffamuun saffisaan guddatan baay'eetu jiru. Isaan keessaa magaalota akka Poorti Suudaan, Jibuutii, Moqaadishuu, Mombaasaa fi Darreesalaam akka fakkeenyyatti fudhachuun ni danda'ama. Magaalonni kunniin qarqara galaanaa fi garba guddaa bakkeewwan hoo'i qilleensaa (tempireecharri) baay'ee olaanaa ta'e keessatti hundeeffamani. Garuu, magaalota buufata doonii qarqara galaana guddaa meeshaaleen biyya keessaa gara alaatti ergamanii fi alaa dhufanii gara biyya keessaatti galan itti bu'anii fi fe'aman waan ta'aniif ummanni hojii argachuuf jecha keessa qubata. Haala kanaan qubannaan ummataa saffisaa ta'uun guddachuu magaalota kanneeniif sababa ta'eera. Magaalota kanneen keessaa Moqaadishuun magaalaa guddittii biyya Somaaliyaa, Jibuutiin magaalaa guddittii biyya Jibuutii ta'uun tajaajilaa jiru.

## B. Naannoolee Baha Afrikaa Ummanni Haphinaan Irra jiraatu

Naannoon kun lafa baddaa diilallaa'aa gubbaa gaarreen gurguddoo fi lafa dakee of kaassatti qabata.

(1) **Naannoolee Gaarreen Gurguddoo:** Gaarreen Baha Afrikaa akka gaara Kiiliimaanjaaroo, gaara Keeniyaa, gaara Raas Daashanii fi isaan biroo olka'iinsa guddaa qabu. Gaarreen kanneen irra ummanni baay'inaan qubatee hin argamu. Gubbaa gaarreen kanneenii baay'ee diilallaa'aadha. Fakkeenyaaf, gubbaan gaara Kiiliimaanjaroo irratti cabbiin kuufamaatu argama. Haalli teessuma lafa isaaniis bu'aa bahii guddaa qubannaa ummataaf mijaa'aa hin taaneedha. Haalli biyyee isaas oomisha qonnaaf kan ta'uu miti.

(2) **Naannoo Lafa Dakee:** Naannoon Baha Afrikaa lafa dakee baay'ee baldhaa ta'e qaba. Irra caalaan biyya Sudaan, biyyi Somaaliyaa fi Jibuutii, naannoon kibba Baha Itoophiyaa fi Ertiraa, kaabni Baha Keeniyaa lafa dakee kana keessatti hammatamanii argamu. Qarqarri Garba Guddaa Hindii, Galoo Galaana Eedanii fi Galaana Diimaa Taanzaaniyaa irraa eegalee Keeniyaa, Somaaliyaa, Jibuutii fi Ertiraa irraan qaxxaamuree hanga kaaba biyya Sudaanitti fulla'u lafa dakee kana keessatti hammatama.

Naannoon lafa dakee Baha Afrikaa rooba gahaa hin argatu. Tempireecharri isaas olaanaadha. Biyyeen cirracha waan ta'eef gabbina hin qabu. Bakkeewwan jiidhinsi jirutti ilbiisonni namaa fi beeyiladoota miidhan saffisaan wal horu. Haallan kunniin ummanni bakka murtaa'aa ta'e tokko irra dhaabbiin qubatee hojii qotiisaa gaggeessuun jiraachuu irratti dhiibbaa guddaa uumaniiru. Ummanni naannoo kana keessa haphinaan (wal irraa faffagaatee) qubatee argama. Haalli jireenya isaanii horii horsiifachuu irratti hundaa'a. Margaa fi bishaan horiif ta'uus bakka tokkotti argachuu hin danda'u. Haala qilleensaa hordofuun bakkeewwan jiidhinsi jirutti socho'a. Naannoo lafa dakee Baha Afrikaa keessatti haallan jireenya ummataa irratti dhiibbaa uuman kunniin akka ummaanni baay'inaan irra qubatee hin jiraanne taasiseera.

**GILGAALA 1.4A**

### Gaaffii Gaggabaabaa

1. Wantoota sadii naannoolee gaarreen gurguddoo keessatti jireenya namaa irratti dhiibbaa uuman barreessi.
2. Wantoonni afur naannoo lafa dakee keessatti ummanni akka dhaabbiin bakka tokko qubatee hin jiraanne taasisan maal fa'a.
3. Haallan mijaa'oo naannoo lafa baddaa (pilaatoo) kessatti jireenya ummataaf mijaa'oo ta'an barreessi.
4. Jechoota armaan gaditti tarreeffamaniif hiikkaa sirrii ta'e kenni.
   (*a*) Pilaatoo
   (*b*) Heddummina ummataa
   (*c*) Qonna walmakaa.

## Sochiiwwan Ummataa

Qabxiiwwan marii garee

1. Sababoota ummanni bakka jiraachaa ture irraa gara biraatti akka socho'u taasisan tarreessaa.
2. Rakkoolee karoora malee bakka jireenyaa irraa gara biraatti socho'uu ummataatiin dhufuu danda'anis irratti mari'achuun tarreessaa.
3. Ummanni bakka jiraatu irraa karooraan ala buqqa'ee akka hin deemne gochuuf maaltu raawwatamuu qaba jettu?
4. Gabaasa marii garee keessanii qindeessuun dareef dhiyeessaatii kan gareewwan biroo dhiyeessan wajjin wal bira qabuun irratti mari'adhaa.

Haallan sochii ummataaf sababa ta'an baay'eedha. Isaanis, sochii ummataa bara durii fi ammayyaa jechuun bakka lamatti addaan qoodanii ilaaluun barbachisaadha.

## Sochii ummataa Bara Durii

Sochiilee ummataa bara durii naannoo Baha Afrikaatti taasifaman keessaa sochiileen ummata Oromoo fi Kiikkuyyuu mata duree kana jalatti akka fakkeenyaatti dhiyaataniiru.

**Baballina Ummata Oromoo:** Hortee ummatoota Itoophiyaa keessaa inni tokko hortee ummata Kushi. Ummanni Kush naannoo Kaabaa fi Baha Afrikaa keessa baldhinaan faca'ee waggoota 8000 duraa eegalee kan jiraachaa ture ta'uu isaa ragaaleen seenaa ni muldhisu. Waggoota 4000 dura wayita ummanni biroo gara Afrikaatti dhufan ummanni Kush gara kaaba, jiddugaleessaa fi dhiha Itoophiyaatti dhiibamanii jiraachuu eegaluu isaanii ragaaleen seenaa ni muldhisu. Ummanni Oromoo hortee ummata Kush keessaa isa tokkoodha. Ummanni Oromoo aadaa fi afaan ofii hanga gabbifachaa fi dagaagfachaa dhufu, ummatoota Kush isaan biroo irraa adda bahaa dhufe. Ummanni Oromoo naannoo Itoophiyaa ammaa dabalatee, naannoo Gaafa Afrikaa keessa lafa biyyee gabbataa qabu irra jiraataa ture. Haalli jireenya isaas horii horsiisuu irratti hundaa'a ture. Kanaafuu, naannoon qubannaa isaa marga gaarii fi bishaan kan qabuudha.

Naannoo Jaarraa 13$^{ffaa}$ keessa ummanni Oromoo babaldhinaan gara kibbaatti gad socho'e. Ummanni Oromoo gara kibbaatti socho'e lafa duraan irra turetti deebi'ee jiraachuuf Dh.K.B Jaarraa gara 16$^{ffaa}$keessa baballina eegale. Ummanni Oromooo gara kaabaatti baballachuu eegale kun kibba Tigraayi, Kisba-Baha Gondarii fi kutaa Goojjam qabatee irra qubachuun jiraachuu eegale. Gara kibbaa fi kibba bahaattis

sochiin ummata Oromoo kun gaggeeffameera. Biyyoota akka Somaaliyaa fi Keeniyaa keessas qubachuu danda'aniiru.

### Sababootaa Fi Dhiibbaa Babal'ina Ummata Oromoo

**(a) Sababa:**

- Walitti bu'iinsa mootummoota Kiristaanaa naannoo lafa baddaa kaabaa fi ummata Oromoo jidduutti taasifame.
- Bakka margi gaariinii fi bishaan jiru argachuuf.

**(b) Dhiibbaa babal'ina ummata Oromoon dhufe:**

- Ummanni Oromoo naannoo haaraa qabatee irra jiraachuu danda'eera.
- Ummanni Oromoo bakka qubate hundatti ummata biroo aadaa fi afaan isaa akka baratan taasisuun walitti makamiinsa fideera.
- Mootummoota kiristaanaa kaabaa tasgabbii dhabsiisuun akka dadhabu taasiseera.
- Irra caalaan Ummata Oromoo naannoo lafa baddaa irra qubate dhaabbiin bakka tokko irra jiraachuun isaa jireenyii isaa akka hojii qotiisaa irratti huundaa'u taasiseera.
- Bakkeewwan qubatanitti baay'een isaanii amantii ummata ollaa isaanii fudhachuun amantii islaamaa yookiin kiristaanaa hordofuu danda'aniiru.

**Sochiilee Ummata Kiikkuyyuu:** Ummanni Kiikkuyyuu biyya Keeniyaa keessa baldhinaan jiraata. Akka ragaan seenaa ibsutti ummanni Kiikkuyyuu naannoo Afrikaa dhihaa irraa socho'uun Afrikaa jiddugaleessaa qaxxaamuruun naannoo Baha Afrikaa gara Taanzaaniyaatti dhufan jedhama. Naannoo Taanzaaniyaa irraa gaara Kiiliimaanjaroo naanna'uun naannoo gaara Keeniyaa irra qubatan jedhama. Naannoon gaara Keeniyaa lafa baddaa qilleensa mijaa'aa fi biyyee gabbataa qabuudha. Naannoo kana irra ummanni Kiikkuyyuu qotiisaa fi horii horsiifachuun jiraachuu eegale. Ummanni Kiikkuyyuu gara lafa diriiraa kibba Keeniyaattis sochii isaa itti fufee naannoo ummanni Maasaayi (Masai) jiraatutti dhufe. Ummatoonni Kiikkuyyuu fi Maasaayi nagayaan wal cinaa jiraachaa turan. Garuu, waldorgommii lafa margaa qabachuuf jidduu isaaniitti darbee darbee uumamuun walitti bu'iinsi ni uumama ture. Sababa kanaanis horii wal jalaa ooffachuun (walsaamuun) darbee darbee tureera.

Koloneeffattoonni Ingilizii wayita gara Keeniyaatti dhufan lafa biyyee gabbataa ummanni Kiikkuyyuu irra ture qabatan. Ummanni Kiikkuyyuu lafa qotatee jiraatu irraa akka buqqa'u waan taasifameef koloneeffattoota Ingilizii irrattii fincila gaggeessuu eegale. Dhaabbata siyaasaa Maa'uu Maa'uu (Mau Mau) hundeeffachuun fincila isaa itti fufuun koloneeffattoota Ingilizii waraanuu eegale. Ummanni Kiikkuyyuu qabsoo isaa cimsee itti fufuun koloneeffattoota dirqisiisee baasuun Keeniyaan akka bilisummaa argattu taasiseera. Pireezidaantoonni Keeniyaa inni calqabaa Joomoo Keeniyaattaa fi sadaffaan Miwaayi Kibaakii, akkasumas dubartiin yeroo calqabaaf Afrikaa keessatti badhaasa Noobeelii argatte, Waangaarii Maataayi dhalattoota ummata Kiikkuyyuuti.

Yeroo ammaa ummanni Kiikkuyyuu baay'een gara magaalota kutaalee biyya Keeniyaa garaa garaa keessatti argamanitti socho'ee hojii daldalaatiin jiraachaa jira. Naannoo lafa baddaa duraan qubatan irrattis hafanii jireenya isaanii hojii qotiisaan kan gaggeessan ni jiru. Walumaa galatti, ummanni Kiikkuyyuu naannoo qilleensa mijaa'aa fi biyyee gabbataa argatee Keeniyaa keessa kan qubateedha. Ummanni kun haala siyaasaa fi dinagdee Keeniyaa keessatti jijjiirama guddaa kan fideedha.

### Sochii Ummataa Bara Ammayyaa

Sochiin ummataa bara ammaallee kan dhaabate miti. Dhiibbaa uumamaa fi hawaasumman bakkaa bakkatti socho'aa jira. Dhiibbaa uumamaa keessaa inni guddaan haala qilleensa baramaati. Naannoon lafa dakee Baha Afrikaa keessattuu biyya Somaaliyaa, Jibuutii, Sudaanii fi lafa dakee Itoophiyaa fi Ertiraa keessatti hongeen yeroo baay'ee daddeebi'ee miidha. Hongee jechuun sababa hanqina roobaatiin horiin bishaanii fi marga dhabee dhumuu, namni bishaanii fi waan nyaatu dhabee beela'uu jechuudha. Wayita rakkinni akkanaa muldhatu ummanni naannoo gogiinsi (caamni) itti cime irraa gara naannoo roobni jirutti yookiin magaalaatti bishaanii fi nyaata argachuuf socho'a.

Haallan hawaasummaa keessaa kan ummanni akka bakka jireenya isaa dhisee baqatu taasisu waraana. Inni biroo saffisaan baay'achuu ummataa, irraa kan ka'e, keessattuu naannoo lafa baddaatti lafti qotatu waan itti dhiphatuuf hojii argachuuf gara biraatti socho'a.

**GILGAALA 1.4B**

**Gaaffiilee Gaggabaabaa**

1. Baballina Ummata Oromoo fi Kiikkuyyuu maaltu walfakkeessa?
2. Baballina Ummata Oromoo jaarraa 16$^{ffaa}$ keessa taasifameen jijjiiramoota Itoophiyaa keessatti muldhatan tarreessi.
3. Sochiin siyaasaa ummanni Kiikkuyyuu taasisee fi argamsise maal?
4. Naannoo lafa dakee Baha Afrikaatti wanti yeroo baay'ee ummanni akka bakka jireenya isaa irraa buqqa'ee socho'u taasisu maal?
5. Sababni ummanni naannoo lafa baddaa irraa akka socho'u taasisu maal?

### Dhiibbaa saffisaan Dabalu Lakkoofsa Ummataa

Lakkoofsi ummataa saffisaan dabale kan jidhamu yoo namoonni haaraan baay'inaan isa jiru irratti yeroo gabaabaa keessatti dabalamaniidha. Lakkoofsi ummataa biyya yookiin naannoo tokko keessatti karaa lamaan dabaluu danda'a. Isaanis namoota bakka yookiin biyyoota biraatii dhufanii fi daa'imman haaraa dhalatanii isa duraan turetti makamaniidha.

Namoonni yeroo baay'ee naannoo yookiin biyya hanqinni nyaataa, waraannii fi hojii dhabdummaan jiru keessaa baqatanii bahu. Biyya carraan hojii argachuu jiruu fi haalli siyaasaa tasgabbaa'aa ta'ee ummanni nagayaan jiraatutti baqattoonni baay'inaan galu. Adeemsi kun lakkoofsa ummata biyya irraa baqatanii ni xiqqeessa. Lakkoofsa ummataa biyya itti baqatanii immoo ni dabala.

Hammi dhalataa (birth rate) daballii lakkoofsa ummataaf isa bu'uuraati. Hammi dhalataa baay'ina (hariiroo) daa'imman waggaa tokkoo gadii namoota 1000 jidduutti argaman shallaguun safarama. Biyya hammi dalataa guddaa ta'ee fi hammi du'aa xiqqaa ta'e keessatti saffisni daballii ummataa guddaadha.

Saffisni daballii ummataa biyyoota guddina dinagdeetiin duubatti hafoo ta'an keessatti baay'ee guddaadha. Biyyoonni Baha Afrikaas naannoo addunyaa guddina dinagdeetiin baay'ee duubatti hafan keessaa isaan tokkoodha. Haala kanaan naannoo Afrikaa Bahaa keessatti saffisni daballii ummataa olaanaadha. Saffisaan daballii lakkoofsa ummataaf sababa guddaa kan ta'u hamma du'aa to'atanii gad xiqqeessuun Saffisa Dhalataa osoo hin to'atiin hafuudha. Hamma daballii ummata biyyoota Bahaa Afrikaa gabatee 1.2 irraa ilaali.

**Gabatee 1.2: Saffisa daballii ummata biyyoota Baha Afrikaa**

| Maqaa Biyyaa | Hamma daballii ummataa (%) n | Yeroo (waggoota) dachaan dabaluuf itti fudhatu |
|---|---|---|
| Itoophiyaa | 2.51 | 28.0 |
| Taanzaaniyaa | 2.47 | 28.4 |
| Keeniyaa | 2.65 | 26.5 |
| Sudaan | 2.22 | 31.6 |
| Ugaandaa | 3.24 | 21.7 |
| Ruwaandaa | 2.76 | 25.5 |
| Somaaliyaa | 2.92 | 24.1 |
| Buruundii | 3.90 | 18.1 |
| Ertiraa | 3.24 | 21.7 |
| Jibuutii | 1.90 | 36.8 |

**Madda: Insaayikilooppidiyaa Wiikipeediyaa 2008**

Gabatee 1.2 irraa akkuma argitutti biyyoota akka Buruundii, Ugaandaa fi Ertiraa hammi saffisan daballiin guddaa ta'e keessatti yeroon ummanni dachaan dabaluuf itti fudhatu gabaabaadha. Biyyoota dinagdeen guddatan kanneen akka biyyoota ardii Awurooppaa fi ardii Ameerikaa kaabaa keessatti hammi saffisa daballii ummataa 1% gadi. Ummanni biyyoota kanneenii dachaan dabaluuf yoo xiqqaate waggoota 70 itti fudhata. Biyyoota akka Jarmanii, Xaaliyaa fi Ruusiyaa keessatti hammi dhalataa sadarkaa olaanaan to'atama. Baay'inni namoota dulloomanii du'anii baay'ina daa'imman haaraa dhalatanii ummatatti dabalamanii ni caala. Biyyoota haala kanaan hammi daballii ummata isaanii gad bu'aa (negative) ta'e keessatti lakkoofsi ummataa xiqqaachaati deema.

Garuu, biyyoota Baha Afrikaa kanneen akka Buruundii, Ugaandaa fi Ruwaandaa keessatti hammi daballii ummataa baay'ee olaanaadha. Biyyoonni kunniin sadanuu heddumminni lakkoofsa ummata isaanii baay'ee olaanaadha. Kana irratti lakkoofsi ummataa bara baraan baay'inaan dabaluun haala jireenya ummataa irratti dhiibbaa guddaa uuma.

Walumaagalatti, haalli daballii lakkoofsa ummataa biyyoota Baha Afrikaa keessatti naannoo addunyaa kamiyyuu caalaa olaanaa ta'ee muldhata. Saffisaan baay'achuun ummataa guddina dinagdee irratti hin bu'uureffamne dhiibbaa hedduu qaba. Isaan keessaa gurguddoon:

- Lafti qotiisaa qoqqoodamaa deemuun baay'ee cicciramee xiqqaachuun sadarkaa ummataaf faayidaa kennuu dadhabuu irra gaha.
- Lafa boqonnaa malee qotuun, lafa qotiisaa dabalataan argachuuf jecha bosona ciranii mancaasuun, lafa qotiisaaf mijaa'aa hin taane qotuun biyyeen qullaatti hafee akka dhiqamee badu taasisa.
- Ciramee baduun bosonaa fi dhiqamni biyyee jijjiirama qilleensa baramaa fiduun babaldhina hongeef sababa ta'a

- Ummanni baadiyyaa baay'een lafa qotiisaa dhabuun gara magaalaa fi naannoolee birootti akka socho'u taasisa. Ummanni baadiyyaa gara magaalatti socho'u dargaggeeyyii waan ta'aniif humni oomishaa baadiyyaa keessatti akka gad bu'u taasisa. Magaalaa keessatti immoo hojii fi mana jireenyaa dhabuun karaa irra jiraachuuf dirqamu.
- Magaalotattis ta'ee baadiyyaa keessatti argannaa tajaajiloota hawaasummaa kanneen akka bishaan qulqulluu, barnootaa, mana jireenyaa, eegumsa fayyaa fi geejjibaa fa'aa irratti dhiibbaa guddaa uumu.

Rakkooleen saffisaan baay'achuu ummataan dhufan isaan armaan olitti tarreeffaman qofa miti. Kanneen biroos baay'eetu jiru. Rakkooleen kunniin biyyoota Afrikaa bahaa hunda keessatti baldhinaan muldhatu. Biyyoota dinagdee fi teekinooloojiin guddatan keessatti garuu lakkoofsi ummataa dabalamu akka humna misoomaa dabalachuutti fudhatama malee akka rakkootti hin ilaalamu.

## GOCHA 1.1

**Saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa:**

- Sadarkaa maatii fi ollaa irratti
- Sadarkaa naannoo fi biyyaatti faayidaa fi rakkoo qabu irratti gareen mari'achuun dareef gabaasaa

## Dhiibbaa Babaldhinni Magaalaa Jireenya Hawaasaa fi Aadaa Irratti Qabu

Naannoo Baha Afrikaa keessa Magaalota baay'eetu jira. Magaalaa jechuun bakka ummanni heddummina/rukkina baay'ee guddaa ta'een keessa jiraatuudha. Ummanni magaalaa baay'een hojiiwwan daldalaa irratti hirmaachuun jiraata. Naannoo Baha Afrikaa keessatti hojiin daldalaa hundeeffama magaalota baay'eef sababa ta'eera. Fakkeenyaaf, Itoophiyaa keessatti magaalota karaa daldalaa hordofanii hundeeffamuun saffisaan guddachaa dhufan keessaa Dirree Dhawaa, Adaamaa fi Shaashamannee maqaa dhahuun ni danda'ama.

Magaalota keessatti daldalaan alatti carraan hojii baay'eetu uumamaa deema. Kunis babaldhina hojiiwwan tajaajilota hawaasummaa fi industirii wajjin walqabata. Carraan hojii, haalli jireenyaa fooyya'anii fi tajaajiloonni hawaasummaa magaalota keessatti argamuun ummanni baadiyyaa irraa gara magaalotaatti baay'inaan akka socho'u taasisa. Sochiin guddaan baadiyyaa irraa gara magaalaatti taasifamu kun saffisa guddaan babaldhachuu magaalaa kaaroora irratti hin hundoofne fida. Dhiibbaa (rakkoolee) saffisaan babaldhachuun magaalotaa karoora irratti hin hundoofnee qabu baay'eedha. Rakkoolee kanneen magaalota Finfinnee fi Naayiroobii akka fakkeenyaatti fudhachuun xiinxaluun yaalameera.

(*a*) **Finfinnee:** Magaalaa guddittii Itoophiyaati. Biyyattii keessatti handhuura daldalaa, industirii fi aadaa ta'uun tajaajilaa jirti. Finfinneen teessoo mootummaa Itoophiyaati. Waajjiraaleen olaanoon akka Gamtaa Afrikaa (AU) fi Komishiniin Waldaa Dinagdee Addunyaa Dameen Afrikaa (EGA) Finfinnee keessatti argamu. Finfinneen daandii baaburaa Jibuutii wajjin walqunnamsiisu qabdi. Buufata xiyyaaraa humna yeroo gabaabaan biyyoota addunyaa wajjin walqunnamuu danda'u qabdi. Tajaajiloonni akka barnoota (sad. 1$^{ffaa}$ hanga Yuunivarsiitii), eegumsa fayyaa, ibsaa elektirikii, bilbilaa, bishaan qulqulluu, geejjibaa fi bakkeewwan bashannanaa qabdi. Biyya keessaa ummanni baadiyyaa fi magaalota biroo keessa jiraatan carraa hojii fi tajaajiloota tarreeffaman kanneen argachuuf kallattii hundaan gara Finfinneetti galu. Ummanni biyyoota alaas walitti

dhufeenya jiru cimsuuf dhaabbiin Itoophiyaa keessatti hojjachuuf, yaa'ii irratti hirmaachuuf, daldalaaf, daaww'annaa fa'aaf yeroo yeroon gara Finfinneetti dhufan sadarkaa olaanaan dabalaa deemaa jira.

Magaalli Finfinnee ummata lakkoofsa guddaan, keessattuu kan biyya keessaa guyyaa guyyaan itti seenaa jiru kana simachuuf garmalee lafa irra diriirtee baldhachaa jirti. Lakkoofsi namoota gara Finfinneetti galanii garmalee baay'achuunii fi magaalich saffisaan dalga babaldhachuun:

- Hanqinni mana jireenyaa baldhinaan akka uumamu taasiseera. Ijaarsi seeraan alaa akka gaggeeffamu taasiseera. Babaldhina magaalaa kanaan qonnaan bultoota baay'ee naannoo magaalichaatti argaman akka bakka jireenya isaanii irraa buqqaan taasiseera.
- Hojii dhabdummaanii fi karaa irra jiraachuun akka babaldhatu sababa ta'eera.
- Hanqinni tajaajiloota hawaasummaa kanneen akka bishaan qulqulluu, ibsaa elektirikaa, manneen eegumsa fayyaa yaala namaa fi tajaajilli geejjibaa akka uumamu sababa ta'eera.

Magaalli Finfinnee bakka jireenya ummatoota Itoophiyaa kallattii adda addaa irraa dhufanii fi lammiiwwan biyyoota alaati. Walitti makamanii jiraachuun ummatoota garaa garaa wal makiinsa aadaa fida. Walmakiinsi aadaa kun aadaa nyaataa, uffannaa, nagaa walgaafannaa, sirbaa, amantii fi walitti dhufeenyaa fa'aa irratti muldhata.

(*b*) **Naayiroobii:** Magaalaa guddittii biyya Keeniyaati. Gara kallattii kibba-baha biyyattii lafa diriiraa karaa kaaba dhihaatiin labbaa gaarreeniitti dhiyaatee argamu irratti hundeeffamte. Naayiroobiin naannoo Baha Afrikaa keessatti akkuma Finfinnee magaalaa saffisa baay'ee olaanaa ta'een babaldhachaa jirtuudha. Magaalicha keessatti haalli qubannaa ummataa qoqqooddaa koloneeffattoonni Ingilizii sanyii fi galii irratti hundaa'anii baroota 1963 dura taasisan yeroo ammaas calanqqisaa jira. Baay'inni ummataa bara 1963 wayita Keeniyaan bilisummaa ishii argattu Naayiroobii keessa ture gara 266,794tti tilmaama. Ummata kana keessaa 40% kan ta'u lammiiwwan biyyoota Awurooppaa fi Eeshiyaa turan.

Bilisummaan booda wayita Naayiroobiin teessoo mootummaa Keeniyaa taatu, ummanni lammii Keeniyaa baay'inaan gara magaalichaatti galuun jiraachuu eegalan. Ummata lammii Keeniyaa baadiyyaa irraa gara Naayiroobiitti galanii jiraachuu eegalan harka sadii keessaa harki tokko ummata Kiikkuyyuuti. Itti aansuunis akka walduraa duuba isaaniitti sabni Lu'o, Luhiyaa fi Kaambaa baay'inaan wal caalan gara Naayiroobiitti galanii jiraachuu eegalan. Ummanni Maasaayi osoo Naayiroobiin hin hundeeffamiin laficha irra jiraachaa turan bakkicha akka gad lakkisanii bahan ta'eera. Kaanneen akka jiraataatti magaalicha keessatti hafan 1% hin caalan.

Haala kanaan ummanni magaalaa Naayiroobii bara 2007 gara miliyoona 2.7tti olguddatee ture. Kunis dhiibbaan magaalaa Naayiroobii keessatti uumame guddaadha. Isaan keessaa ciccimoon:

- Babaldhina magaalaa lafa industirii, daldalaa fi mana jireenyaa dabalataan argachuuf jiraattonni duraanii kan akka ummata Maasaayi bakka jireenya isaanii irraa akka buqqa'an taasiseera. Bakkeewwan ijaarsa Paarkiif hafanis ijaarsa adda addaatiin akka liqiffaman ta'eera.
- Hinqinnii fi addaan ciccituun ibsaa elektirikaa fi bishaan qulqulluu akka uumamu ta'eera.
- Qulqullinnii fi baldhinni daandiiwwan magaalaa keessaa gadaanaa ta'uu irraa kan ka'e karaan yeroo baay'ee cufamuun ummanni tajaajila geejjibaa gahaa argachuu dhabuu.
- Yakki akka nama dhuunfaa saamuu, mana cabsanii galuun saamuu fi makiinaa fa'aa hatuun babaldhachaa dhuufuu.
- Dhibeewwan akka Eedsii babaldhachuun hospitaalota dhiphisuun baldhinaan muldhata.

## Garaagarummaa Bakka Qubannaa fi Haala Jireenyaa

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Sababoota garaagarummaa bakka qubannaa fi haala jireenya ummataa ni ibsita.
- Miidhaa tasgabbaa'ina dhabuun siyaasaa fi waraanni ummata irraan gahu ni ibsita.

Haalli qubannaa ummataa naannoolee garaa garaa keessatti walfakkaataa ta'uu dhabuu isaa armaan olitti dhiyaateera. Wantoonni qubannaa ummataa irratti dhiibaa uuman haala waliigalaan yoo ilaalaman:

1. Haallan uumamaa fi leecalloo fi
2. Haala siyaasaati.

### 1. Haallan Uumamaa fi Leecalloo

Ummanni naannoo haallan uumamaa jireenyaaf mijaa'aa ta'an keessa heddumminaan qubatee jiraata. Haallan uumamaa qubannaa ummataaf mijaa'oo ta'an teessuma lafaa, qilleensa baramaa fi gabbina biyyee ta'uu isaanii barannoo armaan duraa keessatti hubatteerta. Kana malees, haalli sochii dinagdee kanniin akka daldalaa, babaldhina industirii, walqunnamtii geejjibaa fi bakkeewwan albuunni baafamu qubannaa ummataaf haala mijaa'oo uumu. Haallan kanneen naannoo lafa baddaa Itoophiyaa fi lafa dakee kibba baha Keeniyaa armaan gaditti akka fakkeeynaatti dhiyaatan waliin madaaluun hubachuu yaali.

**(*a*) Naannoo Lafa Baddaa Itoophiyaa**

Jiddugala Itoophiyaa naannoo Tigraayi irraa eegalee hanga kibbaatti diriiree argama. Olka'iinsi lafa isaa 1,500 m irraa hanga 3,500 m kan ta'eedha. Tempireecharri jiddugaleessa waggaa 15°c hanga 20°c ta'a. Naannoon kun rooba waggaa jiddu galeessaan 1,400 mm irraa hanga 2,200 mm ta'e argata. Hammi roobaa kun kibba-dhiha biyyattii irraa gara kaabaatti, bahaa fi kibba bahaatti baay'inaa fi dheerina yeroo roobuutiin xiqqaachaa deema. Lafti baddaa Itoophiyaa kun rooba waqtii gannaa ji'a Waxabajjii irraa hanga Fulbaanaatti roobu argata. Garri labbaa bahaa lafa olka'oo kanneenii rooba yeroo gaggabaabaa waqtii birraa fi arfaasaa keessa roobus ni argata.

Naannoon lafa baddaa Itoophiyaa biyyee gabbataa qaba. Biyyeen gabbataan, hammi roobaa fi tempireecharaa mijaa'aa ta'uun naannoo lafa baddaa Itoophiyaa keessatti oomisha midhaan gosa adda addaa argamsiisa. Ummanni haala mijaa'aa jiru kanatti fayyadamee hojii qotiisaa gaggeessuun jiraatu baay'inaan irra qubatee argama.

Ummanni naannoo lafa baddaa Itoophiyaa keessa jiraatu hojii qotiisaa cinaatti beeyiladoota akka loonii fi hoolaa baay'inaan horsiisa. Fardaa fi harrees geejjibaaf itti fayyadamuuf jecha ni horsiisa. Magaalonni gurguddoon Itoophiyaa keessatti argaman baay'een isaanii lafa olka'oo irratti kan hundeeffamaniidha. Magaalli Finfinnee magaalota Itoophiyaa lafa baddaa keessatti hundeeffaman keessaa ishii tokkoodha.

Karaan makiinaa kutaalee Itoophiyaa garaa garaa wal qunnamsiisuu fi daandiin xiyyaaraa gara biyyoota garaagaraatti balali'uuf tajaajilu magaalaa Finfinnee keessaa ka'a. Daandiin baaburaa Jibuutii wajjin walqunnamsiisus magaalaa Finfinee keessaa ka'a. Haala kana irraa kan ka'e Finfinneen handhuura daldala biyyattii ta'uun ishii ni hubatama. Itoophiyaa keessa magaalonni daldala daandii baaburaa fi karaalee makiinaa hordofee gaggeeffamu bu'uureffatanii hundeeffamuun saffisaan guddatan baay'eetu jiru. Adaamaa, Dirree Daawaa fi Shaashamanee akka fakkeenyaatti fudhachuun ni danda'ama. Industiriiwwan biyyattii keessatti hundeeffaman baay'inaan kan argaman magaalaa Finfinee keessaa fi naannoo ishiitti. Finfinneen alatti Itoophiyaa keessatti industiriin babaldhatee kan argamu akka walduraa duuba isaanitti karaa makiinaa gara bahaatti, kibbaa fi kaabaatti qajeelu hordofeeti.

Walumaagalatti, naannooleen lafa baddaa Itoophiyaa qilleensa baramaa jireenya namaaf mijaa'aa ta'e qabu. Sochiin dinagdee damee garaa garaa baldhinaan keessatti gaggeeffama. Ummanni walitti bu'iinsa malee nagaan jiraachaa jira. Kanaafuu, naannoon lafa baddaa Itoophiyaa Baha Afrikaa keessatti naannoo ummanni baay'inaan irra qubatee jiraatu keessaa isa tokko ta'ee argama.

**(*b*) Lafa Dakee Kibba Baha Keeniyaa**

Naannoon kun qarqara Garba Guddaa Hindiitti argama. Dheerinni lafa Keeniyaa qarqara Garba Guddaa kanaan wal daangessu gara 536km ta'a. Keeniyaa keessatti olka'iinsi lafaa qarqara Garba Guddaa kana irratti Om (sirrii irra galaanaa) irraa ka'uun gara dhihaa fi kaaba dhihaatti dabalaa deema. Jiddu galeessi hamma hoo'aa naannoo kibba baha Keeniyaa ji'a Amajjii 21°c-32°c yoo ta'u, kan ji'a Adoolessaa immoo 20°c-29°c ta'a. Rooba waggaatti yeroo lama argata. Roobni yeroo dheeraaf Ji'a Bitootessaa irraa eegalee hanga Waxabajjiitti rooba. Inni yeroo gabaabaa immoo Onkoloolessaa hanga ji'a Mudeetti rooba. Hammi roobaa jiddu galaan waggaatti naannoon kun argatu 1,050 mm ta'a.

Naannoon kibba baha Keeniyaa lafa oomisha boqqoolloof ta'u ni qaba. Kana malees, Mombaasaan magaalaa Keeniyaa keessaa guddinaan sadarkaa 2^ffaa^ irratti argamtuudha. Mombaasaan magaalaa buufata doonii biyyoota Baha Afrikaa sadiif handhuura daldalaa taatee tajaajilaa jirtuudha. Biyyoonni Mombaasaan tajaajilaa jirtu Keeniyaa, Ugaandaa fi Ruwaandaadha.

Daandiin baaburaa fi makiinaa magaalaa Mombaasaa keessaa ka'an gara godinaalee Keeniyaa garaa garaa, biyya Ugaandaa fi Taanzaaniyaatti diriiru. Magaalli Mombaasaa Keeniyaa keessatti handhuura industirii ta'uunis tajaajilaa jirti. Turistoonni biyya Keeniyaa seenan baay'een isaanii qarqara Garba Guddaa Hindiitti bashannanuun yeroo isaanii dabarsu. Naannoo kana keessatti wantoonni baldhinaan turiistoota hawatan muuziyeemoota Mombaasaa fi Lamuu keessatti argaman, Paarkonni Maalindii fi Zaavoo isaan beekamoodha.

Walumaagalatti, naannoon kibba baha Keeniyaa handhuura daldalaa, industirii fi turiizimiiti. Rooba waggaatti yeroo lama argamuu fi tempireechara mijaa'aa ta'een hojiin qotiisaa naannicha keessatti gaggeeffamu sochii dinagdee biyyattii keessatti gaheen inni qabu kan tuffatamuu miti. Kanaafuu, Keeniyaa keessatti naannoon kibba bahaa sochiin dinagdee garaa garaa baldhinaan keessatti gaggeeffamu irra ummata lakkoofsaan olaanaa ta'etu qubatee argama.

## Tasgabbaa'ina Dhabiinsa Siyaasaa fi Waraana

Biyya ummanni hojii misoomaa irratti bobba'ee nagaan hojjatee galu keessa tasgabbaa'inni siyaasaa jiraachuu isaa agarsiisa. Biyya ummanni lola wal irratti banee wal waraanu keessatti tasgabbaa'inni siyaasaa dhabamuu agarsiisa.

Biyyoota Baha Afrikaa keessaa biyyi baroota dheeraaf osoo ummanni ishii waraana wal irratti hin baniin jirtu Taanzaaniyaadaha. Bara koloneeffattoota irraa bilisummaa argatte irraa eegalee walitti bu'iinsi yookiin lolli cimaan Taanzooniyaa keessatti uumamee ummata jeeqe hin jiru. Keeniyaa fi Jibuutii keessattis tasgabbaa'inni siyaasaa ni muldhata. Keeniyaa keessatti garuu, fonqolcha mootummaa bara 1982 yaalamee fi filalannoo bara 2007 gaggeeffameen walqabatee jeequmsi hanga tokko uumameera.

Biyyoota Baha Afrikaa baay'ee keessatti garuu tasgabbaa'ina dhabuu siyaasaa irraa kan ka'e walitti bu'iinsi ummata jidduutti uumamu baroota dheeraaf itti fufaa tureera. Yeroo ammaas biyyoota akka Somaaliyaa keessatti rakkoon kun furmaata hin arganne. Akkasumas, bara mootommaa Dargii naannoo kaaba Itoophiyaa fi biyya Ertiraa ammaa keessatti waraanni yeroo dheeraaf gaggeeffamaa tureera. Ertiraa keessatti Addi Bilisa Baasaa ummata Ertiraa (EPLF) naannoo kaaba Itoophiyaa keessatti immoo Addi Bilisa Baassaa Ummata Tigraay (TPLF) mootummmaa Dargii irrattii qabsaa'anii turan.

Qabsoo kana dhabamsiisuuf Dargiin Taankii fi Xiyyaara waraanaa ammayyaa'aa ta'anitti fayyadamee naannoo kaaba Itoophiyaa fi biyya Ertiraa keessatti waraana gaggeessaa ture. Sababa waraana kanaatiin ummanni baay'een naannoo waraanni itti gaggeeffamu keessaa baqateera. Isaan sababa garaa garaatiin baqachuu dadhaban keessaa kanneen rasaasaa fi boombii xiyyaaraan darbatamuun dhuman hedduudha. Tasgabbaa'anii hojjachuu dadhabuu irraa kan ka'e hongee dhufe irraa damdamachuu dadhabanii namoonni kumaatamaan lakkaa'aman beelaan dararamanii turan. Haa ta'u malee, Dargiin waraanan qabsoo ummataa ukkaamsuu hin dandeenye. Qabsoon ummataa babaldhachaa dhufee xumura irratti dargiin dirqisiifamee taayitaa isaa gad lakkisuun sirnichis diigameera.

## Ugaandaa

Ugaandaanis biyyoota naannoo Baha Afrikaa walitti bu'iinsi ummataa deddeebi'ee keessatti muldhatedha. Fakkeenyaaf, Idii Amiin bara 1971 humna waraanaa keessaa bahee aangoo mootummaa qabatee ture. Haa ta'u malee, fincilli guddaan mootummaa isaa irraa eegalee gaggeeffamaa ture. Fincila kana dhaamsuuf jecha ummata Ugaandaa baay'inni isaa 300,000 hanga 500,000tti tilmaamu fixeera. Gareen finciltootaa humna waraanaa Taanzaaniyaatiin deeggaramuun Idii Amiin bara 1979 aangoo irraa buusuu danda'eera. Erga Idii Amiin aangoo siyaasaa gad lakkisee booda namoonni muraasni yeroo gaggabaabaaf aangoo qabatanii turan. Haa ta'u malee, namoonni garee Pireezidaanti Miltan Obootee aangoon Idii Amiiniin irraa fudhatame to'atan kunniin fincila garee adda addaatiin ka'u tasgabbeessuu hin dandeenye. Haa ta'u malee, Obooteen bara 1981 irraa eegalee gara aangootti deebi'uu danda'eera. Obooteen taayitaatti deebi'us jijjiiramni tasgabbaa'inaan jiraachuu ummataa fi guddina dinagdee Ugaandaa irratti fide hin turre. Pireezidaantiin Ugaandaa yeroo ammaa, Muuseveniin erga gara aangootti dhufanii booda rakkoon siyaasaa fi dinagdee Ugaandaa keessa ture furmaata argachaa dhufeera.

**GILGAALA 1.4C**

### Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Haallan naannoolee armaan gaditti tarreeffaman keessa ummanni akka baay'inaan qubatu taassisan tarreessi.
   (*a*) Naannoo lafa baddaa Itoophiyaa keessa.
   (*b*) Naannoo kibba baha Keeniyaa keessa.
2. Akkaataa daldalli hundeeffama magaalotaaf sababa ta'uu itti danda'u ibsi.
3. Biyyoota magaalli Mombaasaa handhuura buufata doonii taatee tajaajiltu tarreessi
4. Rakkoolee tasgabbaa'ina dhabuu siyaasaatiin ummata irra gahuu danda'an ibsi.

## Cuunfaa

Naannoon Baha Afrikaa qaama ardii Afrikaa gara bahaa irratti argamuudha. Naannoowwan Afrikaa qaroomni bara durii itti eegalame keessa Nuubiyaa fi Aksum naannoo Baha Afrikaa kana keessatti argamu. Jiddu galeessi qarooma durii kunniin ogummaa hojii harkaa, daldalaa fi ijaarsaan beekamu. Siidaan Aksum bu'aa qarooma durii keessaa isa olaanaadha. Bu'aawwan qarooma durii bifaa fi boca isaanii eeganii dhalootaa irraa gara dhalootatti akka darban gochuun seenaa biyyattii muldhisuu fi madda turiizimii ta'uun faayidaa kenna.

Haalli qubannaa ummata naannoo Baha Afrikaa barootta durii irraa eegalee sababa garaagarummaa teessuma lafaa, qilleensa baramaa fi tasgabbaa'inaan jirachuu ilaalchisee muldhatu irraa kan ka'e wal fakkaataa hin turre. Naannoolee akka lafa baddaa Itoophiyaa jireenyaaf mijaa'aa ta'an irra ummanni heddumminaan qubata. Naannoolee lafa dakee rooba xiqqaa fi hoo'a olaanaa, akkasumas ilbiisota fayyaa namaa fi beeladaa irratti miidhaa fidan baay'inaan muldhatan keessa ummanni haphinaan qubata.

Sochiileen ummataa naannoo Baha Afrikaa kana keessatti muldhachaa tures rakkoolee karaa umamaatiin mudatan kanneen akka gogiinsaa fi walitti bu'iinsa ummatoota jidduutti yeroo adda addaa muldhatu jalaa bahuu fi garaagarummaa argannaa tajaajiloota hawaasummaa irratti kan bu'uuredha.

## GAAFFILEE XUMURA BOQONNAA 1

### Kutaa I: Himoota armaan gadii "Dhugaa" yookiin "Soba" jechuun deebisi.

1. Naannoo Baha Afrikaa keessatti biyyoota kudhantu argama.
2. Mootummaa Aksum duriitiif carraa daldala biyyoota alaa argamsiisuufii kan danda'e qarqara Galaana Diimaatti dhiyaatee hundeeffamuu isaatii.
3. Dabareewwan kan uumamaa fi nam-tolchee ofkeessatti hammatu.
4. Lafa naannoo Baha Afrikaa irra ummanni haala wal fakkaataan qubatee argama.
5. Naannoon lafa dakee Baha Afrikaa rooba gahaa oomisha qotiisaaf mijaa'aa ta'e argata.
6. Ummanni Kiikkuyyuu biyya Keeniyaa keessa baay'inaan jiraata.

### Kutaa II: Isaan armaan gadii walitti firoomsi.

| A | B |
|---|---|
| 1. Handhuura madda qarooma durii | A. Naannoo lafa baddaa Baha Afrikaa |
| 2. Ummanni heddumminaan irra qubatee argama | B. Naannoo lafa dakee Itoophiyaa |
| 3. Magaalaa guddoo biyya Keeniyaa | C. Nuubiyaa |
| | D. Nayiroobii |

### Kutaa III: Gaaffiwwan armaan gadiif filannoowwan kennaman keessaa isa sirrii ta'e filachuun deebii kenni.

1. Naaannoolee Afrikaa keessaa kan naannoo Baha Afrikaa wajjin wal hin daangessine:
   A. Naannoo Dhiha Afrikaa B. Naannoo Kaaba Afrikaa
   C. Naannoo Kibba Afrikaa D. Naannoo Jiddu-Galeessa Afrikaa
2. Naannoo Baha Afrikaa keessatti biyyoonni heddummina ummataa baay'ee olaanaa ta'e qaban:
   A. Keeniyaa, Somaaliyaa, Jibuutii B. Ertiraa, Sudaan, Taanzaaniyaa
   C. Itoophiyaa, Jibuutii, Somaaliyaa D. Ruwaandaa, Buruundii, Ugaandaa
3. Ummanni qaroomina Meero'ee hundeesse:
   A. Aksumoota B. Misiroota
   C. Nuubiyaanota D. Ruwaandota
4. Naannoo Baha Afrikaa keessatti biyyi turiistoota baay'inaan hawachuun beekamte:
   A. Itoophiyaa B. Keeniyaa
   C. Ruwaandaa D. Taanzaaniyaa
5. Naannoo Baha Afrikaa keessatti magaalonni handhuura buufata doonii fi magaalaa guddaa biyyaa ta'anii tajaajilaa jiran:
   A. Jibuutii, Moqaadishuu B. Kahaartuum, Kampaalaa
   C. Finfinnee, Asmaraa D. Kigaalii, Naayiroobii

6. Saffisaan daballii lakkoofsa ummataaf sababa guddaa kan ta'u:
   A. Hammi dhalatu isa du'u baay'inaan caaluu
   B. Hammi du'u isa dhalatu baay'inaan caaluu
   C. Hammi baqatee bahu isa baqatee seenu caaluu
   D. Hammi baqatee seenu isa baqatee bahu caaluu
7. Dhibbantaa hamma daballii lakkoofsa ummataa armaan gaditti tarreeffan keessaa kan yeroon dachaan daballii lakkoofsa ummataa gabaabaa ta'u isa kami?
   A. 1.0%  B. 1.5%
   C. 2.0%  D. 2.5%
8. Naannoon Itoophiyaa ummanni heddummina guddaan irra qubatee jiraatu:
   A. Naannoo kibba baha biyyattii
   B. Naannoo kaaba baha biyyattii
   C. Naannoo lafa olka'aa jiddu-galeessa biyyattii
   D. Naannoo lafa dakee dhiha biyyattii
9. Itoophiyaa keessatti magaalli bakka ka'uumsa karaa makiinaa, daandii baaburaa fi sararaa xiyyaaraa taatee tajaajilaa jirtu:
   A. Adaamaa  B. Jimma
   C. Finfinnee  D. Shaashamannee
10. Biyyoota baha Afrikaa armaan gaditti tarreeffan keessaa kan lollii ummata biyyattii jidduutti deddeebi'ee muldhachaa ture:
   A. Ugaandaa  B. Taanzaaniyaa
   C. Keeniyaa  D. Jibuutii

## Kutaa IV: Deebii gaggabaabaa kenni.

1. Kufaatii mootummaa Aksum duriitiif sababa kan ta'an ibsi.
2. Maalummaa fi faayidaa qonna walmakaa ibsi.
3. Sababoota gaarreen gurguddoo naannoo Baha Afrikaa irra ummanni heddumminaan hin jiraanneef barreessi.
4. Haallan yeroo ammaa ummanni bakka jireenya isaa irraa akka buqqa'u taasisan tarreessi.
5. Rakkoo karoora malee ummanni baadiyyaa irraa gara magaalaatti galuun fidu magaalaa Finfinnee akka fakkeenyaatti fudhachuun ibsi.

Boqonnaa 2

# Lafa Irra Jiraannu

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:**

- Ardiilee fi qaamman bishaana'oo addunyaa addaan baafatta, bishaan dachee irraa (fresh water) fi garbawwan gurguddaa (saltic water) waliin madaaltee ni himta.
- Haala teessuma Lafaa naannoo Baha Afrikaa ni himta.
- Baqqaanota qilleensa marsaa lafaa addaan baafachuun qabiyyee baqqaana qilleensaa isa lafatti aanuu (jalaa) ni tarreessita.
- Wixnee kaartaa teessuma lafaa garaagaraa agarsiisu halluuwwan, mallattoolee fi fakkiiwwan adda addaatti fayyadamtee ni kaafta.

## 2.1. FUULA LAFAA

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Ardiilee addunyaa ni tarreessita
- Garbawwan gurguddoo addunyaa ni himta.

Lafti maal? Lafti pilaaneetiidha. Pilaaneetoonni hanga ammaatti qorannoo hawaatiin addaan bahanii beekaman sagaltu jiru. Pilaaneetoonni qaamman sirna biiftuu keessatti argamaniidha. Sirni biiftuu (The solar system) biiftuu, pilaaneetoota salganii fi qaamman biroo biiftuu marsan hunda of keessatti qabata.

Haalli uumama lafaa haala uumama sirna biiftuu wajjin walqabata. Lafti qaamman sirna biiftuu keessatti wayita danaa ofii qabattee sochii eegaltu gaasii hoo'ituu turte jedhama. Guddinni ishii kan yeroo ammaa irraa baay'ee olaanaa ture jedhama. Lafti danaa yeroo ammaa qabdu kana argachuu kan dandeesse jijjiiramoota baroota biliyoonaan lakkaa'aman darban keessa qaama ishii irratti taasifamaa dhufan keessa darbuudhaan. Hurki qaama lafaa keessaa bahee rooba ta'uun deebi'ee fuula lafaa irratti roobaa ture lafti gaasii hoo'ituu irraa gara waan jabaataatti jijjiiramaa dhufuuf sababa ta'eera jedhama.

Lafti jijjiiramoota keessa darbaa dhufte kanneen garaagarummaa hanga hoo'aa fi jabaatinaa qaamaa ishii adda addaa keessatti muldhateen baqqaanota sadii kan qabdu ta'uun ishii hubatameera.

Baqqaanonni lafaa sadan hundhuura lafaa (core), keessa lafaa (mantle) fi fuula (irra) lafaa (crust) jedhamuun beekamu.

Mata duree kana jalatti qo'annaan kee wantoota fuula lafaa irratti argaman irratti xiyyeeffata. Gara qo'annaa mata duree kanaatti osoo hin seeniin dura yaadaan gara naannootti bahiitii gaarreen, sulullan, lafa diriiraa fi bishaan naannoo keetti argamanii ilaali. Qaamman kunniin hundi fuula lafaa irratti argamu.

Fuulli lafaa qaamman lafaa gurguddoo lamatti addaan baha. Isaanis dachee fi qaamman bishaana'oodha. Hamma baldhina dachee fi qaamman bishaana'oo fuula lafaa irratti argamanii hubachuuf kaartaa addunyaa Fakkii 2.1 irratti argamu ilaali. Kaarticha irraa inni kam akka dhiphaa ta'e hubadhu. Akka kaarticha irraa hubattutti inni dhiphaan dacheedha. Baldhina fuulli lafaa qabu keessaa 30% qofa uwwisee argama. Qaamman bishaana'oon immoo 70% uwwisanii argamu.

## Ardilee

Dacheen maal akka ta'e ibsuu dandeessaa? Dhacheen qaama lafaa baldhaa irri isaa bishaaniin hin uwwifamneedha. Qaamni lafaa namni irra jiraatu dachee jedhama. Dacheen ardiilee torbatti qoodamtee argamti. Ardiin kutaa dachee baldhaa biyyoota baay'ee of keessaa qabuudha. Maqaan ardiilee addunyaa torban baldhina lafaa qabaniin tartiibaan isa guddaa irraa gara isa xiqqaatti yoo tarreeffaman Eeshiyaa, Afrikaa, Ameerikaa Kaabaa, Ameerikaa Kibbaa, Antaarkitikaa, Awurooppaa fi Awustiraaliyaa jedhama.

Haala tartiiba isaaniitiin yoo ilaalaman Eeshiyaan ardiilee addunyaa keessaa baldhinaan sadarkaa tokkoffaa irratti argama. Afrikaan ardii biyyi keenya Itoophiyaan keessatti argamtuudha. Innis baldhinaan sadarkaa lammaffaa irratti argama. Ardiin baldhina lafaa qabduun xiqqoo taatee sadarkaa xumuraa irratti argamtu Awustiraaliyaadha. Awustiraaliyaan hanga ammaatti ardii biyya tokko qofa taatee jirtuudha.

Ardiilee torban keessaa jahaan isaanii irra namnii ni jiraata. Ardiin namni irra hin jiraanne Antaarkitikaadha. Antaarkitikaan baldhina lafaa qabuun sadarkaa shanaffaa irratti argama. Garuu, naannoo Bantii kiibbaa baay'ee diilallaa'aa ta'etti waan argamuuf lafti isaa waggaa guutuu cabbii kuufamaan uwwifama. Sababa diilallaa'ina hamaa ta'e kanaatiin hanga ammaatti dhalli namaa irra qubatee jireenya isaa keessatti gaggeessuu hin dandeenye. Ardiilee addunyaa torbanii fi Garbawwan Gurguddoo Addunyaa Fakkii 2.1 irraa ilaali.




**Fakkii 2.1.** Ardiilee fi Garbawwan Gurguddoo Addunyaa

## Qaamman Bishaana'oo

Qaamman bishaana'oon maal fa'a akka ta'an tareessuu dandeessaa? Akka guddinaa fi baay'ina bishaan qabaniitiin qaamman bishaana'oon Garbawwan gurguddoo, Galaanota, Harawwan, Laggeenii fi Lafa Caffaa'aadha.

**Garbawwan Gurguddoo:** Garbi Guddaan qaama bishaanii isa baldhaa fuula lafaa irratti argamuudha. Garbawwan gurguddoon addunyaa irratti argaman akka tartiiba baldhina isaaniitti Paasifik, Atilaantik, Hindii fi Arkitik. Argama garbawwan gurguddoo addunyaa fakkii 2.1 irraa ilaali. Garbi Guddaan Paasifik ardiilee Ameerikaa lamaanii fi ardii Eeshiyaa jidduutti argama. Garboonni gurguddoon biroo yoo walitti ida'amaan baldhinni isaanii hanga baldhina Garba guddaa Paasifik hin gahu. Garba Guddaa kana keessatti bakki Maariyaanaa Tireenchi (Mariana Trench) jedhamu gad fageenya guddaa qaba. Gad fageenyi bakki kun qabus 10,900 m ta'a. Garbi guddaan baldhinaan sadarkaa lammaffaa irratti argamu Garba Guddaa Atilaantik.

Dheerinni isaa kaabaa hanga kibbaatti fulla'a. Innis ardiilee Ameerikaa lamaan irraa gara bahaatti, Afrikaa fi Awuroopaa irraa gara dhihaatti argama. Garbi guddaan Hindii ardii Eeshiyaa irraa gara kibbaatti, Afrikaa irraa gara bahaa fi Awustiraaliyaa irraa gara dhihaatti argama. Garbi Guddaan biroo baldhinaan baay'ee xiqqaa ta'e Garba Guddaa Arkitik. Innis naannoo bantii kaabaatti argama. Garbi Guddaan biroo yeroo tokko tokko akka Garba Guddaa shanaffaatti lakkaa'amu Garba Guddaa Antaarkitik jedhama. Garbi naannoo bantii kibbaa baay'ee diilalaa'aa ta'etti argamu kun irri isaa yeroo mara cabbiin uwwifama. Qaamni bishaanii jala jiru hin muldhatu. Kanaafuu, qaamni bishaanii cabbiin uwwifame kun akka Garba Guddaatti fudhatamee hojii irra ooluu hin dandeenye.


**Galaanota:** Qaamman Garbawwan Gurguddoo gara ardilee keessatti galanii argamaniidha. Galaanonni addunyaa irratti argaman baay'eedha. Isaan naannoo Afrikaatti argaman keessaa Galaana Meediteraaniyaa, Galaana Diimaa fi Galoo Galaana Eedan akka fakkeenyaatti fudhachuun ni danda'ama. Galaanota biroos kanneen akka Galaana Arabiyaa, Kaaspiyaan, Kaaribiyaanii fi Galaana Jaavaa dabalataan fudhachuun ni danda'ama. Galaanota maqaan asi irratti tarreeffamanii fi kanneen biroo kaartaa irraa ilaalii bakka argama isaanii addaan baafadhu.

**Harawwan:** Harri ardii irratti argama. Karaa kallattii hundaanuu qaama lafaatiin marfamee argama. Kanaafuu, qaama bishaanii Garba Guddaa keessatti argamuun wal hin qunnamu. Harawwan addunyaa irratti argaman lakkoofsaan baay'eedha. Ardii Afrikaa keessaa Viiktooriyaa, Maalaawii, Taangaanikaa, Turkaanaa fi Xaanaa fa'aa akka fakkeenyaatti maqaa dhahuun ni danda'ama. Ardiilee biroo keessaayyis harawwan baay'ee maqaa dhahuun ni danda'ama. Kaartaa addunyaa irraa harawwan garaa garaa barbaaduun ardii isaan keessatti argaman addaan baafadhu.

**Laggeen:** Akkuma harawwanii ardiilee irratti argamu. Laggeen bakka ka'uumsaa fi gahumsaa qabu. Laggeen baay'een gaarreen jalaa maddu. Tokko tokkos harawwan keessaa kan ka'an ni jiru. Fakkeenyaaf, lagni Naayil Adiin hara Viiktooriyaa keessaa ka'a. Naayil Gurraach yookiin Abbayya ammoo hara Xaanaa keessaa ka'a. Laggeen gaarreen jalaa yookiin harawwan keessaa ka'anii sulula laggeenii keessa yaa'uun gara garbawwan gurguddaatti yookiin galaanotaattii fi harawwanitti seenu. Laggeen osoo gara kallattii qaama bishaanii guddatti yaa'aa jiranuu gammoojjii keessatti cirrachaan liqimfamanii hafan ni jiru. Fakkeenyaaf, lagni Waabii Shabalee osoo Garba Guddaa Hindii bira hin gahiin gammoojjii biyya Somaaliyaa keessatti cirrachaan liqimfamee hafa. Laggeen gara haraatti seenanis baay'eetu jiru. Fakkeenyaaf, lagni Shaarii gara hara Chaaditti, lagni Gibee gara hara Turkaanaatti, lagni Hawaas immoo gara hara Abbeetti yaa'u.

Laggeen ardiilee addunyaa mara irratti ni argamu. Maqaa laggeen addunyaa irratti beekamoo ta'anii akka fakkeenyaatti armaan gaditti dhiyaataniiru.

- **Laga Naayil:** Ardii Afrikaa keessatti argama. Gaarreen Baha Afrikaa keessaa ka'ee fageenya guddaa deemuun gara Galaana Meediteraaniyaatti gala. Lagni Naayil fageenya deemuun (dheerinaan) addunyaa irratti sadarkaa tokkoffaa irratti argama.
- **Laga Amaazoon:** Ardii Ameerikaa kibbaa keessatti argama. Baay'ina bishaan qabuutiin addunyaa irratti sadarkaa tokkoffaa irratti argama.
- **Laga Yaangitiiz:** Ardii Eeshiyaa keessatti argama. Laggeen Eeshiyaa keessatti argaman hunda dheerinaan ni caala.
- **Laga Misisippii:** Ardii Ameerikaa Kaabaa keessatti argama. Baay'ina bishaan qabuunis ta'ee dheerinaan laggeen ardii Ameerikaa Kaabaa keessatti argaman hunda ni caala.
- **Laga Koongoo:** Ardii Afrikaa keessatti argama. Sararaa mudhii lafaa yeroo lama qaxxaamura. Baay'ina bishaan qabuutiin laga Amaazooniitti aanee sadarkaa lammaffaa irratti argama.




**Fakkii 2.2.** Harawwan fi Laggeen addunyaa

**Lafa Caffaa'aa:** Yeroo baay'ee yaa'a laggeenii gara jidduu fi gara gala laggeenii (mouth of rivers) bakkeewwan bishaan dirree irratti bittinnaa'ee yaa'utti argama. Fakkeenyaaf, lafti caffaa'aan Ookaavaangoo biyya Bootiswaanaa laga Zaambeezii irratti argamu Afrikaa keessatti isa guddaadha. Kana malees, biyya Sudaan laga Naayil Adii irratti lafti caffaa'aan Suud, biyya Somaaliyaa qarqara Garba Guddaa Hindii irratti lafti caffaa'aan Afrikaa keessatti argaman ni jiru.

Walumaagalatti, qaamman bishaana'oo addunyaa irratti argaman bishaan soogiddaa'oo (saltic water) fi soogiddaa'aa hin taane (fresh water) jechuun bakka lamatti qoodamu.

## Akaakuwwan bishaanii

**Bishaan Soogiddaa'oo:** Qaamman bishaanii Garbawwan Gurguddoo fi Galaanota keessatti argaman hunda qabata. Bishaan fuula lafaa irratti argamu keessaa kan Garboota Gurguddoo fi Galaanota keessatti argamu 97% ta'a. Bishaan soogiddaa'aan tajaajila jallisii fi dhugaatiif ooluu hin danda'u. Dhimmoota kanaaf oolchuuf bishaan kana hurkeessuun soogidda keessaa baasuun qulqulleessuu barbaachisa.

**Bishaan soogiddaa'aa hin taane:** Bishaan kun harawwanii fi laggeen keessatti argama. Bishaan fuula lafaa irratti argamu keessaa 3% qofa qabatee argama. Bishaan harawwanii fi laggeenii soogidda waan of keessaa hin qabneef tajaajila jallisii fi dhugaatiif ni oola.

**Faayidaalee Qaamman Bishaana'oo:** Tajaajila jallisii fi dhugaatii irratti qaamman bishaana'oon faayidaalee adda addaaf oolu. Fakkeenyaaf, tajaajila geejjibaaf, humna ibsaa maddisiisuu fi horsiisa qurxummiif faayidaa olaanaa kennu.

(*a*) **Geejjiba:** Garbawwan Gurguddoon karaa dooniiwwan meeshaalee toonii kuma hedduu ulfaatu fe'anii irra deemaniidha. Karaa dheeraa ardiilee Awurooppaa fi Eeshiyaa wal qunnamsiisuuf duraan Afrikaa kibbaa irraan naanna'aa ture gabaabsuuf bo'oon Suwiiz qotameera. Bo'oon kun bishaan galaana Meediteraaniyaa fi Galaana Diimaa walitti baasuun irra deemuun danda'ameera. Laggeenii fi harawwan irratti yabaloonni tajaajila geejjibaa ni kennu.

(*b*) **Madda Humna Ibsaa:** Bishaan humna ibsaa maddisiisuun addunyaa irratti tajaajila guddaa kennaa jira. Keessattuu, laggeen gaarreen irraa saffisaan gad yaa'an humna ibsaa maddisiisuuf haala mijaa'aa qabu. Kanaaf laggeen Itoophiyaa gaara irraa saffisa guddaan gad yaa'an fakkeenya gaarii ta'u.

(*c*) **Horsiisa qurxummiif:** Qurxummiin nyaata namaa ta'uun faayidaa olaanaa kennaa jira. Qurxummiin uumamaan bishaan keessatti wal hora. Yeroo ammaa kana addunyaa irratti fedhiin qurxummii nyaachuu haala malee baay'ataa dhufeera. Fedhii kana qurxummii uumamaan wal horuun qofaan guutuu yaaluun sadarkaa sanyii qurxummii tokko tokkoo dhabamsiisuu irra gaheera. Kana furuuf yeroo ammaa harawwan nam-tolchee keessatti qurxummii horsiisuun baldhinaan itti seenamaa dhufeera.

Gabaabumatti, faayidaalee bishaan irraa argamu bakka tokkotti hubachuu akka dandeessu fakkeenya laga Naayil ilaalchisee dhiyaate armaan gaditti ilaali.

**Bishaan Laga Naayil:** Lagni Naayil lafa olka'oo Afrikaa bahaa irraa ka'a. Guurri laga Naayil (Nile river basin) Jibuutii fi Somaaliyaan ala biyyoota Baha Afrikaa hunda of keessatti qabata. Lagni Naayil guura isaa baldhaa kana keessaa, keessattuu lafa Itoophiyaa irraa biyyee gabbataa bara baraan haree biyya Ijiptiitti (Misiraatti) geessa.

Biyyi Ijiptii bakka qaroomni bara durii sulula laga Naayii keessatti itti eegaleedha. Innis bakkeewwan qaroomman bara durii addunyaa keessatti itti eegalaman keessaa isa tokkoodha. Biyyi Ijiptii naannoo gammoojjii hoo'aa Sahaaraa keessatti argamti. Kanaafuu, naannoon biyyattii baay'een waggaa guutuu rooba hin qabu. Hoo'i (tempireecharri) isaa baay'ee olaanaadha. Biyyeen lafa irratti argamu cirracha. Haallan kunniin hundi biyya Ijiptii keessatti sulula laga Naayiliin ala hojii qotiisaa gaggeessuun rakkisaa akka ta'e hubachiisu. Kana irraa kan ka'eenis ummata biyyattii keessaa 90% kan ta'u sulula laga Naayil kana keessa jiraata.

Baroota durii keessa ummanni biyya Ijiptii sulula lagichaa hordofuun mala aadaatiin bishaan gara fiichaa (maasaa) ofiitti jallisee qotiisa gaggeessaa ture. Yeroo ammaa garuu hidhi guddaan Aswaan jedhamu laga kana irratti ijaarameera. Aswaan Afrikaa keessatti hidha isa guddaadha. Bishaan hidha kanaan kuufame hara Naasiir jedhamuun beekama.

Hidha Aswaan ijaaruun biyya Ijiptiif misooma dinagdee gosa adda addaa baldhinaan gaggeessuu dandeessiseera. Lafa heektaara miliyoona 1.2 jallisiin misoomsuu dandeessiseera. Fedhii humna ibsaa elektiriikaa ummanni Ijiptii qabu 50% guutuufii danda'eera. Qurxummii baay'inaan keessatti horsiisuu dandeessiseera. Daangaa biyya Sudaan irraa hanga bakka hidhich ijaarameetti yabaloonni gurguddoon akka irra deemuu danda'an taasisuun carraa geejjibaa laga Naayil irratti babaldhisuu danda'eera.

## GOCHA 2.1

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Kaartaa addunyaa dabtara kee irratti kaasuun:
   a. Ardiilee torban maqaa irratti barreessuun agarsiisi.
   b. Garbawwan gurguddoo arfan maqaa irratti barreessuun agarsiisi
   c. Galaanota addunyaa irratti argaman keessaa yoo xiqqaate shan bakka argama isaanii irratti maqaa barreessuun agarsiisi
   d. Laggeen addunyaa gurguddoo kanneen akka Laga Naayil, Amaazoon, Yaanigtiizi, Misisippii, Koongoo fi Daanub fa'aa ardiilee itti argaman irratti kaasii maqaa irratti barreessii agarsiisi.
2. Kaartaa sulula lagni Naayil keessa yaa'u kaasuun:
   a. Bakka argama hara Naasiir (hidha Aswaan) halluu addaa dibuun agarsiisi.
   b. Faayidaa ummanni biyya Ijiptii Hara (Hidha) Aswaan ijaaruun argate keessaa yoo xiqqate sadii tarreessi.

## 2.2. HAALLAN TEESSUMA LAFAA GURGUDDOO BAHA AFRIKAA

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Haallan teessuma lafaa gurguddoo naannoo Baha Afrikaa addaan ni baafatta.
- Maalummaa sulula qiinxamaa ni himta, haallan teessuma lafaa sulula qiinxamaan wal qabatan ni tarreessita.

Argama naannoo Baha Afrikaa boqonnaa tokkoffaa keessatti baratteerta. Naannoon baha Afrikaa haallan teessuma lafaa garaa garaa qabattee argamti. Haallan teessuma lafaa keessaa isaan gurguddoon naannoo Baha Afrikaa keessatti argaman gaarreen, pilaatoo, sulullanii fi lafa dakeedha. Gaarreenii fi pilaatoon naannoo lafa olka'oo jedhamuun beekamu.

Ardii Afrikaa keessatti naannoon lafa olka'oo guddaa ta'e qabaachuun beekamte naannoo Baha Afrikaati. Biyyoonni naannoo Baha Afrikaa baay'een, keessattuu Itoophiyaan, Keeniyaa fi Taanzaaniyaan lafa olka'oo hedduu qabatanii argamu. Haala teessuma lafa naannoo Baha Afrikaa ilaalchisee armaan gaditti dhiyaate kana Fakkii 2.3 irratti argamu wajjin wal qabsiisii qo'adhu.

(*a*) **Gaarreen:** Naannoon baha Afrikaa gaarreen dhedheeroo hedduu qabdi. Gaara Ruwaanzooriitiin ala gaarreen naannoo Baha Afrikaatti argaman hundi isaanii laavaa wayita volkaanoon dhohu kuufamaniin kanneen uumamaniidha. Gaarreen gurguddoo naannoo Baha Afrikaatti argaman gabatee 2.1 irraa ilaali.

**Gabatee 2.1: Gaarreen gurguddoo Baha Afrikaa**

| Maqaa gaaraa | Biyya keessatti argamu | Olka'iinsa Meetiraan |
|---|---|---|
| Kiiliimaanjaaroo | Taanzaaniyaa Keessatti gara daangaa Keeniyaatti dhiyaatee argama | 5,895 |
| Gaara Keeniyaa | Keeniyaa | 5,199 |
| Ruwaanzoorii | Daangaa Ugaandaa fi Koongoo irratti argama | 5,110 |
| Raas Daashan | Itoophiyaa | 4,620 |
| Gaara Meeruu | Taanzaaniyaa | 4,565 |
| Gaara Elgoon | Daangaa Keeniyaa fi Ugaandaa irratti argama | 4,321 |
| Gaara Kaariisiimbee | Daangaa Koongoo fi Ruwaandaa irratti argama | 4,507 |
| Gaara Chooqee | Itoophiyaa | 4,413 |
| Gaaraa Baatuu | Itoophiyaa | 4,307 |


**Madda: Microsoft Encarta 2009**

Gaarreen maqaan isaanii armaan olitti tarreeffame kunniin olka'iinsa baay'ee dheeraa ta'e qabu. Diilallaa'inni qilleensaa olka'iinsa lafaatiin dabalaa deemu gubbaa isaanii irratti akka cabbiin kuufamu taasiseera. Keessattuu, gubbaa gaarreen akka Kiiliimaanjaroo, Keeniyaa fi Ruwaanzoorii irratti waggaa guutuu cabbiin kuufamaan ni argama.

(*b*) **Pilaatoo:** Pilaatoon lafa olka'aa irri isaa diriiraa baldhaa ta'e kan qabu ta'uu isaa boqonnaa tokkoffaa keessatti baratteerta. Lafa Ertiraa keessaa hangi tokko, naannoon lafa baddaa Itoophiyaa, biyyi Keeniyaa garri dhihaa, Ugaandaan, Ruwaandaan, Burundii fi lafti Taanzaaniyaa harki baay'een pilaatoodha. Lafti Pilaatoo qilleensa baramaa mijaa'aa, biyyee gabbataa fi lafa diriiraa qaba. Haallan kunniin hundi hojii qonnaaf, qubannaa fi walitti dhufeenya ummataaf mijaa'aadha. Kanaafuu, ummanni heddumminaan irra qubatee jiraata.

(*c*) **Sulula Guddaa Baha Afrikaa:** Sululli kun humna ciima keessa lafaatii ka'ee dhibbaa guddaa irra lafaa irratti waggoota miliyoona 180 dura taasiseen uumame jedhama. Wayita diibbaan cimaan irra lafaa irratti taasifamu lafti babbaqaqee bakkeewwan sulula guddaa ta'an kunniin mucucaachuun gad lixan jedhama. Sululli guddaa qinxamaan kun ardii Eeshiyaa biyya Sooriyaa jedhamtu keessaa ka'a. Calqaba irratti gara kallattii kibba bahaa qabatee deema. Itoophiyaa keessa wayita gahu gara kallatti kibbaatti garagalee naannoo Afrikaa kibbaa hanga biyya Moozaambikiitti fulla'a. Dheerinni sulula kanaa gara 5,631km tti tilmaama.

Sululli qiinxamaan guddaan kun lafa pilaatoo Baha Afrikaa addaan qoqqooduu bira darbee boca adda addaa naannoo Baha Afrikaa keessatti uumuu danda'eera. Fakkeenyaaf, sululli kun kaaba baha Itoophiyaa naannoo Affaar keessatti boca qubee "Y" qaba. Dhooqni Daalol (Kobar Sink) kan Afrikaa keessatti dhooqa guddaa ta'e naannoodhuma Affaar kana keessatti argama. Dhooqni Koobar sirrii irra galaanaa irraa gad fageenya **116m** ta'e qaba. Kibba Itoophiyaa naannoo Hara Turkaanaatti immoo damee lamatti addaan baha. Dameen bahaa biyyoota Keeniyaa fi Taanzaaniyaa bahaa fi dhihaatti addaan qoodee darbuun kibba Taanzaaniyaa naannoo kaaba hara Maalaawiitti damee dhihaa wajjin wal qunnamu. Sululli damee bahaa harawwan xixqqoo baay'ee of keessaa qaba. Sululli damee dhihaa kaaba dhiha Ugaandaa irraa ka'uun daangaa dhiha Ugaandaa, Ruwaandaa, Burundii fi Taanzaaniyaa irraan naanna'uun kaaba hara Maalaawitti dhufa. Dameen lamaanuu erga walitti dhufanii booda qaama tokko ta'uun gara kibbaa hanga biyya Moozaambikitti fulla'u. Sulula damee dhihaa kana keessatti harawwan gurguddootu argama. Harri Viiktooriyaa lafa pilaatoo sulullan damee bahaa fi dhihaa jidduu jiru irratti argama.




**Fakkii 2.3.** Sulula Qiinxamaa Guddaa naannoo Baha Afrikaa

(*d*) **Lafa Dakee:** Fakkii 2.3 irraa ilaalattee Baha Afrikaa keessatti naannoon lafti dakee itti argamu hubachuu ni dandeessa. Biyyi Sudaan baldhinaan lafa dakee qabattee argamti. Baha Afrikaa keessatti naannoon latfi dakeen baldhinaan itti argamu qarqara Garba Guddaa Hindiiti. Biyyi Somaaliyaa guutumaan guutuutti lafa dakee kana keessatti argamti. Naannoon baha Keeniya, kibbi bahaa fi kaabni baha Itoophiyaa, qarqarri Galaana Diimaa qaama lafa dakee baha Afrikaati.

## GOCHA 2.2

**Gocha mirkaneeffannaa**

**Kaartaa naannoo Baha Afrikaa dabtara kee irratti kaasiitii isaan armaan gaditti tarreeffaman raawwadhu.**

1. Biyyoota Baha Afrikaa gaarreen dhedheeroo hin qabne haalluu dibii agarsiis
2. Naannoo Baha Afrikaa keessatti karaa sululli qiinxamaan guddaan irra darbu halluu gosa biraa dibii agarsiis

## GILGAALA 2.1

### Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Kaartaa fakkii 2.2 irratti argamu ilaaluun
   A. Harawwan naannoo baha Afrikaa sulula Qiinxamaa Guddaan ala jiran maqaa isaanii barreessuun tarreessi.
   B. Biyyoota Baha Afrikaa Sululli Qiinxamaan Guddaan Bahaa fi Dhihatti qoodee keessa darbu tarreessi.
   C. Biyya Baha Afrikaa guutumaan guutuutti Sulula qiinxamaa guddaa keessatti argamtu maqaa barreessi.
   D. Biyyoota Baha Afrikaa lafa pilaatoo (lafa olka'aa 2000m ol ta'e) baldhaa qaban maqaan tarreessi.

## 2.3. QABEENYA BISHAAN BAHA AFRIKAA

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Maqaa Garba Guddaa, galaanotaa, laggeenii fi harawwan Baha Afrikaatti argamanii ni tarreessita.
- Amallan bishaan qulqulluu fi bishaan soogiddaa wal bira qabdee madaaluun ni ibsita.

### Garba Guddaa, Galaanota, Harawwanii fi Laggeen Baha Afrikaa

**Garba Guddaa Hindii:** Naannoo Baha Afrikaa kallattii kibba bahaatiin daangessa. Garbi Guddaan Hindii baldhina 74,440,000 km$^2$ ta'e qaba. Biyyoonni Baha Afrikaa Garba Guddaa kanaan daangeffaman Taanzaaniyaa, Keeniyaa fi Somaaliyaadha. Buufatoonni doonii (Ports) biyyoonni kunniin akka walduraa duuba isaaniitti Garba Guddaa Hindii kana irraa qaban Darreesalaam, Mombaasaa fi Maqaadishoodha.

**Galaana Diimaa:** Biyya Ijiptii/Misiraa/ irraa ka'ee hanga Galoo Galaana Eedanitti dhufa. Biyyoonni Baha Afrikaa galaana kanaan daangeffaman Suudaan, Ertiraa fi Jibuutiidha. Biyyi Suudaan buufata doonii Porti Suudaan jedhamu, Ertiraan immoo buufatoota Masawwaa fi Asab galaana kana irraa qabu.

**Galoo galaana Eedan:** Somaaleelaandii fi biyya Jibuutii daangessa. Buufattoonni doonii akka Jibuutii biyya jibuutii keessatti, Barbaraan Somaaleelaandii keessaa qarqara galaana kanaa irratti argamu.

**Hara Viiktooriyaa:** Afrikaa keessatti hara baay'ee guddaa ta'eedha. Harri Viiktooriyaa biyyoota akka Ugaandaa, Keeniyaa fi Taanzaaniyaa jidduutti argama. Baldhinni hara kanaa 69,490 km$^2$ ta'a. Sirrii irra galaanaa irraa olka'iinsa 1130 m ta'e irratti argama.

**Hara Taangaanikaa:** Biyyoota Taanzaaniyaa fi Koongoo Demookraatik Reppuuplikii jidduutti argama. Harri kun baldhina 32,900 km$^2$ ta'e qaba. Dheerinni isaa 689 km ta'a. Kunis geejjibaaf baay'ee mijaa'aa taasiseera.

Dheerina kanaan harawwan addunyaa irratti argaman hunda caaleeti argama. Afrikaa keessatti guddinaan Viiktooriyaatti aanee sadarkaa lammaffaa irratti argama.

**Hara Xaanaa:** Lafa pilaatoo Itoophiyaa olka'iinsa 1830 m qabu irratti naannoo Amaaraa keessatti argama. Harri kun baldhina 2156 km$^2$ qabbaachuun harawwan Itoophiyaa keessatti argaman hunda ni caala. Gad fageenyi inni qabu gara 15m ni ta'a. Hara Xaanaa keessatti Eddoolee (Islands) hedduutu argama. Eddoolee kanneen irratti manneen amantii Ortodooksii fi bakkeewwan bashannanaa (Hoteelonni) ni argamu.


Kanneen malees, harawwan baay'een naannoo Baha Afrikaa keessatti ni argamu. Keessattuu, harawwan Sulula qiinxamaa guddaa damee dhihaa keessatti argaman gurguddoo fi kallattii sululichi itti deemu hordofanii dheerina kanneen qabaniidha. Isaan Sulula guddaa kana keessatti Itoophiyaa fi Keeniyaa keessatti argaman immoo xixiqqoodha.

**Laggeen Gurguddoo Baha Afrikaa:** Naannoon Baha Afrikaa laggeen kallaattii adda addaatti yaa'an baay'ee qaba. Isaan baay'ee beekamoo ta'an tokko tokkoon armaan gaditti dhiyaataniiru.

1. **Laga Naayil:** Naayil Adiin hara Viiktooriyaa keessaa, lagni Abbayyaa (Blue Nile) hara Xaanaa keessaa ka'uun biyya Sudaan magaalaa Kaartuum keessatti walitti makamanii maqaa Naayil jedhuun gara biyya Ijiptiitti yaa'uun dhuma irratti Galaana Meediteraaniyaatti gala. Fageenya

5584 km deema. Fageenya deemu kanaan (dheerinaan) laggeen adhunyaa hunda ni caala. Lagni Abbayyaa bishaan laga Naayil gara caaluu fi biyyee gabbataa lafa pilaatoo Itoophiyaa gara dhihaa irraa hare qabatee laga Naayil Adii wajjin walitti makama.

2. **Laga Hawaas:** Laggeen gurguddoo Itoophiyaa keessatti argaman keessaa isa tokkoodha. Lagni kun godina Shawaa Dhihaa Aanaa Dandii keessaa madduun godinaalee Shawaa kibba Dhihaa fi Shawaa Bahaa keessa darbee Naannoo Affaaritti hara Abbeetti seena. Lagni Hawaas fageenya 1200 km deemee osoo biyya keessaa hin bahiin hara Abbee keessatti hafa.
3. **Laga Waabii Shabalee:** Gaarreen Arsii Dhihaa keessaa ka'uun gara kallattii kibba bahaatti yaa'a. Biyya Somaaliyaa erga seenee booda osoo Garba Gudda Hindii bira hin gahiin cirracha keessatti liqimfamee hafa. Dheerinni laga Wabii Shabalee gara 2490 km tilmaama.
4. **Laga Gannaalee:** Lafa Olka'aa kibba bahaa Itoophiyaa irraa ka'a. Gammoojjii kibba baha Itoophiyaa keessa qaxxaamuree daangaa Itoophiyaa fi Keeniyaa, Itoophiyaa fi Somaaliyaa irra hanga tokko erga yaa'ee booda biyya Somaaliyaa keessa qaxxaamuree Gara Garba guddaa Hindiitti seena. Laginni kun dheerina 1660 km kan qabu yoo ta'u, Itoophiyaa keessaa erga bahee booda Jubbaa jedhamuun beekama.
5. **Laga Tanaa:** Gaarreen kibba dhiha Keeniyaa keessaa madduun gara Garba Guddaa Hindiitti seena. Lagni kun Keeniyaa keessatti laga isa guddaadha.
6. **Laga Ruufujii:** Biyya Taanzaanyaa keessatti argama. Lagni kun lafa olka'aa kibba Taanzaaniyaa irraa ka'ee gara Garba Guddaa Hindiitti yaa'a. Dheerinni laga kanaa 600 km ta'a.
7. **Laga Ruuvumaa:** Daangaa biyyoota Taanzaaniyaa fi Moozaambikii ta'uun tajaajila. Lagni kun laggeen xixiqqoo biyyoota Taanzaaniyaa fi Moozaambikii keessaa walitti yaa'aniin bishaan isaa gabbifata. Lagich fageenya 800 km erga deemee booda gara Garba Guddaa Hindiitti seena.




**Fakkii 2.4.** Qabeenya bishaanii naannoo Baha Afrikaa

### Bishaan Qulqulluu (Fresh water) fi Bishaan Soogiddaa'aa

Bishaan qulqulluun jallisiif, humna elektirikii maddisiisuuf, dhugaatii namaa fi beeladaa fi faayidaa warshaa keessaaf ni tajaajila. Bishaan harawwanii fi laggeen naannoo Baha Afrikaa keessatti argamanii bishaan qulqulluudha. Garuu, bishaan haraa tokko tokko kanneen akka hara Magaadii Keeniyaa keessatti argamuu baay'ee soogidda'aadha. Bishaan soogiddaa'aan soogidda bulbulamaa of keessaa qaba. Bishaan kun yoo soogiddi isaa keessaa qulqullaa'e malee faayidaa bishaan qulqulluun kennu kennuu hin danda'u. Bishaan Garba Guddaa fi bishaan Galaanotaa gosa bishaan soogiddaa'aati. Harawwan naannoo lafa hoo'aa keessatti argamanii fi bishaan isaanii eessumattuu hin yaane soogidda kuufamaa of keessaa qabu. Fakkeenyaaf, hara Magaadii Keeniyaa keessatti argamuu fi hara Asaal Jibuutii keessatti argamu naannoo Baha Afrikaa keessaa fudhachuun ni danda'ama.

**GOCHA 2.3**

#### Gocha mirkaneeffannaa

Wixinee kaartaa naannoo Baha Afikaa kaasuun:

A. Laggeen gara Garba Guddaa Hindiitti yaa'anii tarreessi.

B. Harawwan Sulula Guddaa Qiinxamaa damee Dhihaa keessatti argaman halluu dibuun agarsiis

## 2.4. BAHA AFRIKAA KEESSATTI FAAYIDAA QABEENYI BISHAANII MISOOMA DINAGDEE KEESSATTI QABU

#### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Baha Afrikaa keessatti faayidaa bishaan guddina dinagdee keessatti qabu ni ibsita.
- Fakkeenyota ijoo ta'an addaan baaftee ni kennita.
- Bishaan faayidaa tarsiimoo qabaachuu isaa ni ibsita.

Bishaan guddina dingdee keessatti faayidaa akkamii qaba jettee yaadda? Bishaan guddina dinagdee biyya tokkoo keessatti gahee olaanaa qaba. Faayidaa bishaan guddina dingdee Baha Afrikaa keessatti qabu haala armaan gadii kanaan dhiyeessuun yaalameera.

**Geejjiba:** Garbi Guddan Hindii biyyoota Baha Afrikaa kanneen daangessuuf faayidaa geejjibaa guddaa kennaa jira. Biyyoonni akka Taanzaaniyaa, Keeniyaa fi Somaaliyaa buufata doonii Garba Guddaa Hindii kana irraa qabu. Buufataalee doonii kanneenitti fayyadamanii daldala biyyoota alaa wajjin gaggeessu. Dooniin gosa geejjibaa kamiyyuu caalaa meeshaalee ulfaatoo fi baay'ee al tokkoon gatii salphaan fe'ee kan geejjibsiisuudha. Kanaafuu, biyyoonni meeshaalee biyya alaatti gurgurtaaf erguufis ta'ee alaa bitanii galchuuf buufataalee dooniitti baldhinaan fayyadamu. Buufanni doonii akka Mombaasaa biyya Keeniyaa bira darbee biyyoota akka Ugaandaa, Buruundii fi Ruwaandaaf tajaajila kennaa jira. Kana irraayyis biyyi Keeniyaa faayidaa olaanaa argatti.

Biyyoonni Galaana Diimaa fi Galoo Galaana Eedan wajjin wal daangessanis haaluma walfakkaatun buufata doonii mata mataa isaaniitti fayyadamaa jiru. Fakkeenyaaf, biyyi Suudaan buufata doonii Poorti Suudaanitti fayyadamti. Ertiraan buufataalee doonii Masawwaa fi Asab qabdi. Magaalli guddaan Jibuutii qarqara Galoo Galaana Eedan irratti kan hundeeffameedha. Kanaafuu, akka buufata dooniitti

tajaajila. Itoophiyaanis buufata doonii Jibuutii kanatti fayyadamaa jirti. Buufanni doonii inni biraa Galoo Galaana Eedan irratti argamu Buufata Barbaraati. Buufata kanatti Somaaleelaandiitu itti fayyadamaa jira.

Baha Afrikaa keessatti harawwan gurguddoon akka Viiktooriaa, Taangaanikaa, Maalaawwii fi Albarti fa'aa irra yabaloonni gurguddoon deemanii tajaajila geejjibaa kennu. Itoophiyaa keessatti harri guddaan yabala guddaa irra hoofuun tajaajila geejjibaa baldhinaan kennuu nama dandeessisu hin jiru. Haa ta'u malee, yabaloonni xixiqqoon hara Xaanaa fi Baatuu (Zuwaay) irratti tajaajila geejjibaa kennan jiru.

**Qotiisa Jallisii:** Biyyoota Baha Afrikaa keessaa biyyi Sudaan qotiisa jallisiitiin baay'ee fayyadamtuudha. Keessattuu, naannoo Gaaziraa jedhamu kan jidduu laggeen Naayil Adii fi Abbayyaatti argamu irratti midhaan gosa hedduu nyaataan of dandeessee gurgurtaa biyyoota alaatiif oolchitu oomishiti. Biyyeen bakka sanatti kuufamu irra caalaatti laggeen Itoophiyaa gara sanatti yaa'aniin haramee kan dhaqeedha.

Itoophiyaa keessattis qotiisni jallisii babaldhataa jira. Laggeen hedduu irratti piroojeektonni jallisii gaggeeffamaa jiru. Fakkeenyaaf, piroojeektiiwwan laggeen akka Hawaas, Fincaawaa fi Dhedheessaa irratti gaggeeffamaa jiran fudhachuun ni danda'ama. Kana malees, gara fuula duraatti haala lagni Abbayyaa qotiisa jallisiif itti tajaajiluu danda'u qophiin taasifamaa jira. Tarsiimoo midhaan nyaataan of danda'uu keessatti oomisha olguddisuuf qotiisa jallisii babaldhisuun murteessaadha.

**Horsiisa Qurxummii:** Qaamman bishaana'oon naannoo Baha Afrikaa keessatti qurxummii gosa adda addaa baay'inaan argamu. Qurxummiin nyaata madaalamaa qaama namaatiif barbaachisu keessaa isa tokkoodha. Ummanni biyyoota qarqara Galaanaa fi Garba Guddaa jiraatan nyaanni isaanii gara caalu qurxummii irratti hundaa 'a. Qurxummii nyaata qofaaf osoo hin taane foon isaa saamsanii gurguruun akka madda galiitti itti fayyadamuun ni danda'ama.

Qurxummii harawwan uumamaa fi nam-tolchee keessatti baay'inaan horsiisuun ni danda'ama. Qurxummii horsiisuu wanti barbaachiseef, kanneenuma uumamaan jiran qofa qaama bishaanii naannoo keenya jiru keessaa baafnee itti fayyadamna yoo ta'e yeroo gabaabaa keessatti nyaatamanii dhumanii sanyiin isaanii lafa irraa baduu danda'a. Kanaafuu, qurxummii haala ammayyaa'aa ta'een horsiisanii nyaataafis ta'ee gurgurtaaf oolchuun ni danda'ama. Biyyoonni Baha Afrikaa qaamman bishaanii naannoo isaanii keessatti qurxummii horsiisuuf carraa olaanaa qabu.

**Madda Humna Elektirikii:** Laggeen Baha Afrikaa, keessattuu, kanneen gaarreen irraa ka'an humna guddaan irraa gad yaa'u. Laggeen haala kanaan yaa'an humna elektirikii maddisiisuuf haala mijaa'aa uumu. Hidhoonni baay'een yeroo ammaa laggeen irratti ijaaramaa jiran irra caalaatti humna elektirikii maddisiisuuf akka tajaajilaniidha. Kanaaf, akka fakkeenyaatti hidhoota Itoophiyaa keessatti ijaaramanii fi ijaaramaa jiran fudhachuun ni danda'ama. Isaanis:

1. Laga Hawaas irratti Hidha Qooqaa
2. Laga Abbayya irratti Hidha Xiis-Abbaay, Xaanaa Balasii fi Iddaasee
3. Laga Fincaa'aa irratti Hidha Fincaa'aa
4. Laga Waabii Shabalee irratti Hidha Malkaa Waakkannaa
5. Laga Gibe irratti Hidha Gibee $1^{ffaa}$, $2^{ffaa}$ fi $3^{ffaa}$
6. Laga Takkazee irratti Hidha Takkazee fa'a.

Hidhoota madda humna elektirikii maddisiisaan haala kanaan Itoophiyaa keessatti babaldhisuun humna elektirikii biyya keessatti barbaachisu guuttachuu fi gabaa biyyoota ollaatiif dhiyeessuuf ni fayyada.

## GOCHA 2.4

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Biyya Suudaan keessatti bakka Gaaziraan qotiisa jallisiitiin beekamte itti argamtu wixinee kaartaa irratti kaasiitii agarsiisi.
2. Wixinee kaartaa Itoophiyaa kaasuun laggeen Itoophiyaa keessatti humna Elektirikii maddisiisaa jiranii fi piroojeektiin ijaarsi humna Elektirikii irratti gaggeeffamaa jiru halluu addaa dibuun agarsiisi.

## 2.5. QILLEENSA MARSAA LAFAA

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Baqqaanota qilleensa marsaa lafaa addaan ni baafatta.
- Qabiyyeewwan baqqaana qilleensa marsaa lafaa isa gara lafaatti aanuu ni tarreessita.
- Fakkii qilleensa marsaa lafaa baqqaanota afuritti qoqqooddee kaasuun ni agarsiifta.

### Baqqaanota Qilleensa Marsaa Lafaa

Gara mata duree barannoo kanaatti osoo hin seeniin dura qabxiiwwan armaan gadii tokko tokkoon kaasuun bakka barsiisaan/ftuun keessan jiranitti hiriyaa kee wajjiin walitti himaa.

1. Qilleensi marsaa lafaa maal akka ta'e walii ibsaa
2. Qilleensi marsaa lafaa faayidaa qaba yoo jettan tokko tokkoon tarreessuun walitti himaa.
3. Miidhaan qilleensi marsaa lafaa geessisuu danda'a jettanis yoo jiraate tarreessuun walitti himaa.

Qilleensi marsaa lafaa akka bullukkootti lafa uwwisee argama. Kana irraa kan ka'een carallaa altiraavaayoleetii gara lafaatti dhufu ittisuun balaa lubbu qabeeyyi lafa irra jiraatan irra gahuu danda'u ni baraara. Lafti akka hoo'a ishii hin dhabne qilleensi hoo'aan lafa irraa ka'ee akka hin bittinnoofne ni ittisa.

Dhiibbaan qilleensaa lafa dakee qarqara galaanaa (mean sea level) irratti olaanaadha. Olka'iinsa lafaa dabalaa deemuun dhiibbaan qilleensaa gad bu'aa dhufa. Fakkeenyaaf, olka'iinsa 5.6km irratti ulfaatinni qilleensaa 50%n gad bu'a. Olka'iinsa 10km irratti ulfaatinni qilleensaa kun 90%n gad bu'a. Olka'iinsa 100km irratti ulfaatinni qilleensaa walumaagalatti sadarkaa dhabamuu irra gaha.


Qilleensi marsaa lafaa walmakaa gaasota garaagaraati. Isaan qabiyyeen isaanii baldhaa ta'e armaangaditti dhiyaataniiru.

**Gabatee 2.2: Qabiyyee gaasota Qilleensa Marsaa lafaa**

| Maqaa Gaasii | Qabiyyee Qilleensa marsaa lafaa keessatti qabu (%) |
|---|---|
| Naayitroojiinii | 78.0 |
| Oksijiinii | 20.9 |
| Argoon | 0.9 |
| Kan biroo | 0.2 |

Qilleensi marsaa lafaa haala tempireecharaa irratti bu'uuree baqqaanota afuritti hirma. Isaanis fuula lafaa irraa gara samiitti tartiibni isaanii Tirooppoosfeerii, Istiraatoosfeerii, Mesoosfeerii fi Tarmoosfeeriidha.

1. **Tirooppoosfeerii:** Yabbinni isaa dagalee lafaatiin garaagarummaa qaba. Naannoo mudhii lafaatti fuula lafaa irraa eegalee asii ol yabbina 17 km ta'e qaba. Naannoo bantiilee lafaatti gara 7 km ol fageenya qaba. Qilleensi kun gara fuula lafaa irratti hoo'a guddaa qaba. Olka'iinsa dabalaa deemu wajjin hoo'i (tempireecharri) isaa gad bu'aa dhufa. Baqqaana kana keessatti sababa garri jala isaa hoo'a guddaa argatuuf hoo'a carallaa biiftuu kallattiin gara fuula lafaatti dhufu calaqqisaan dhiyeenyatti waan argatuufidha.




**Fakkii 2.5.** Baqqaanota qilleensa marsaa lafaa.

Baqaana qilleensa tirooppoosfeerii keessatti Hurki bishaanii fi dhukkeen adda addaa ni argama. Haalli kun dhiibbaan (ulfaatinni) qilleensa baqqaana kana keessatti guddaa ta'uu isaa muldhisa. Ulfaatina qilleensaa marsaa lafaa keessaa 80% kan ta'u baqqaana qilleensaa kana keessatti hammatama. Daangaan tirooppoosfeerii garri gubbaa tirooppooppas jedhamuun beekama.

2. **Istiraatoosfeerii:** Daangaan isaa inni jalaa tirooppooppas irraa eegala. Daangaan isaa gubbaa istiraatooppasiin 50 km fuula lafaa irraa olfagaatee argama. Istiraatoosfeerii keessatti hoo'i qilleensaa garri jalaa hanga ol ka'iinsa 20 km keessatti hin jijjiiramu. Sanaa olitti hanga istiraatooppasiitti hoo'i qilleesaa kun dabalaa deema. Baqqaana kana keessatti olka'aa deemuu hamma hoo'aaf (tempireecharaaf) sababa kan ta'e carallaa altiraavaayoleetii oozoniin liqimfamee hafuudha.
3. **Meesoosfeerii:** Daangaan isaa inni gubbaa meesooppasiin fuula lafaa irraa 90 km ol fagaatee argama. Hammi tempireechara qilleensa marsaa lafaa baay'ee diilallaa'aan (–85°c) baqqaana kana keessatti galmaa'e. Qilleensi haala malee diilallaa'aa ta'e kun Hurki qilleensa keessatti gara cabbii daakamaa jajjaboo fakkaatutti jijjiiramuun hurrii (duumessa) dukkanaa'aa qilleensa keessatti uumu.
4. **Tarmoosfeerii:** Daangaan tarmoosfeerii inni jalaa meesooppasiidha. Daangaan isaa inni gubbaa olka'iinsa kana jedhamee taa'e hinjiru. Ragaaleen tokko tokko garuu eksoobeeziidha jechuun lafa kaa'u. Tarmoosfeerii keessatti tempireecharri saffisa guddaan dabalaa deemuun hanga 1,500°c kan olka'u ta'uu isaa ragaaleen tokko tokko ni muldhisu.

Baqqaanonni qilleensaa olka'iinsa adda addaa irratti argaman dhiibbaan isaanii garaagara ta'uu isaa hubatteerta. Qabiyyeewwan garaagaraa qaban kanaan faayidaan baqqaanonni qilleensaa kennan wal fakkaataa miti. Fakkeenyaaf, baqqaanni balallii xiyyaaraaf mijaa'aa ta'e tirooppooppasii daangaa

tirooppoosfeerii fi istiraatoosfeerii irratti argamuudha. Olka'iinsi xiyyaaronni baqqaana kana keessatti irra balali'an akka gosa xiyyaaraatti garaa garummaa qaba. Xiyyaarri Konkoordii jedhamu olka'iinsi giddugalaa fuula lafaa irraa olfagaatee balali'u 18,300m ta'a. Olka'iinsi xiyyaaronni biroo fuula lafaa irraa olfagaatanii balali'an jiddugalaan 11,000m hanga 13,000m ta'a.

Sababoonni xiyyaaronni olfageenya fuula lafaa irraa olka'iinsa garaa garaa ta'e irra balali'aniif haallan qilleensaa ciccimoo kanneen akka rooba cimaa, bubbee hamaa fi duumessa dukkanaa'aa ta'an irraa bilisa ta'anii deemuudhaafi. Wantoonni akka oksijiinii fi hoo'aa olka'iinsa fuula lafaa irraa dabalaa deemuun hirdhachaa kan deeman ta'uu isaanii armaan olitti hubatteerta. Haalli kun immoo hafuura baafachuu dadhabuu fi diilallaa'ina guddaa paayileetii (pilot) xiyyaara hoofu irrattis ta'ee imaltoota (passengers) irratti rakkoo guddaa uumuu danda'a ture. Garuu, meeshaan elektirooniksii haala qilleensaa olfageenya xiyyaarich irra deemu to'atee sirreessu xiyyaaricha wajjin walitti hidhamee jira. Meeshaan kun haala oksijiinii (hafuura baafannaa) fi hoo'aa (tempireechara) xiyyaaricha keessaa ni sirreessa (regulates). Kanaafuu, olfageenya xiyyaarri irra balali'uun rakkoon hafuura baafachuu fi hanqina tempireecharaa paayileetii xiyyaara balaliisisu irrattis ta'ee imaltoota xiyyaaraan deeman irraan gahu hin jiru.

**GILGAALA 2.2**

### Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Baqqaanota qilleensa marsaa lafaa arfan olfageenya fuula lafaa irraa qaban itti ida'uun tarreessi.
2. Gaasota qilleensa marsaa lafaa keessatti qabiyyee olaanaa qaban isa guddaa irraa eegaluun gara isa xiqqaatti tartiibaan barreessi.
3. Faayidaa qilleensi Oozonii qabu barreessi.
4. Akkaataa qilleensi marsaa lafaa garri jalaa hoo'a guddaa itti argachuu (qabaachuu) danda'e ibsi.

## 2.6. MALLATTOOLEE FI FAKKIIWWAN KAARTAA BEEKAMOO

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Faayidaa halluuwwan kaartaa irraa ni dinqisiifatta.
- Mallattoolee fi fakkiiwwan kaartaa beekamoon faayidaa kaartaa dubbisuu irratti qaban ni hubatta.
- Wixinee kaartaa kaaftee mallattoolee fi fakkiiwwan kaartaa beekamootti fayyadamtee odeeffannoo dabarsuu ni dandeessa.
- Furtuu kaartaa salphaa ta'e ni hojjatta.

**Kaartaa:** Kaartaan maal akka ta'e kutaalee armaan duraa keessatti baratteetta. Gabaabumatti, kaartaan meeshaa fuula lafaa baay'ee baldhaa ta'e gad xiqqeessee waraqaa xiqqaa irratti agarsiisuudha. Hariiroon baldhina lafaa fi baldhina kaartaa jidduu jiru Iskeelii kaartaa (map scale) jedhama.

Wantoonni fuula lafaa irratti argaman haala kamiin kaartaa irratti agarsiifamu jettee yaadda?

Fuulli lafaa wantoota baay'ee lakkaa'anii xumuruun hin danda'amne ofirraa qaba. Wantoota kanneen hunda gara kaartaatti garagalchuun hin danda'amu. Wantoota muraasa kaartaa sana irratti

agarsiisuu barbaanne irratti xiyyeeffannee kaartaa keenya kaafnee itti fayyadamna. Wantoota kaartaa irratti agarsiifamuu danda'an keessaa teessuma lafaa, faca'iinsa ummataa, biqiltoota, qilleensa baramaa, qaamman bishaana'oo, bineensota, lafa qotiisaa, naannoolee albuuddan itti argaman, karaalee makiinaa fi baaburaa, industirii fi kanneen biroo akka fakkeenyaatti fudhachuu ni dandeenya. Wantoonni kunniin hundi diba halluutiin, mallattoolee fi fakkiiwwaniin kaartaa irratti agarsiifamu.

### (A) Faayidaa Halluuwwanii


Kaartaa irratti halluu barbaanne dibnee haala teessuma lafaa yookiin qaamman bishaana'oo agarsiisuu hin dandeenyu. Gosti halluu teessuma lafaa kaartaa irratti agarsiisuuf itti fayyadamnu olka'iinsa lafaatiin garaagarummaa qaba. Gosti halluu filatamuu fi olka'iinsi lafaa irratti dibamu haala sadarkaa addunyaatti namoota kaartaa kaasanii fi kaartaa dubbisaniin fudhatama argate hordofuu qaba.

Haala kaartaa irratti halluun itti dibamu kana sirriitti hubachuuf kaartaa halluu gosa adda addaa dibamee kaafame tokko filadhuu ilaali. Sana booda gosoota halluu:

- Qaamman bishaana'oo, lafa qarqara galaanaa irraa eegalee hanga gubbaa gaarreen dhedheerootti dibaman,
- Karaa makiinaa, daandii baaburaa, daangaa biyyootaa, sararaawwan humna ibsaa fi kanneen kana fakkaatan agarsiisuuf dibaman addaan baafadhu.

Kaartaa ilaaltee fi marii hiriyaa kee wajjin taasfteen kaartaa irratti halluun gosti kam maal agarsiisuuf akka dibamu hubateerta. Waan hubatte kana qabadhuutii ibsa armaan gadii waa'ee diba halluu ilaalchisee kenname qo'adhu.

1. **Qaamman bishaana'oo:** Halluu cuquliisa (blue colour) kaartaa irratti agarsiifamu. Gosoonni halluu cuquliisaa qaamman bishaana'oo gad fageenya garaa garaa agarsiisan:
   (*a*) *Cuquliisa adii*: Qaamman bishaana'oo sirrii irra galaanaatii gaditti gadfageenya hanga 200m qaban agarsiisuuf dibama.
   (*b*) *Cuquliisa dooqee*: Qaamman bishaana'oo sirrii irra galaanaatii gaditti gadfageenya 200m hanga 4000m qaban agarsiisuuf dibama.
   (*c*) *Cuquliisa gurraacha*: Qaamman bishaana'oo sirrii irra galaanaatii gaditti gadfageenya 4000m ol qaban agarsiisuuf dibama.





**Fakkii 2.6.** Gosoota halluu teessuma lafaa agarsiisuuf dibaman

2. **Teessuma Lafaa:** Haala waliigalaan yoo ilaalaman halluu daammiin (brown color) agarsiifama. Garuu, kaartaa fiizikaalaa fuula lafaa agarsiisu (topographical map) irratti qarqara galaanaa irraa hanga gubbaa gaara guddaatti halluun dibamu garaa gara ta'ee muldhata. Fakkii 2.6 ilaali.
   (*a*) *Halluu magariisa gurracha* (*deep green colour*): Qarqara galaanaa irratti dibama. Hanga olka'iinsi lafaa dabalaa deemu halluun kun haphachaa deemee gara halluu keellootti jijjiirama. Naannoon lafa dakee baldhaan kaartaa fiizikaa irratti halluu gosa kanaan dibamanii muldhatu.
   (*b*) *Daammii* (*brown colour*): Halluun gosa kanaa lafa olka'iinsa jiddu galaa qabu agarsiisuuf dibamu. Naannoon lafa pilaatoo kaartaa fiizikaalaa irratti halluu kanaan agarsiifamu.
   (*c*) *Halluu diimaa hanga adii* (*red to white colours*): Naannoowwan olka'iinsa guddaa qaban kanneen akka gaarreen dhedheeroo fi gubbaa isaanii agarsiisuuf dibamu. Gubbaa gaarreen dhedheeroo akka gaara Evarastii fi Kiiliimaanjaroo cabbii kuufamaa isaan irra jiru agarsiisuuf halluu adii dibamu.

### (B) Mallattoolee fi Fakkiiwwan Beekamoo

Kaartaa dubbisuuf mallattoo kaartaa beekuu barbaachisa. Namni kaartaa dubbisuu barbaadu kamiyyuu osoo hiikaa mallattoolee fi fakkiiwwan kaarticha irraa hin beekiin odeeffannoo kaartaan tokko dabarsu beekuu hin danda'u. Mallattooleen kaartaa irratti "Qubee" yookiin "Fakkii waan qabatamaa tokkoon" agarsiifamuu ni danda'a. Hiikkaan mallattoolee kaartaa handaara (qarqara) kaartichaa irratti kennama. Hiikkaan kun **Furtuu Kaartaa (Map Key)** jedhamuun beekama. Furtuu kaartaa jalatti wantoota mallattooleenii fi fakkiiwwan kaarticha irratti agarsiisuuf bakka bu'an tokko tokkoon ibsii irratti kennama. Fakkeenya fakkii 2.7 irraa ilaali.





**(Madda: Atlas for Secondary Schools of Ethiopia, MOE, 1984)**

**Fakkii 2.7.** Mallattoolee fi Fakkiiwwan kaartaa

## GILGAALA 2.3

Wantoota fakkiiwwan jecha furtuu jedhu jalatti tarreeffaman kaartaa irratti bakka bu'an bakka dhuwwaa sii kenname irratti barreessuun agarsiisi.




**Fakkii 2.8.** Shaakalaaf

### Cuunfaa

Fuulli lafaa dachee fi qaamman bishaana'ootti qoodama. Dacheen qaama fuula lafaa jabaataa ardiilee torbatti hiramtuu fi teessuma lafaa kanneen akka gaarreenii, sulullanii fi lafa diriiraa of keessatti hammateedha. Qaamman bishaana'oon fuula lafaa Garbawwan Gurguddoo, Galaanota, Harawwanii fi Laggeen yoo ta'an fuula lafaa 70% ta'u uwwisanii argamu.

Haalli teessuma lafaa Naannoo Baha Afrikaa gaarreen dhedheeroo, sulullan garaagaraa fi lafa dakee diriiraa baldhaa hammatee argama. Qaamman bishaana'oon akka Garba Guddaa Hindii, Galoo Galaana Eedanii fi Galaana Diimaa naannicha marsanii argamu. Qaama lafa naannichaa irratti laggeenii fi harawwan baay'eetu argama. Qabeenyi bishaanii dhugaatii namaa fi beeladaaf, qotiisa jallisiif, humna elektiriikii maddisuu fi tajaajila geejjibaa waan kennuuf misooma dinagdee keessatti faayidaa olaanaa qaba.

Lafti qilleensa atimoosfeera jedhamuun marfamtee argamti. Atimoosfeerri naannawa lafaa kun baqqaanota afur kanneen tirooppoosfeerii, istiraatoosfeerii, meesoosfeerii fi tarmoosfeerii jedhaman qaba. Qilleensi naannawa lafaa carallaa biftuu lubbu qabeenyyii irratti miidhaa fidu kan akka altiraavaayoleetii fa'aa ittisuu fi jiidhinsaa fi hoo'a lafa irraa akka hin jijijjiiramne ittisuuf fayyada.

Meeshaan qaama lafaa baldhaa reeshoon gad xiqqeessee akka bakka tokkotti muldhatu taasisu kaartaa jehama. Kaartaan mallattoolee, fakkiiwwanii fi halluu adda addaa qaamman fuula lafaa irratti argaman bakka bu'anii agarsiisanitti fayyadamuun kaafama.

## GAAFFILEE XUMURA BOQONNAA 2

### Kutaa I: Himoota armaan gadii "Dhugaa" yookiin "Soba" jechuun deebsi.

1. Dacheen qaama irra lafaa ardiilee torbatti qoodamuudha.
2. Bishaan hara Viiktooriyaa soogiddaa'aadha.
3. Halluun gosa adda addaa kaartaa irratti dibamu teessuma lafaa olka'iinsaan, qaamman bishaana'oo gad fageenyaan agarsiisuuf fayyada.

### Kutaa II: Isaan armaan gadii walitti firoomsuun deebii kenni.

| A | B |
|---|---|
| 1. Gaara Afrikaa keessatti olka'iinsa guddaa qabu | A. Ruwaanzoorii |
| 2. Qaama sirna biiftuu | B. Lafa |
| 3. Bakka qaama bishaanii gad fageenya gudda qobu | C. Tarmoosfeerii |
| 4. Gaara Baha Afrikaa keessatti gad sigigaachuun lafaatiin uumame | D. Maariyaanaa Tireenchi |
| 5. Baqqaana qilleensaa tempireecharri isaa saffisa guddaan dabalaa deemu | E. Kiiliimaanjaaroo |

### Kutaa III: Gaaffiwwan armaan gadiif filannoo sirrii ta'e kenni.

1. Baqqaanoota lafaa keessaa kan maagimaan madda dhohiinsa volkaanoo ta'e keessatti argamu:
   A. Irra lafaa  B. Keessa lafaa
   C. Handhura lafaa gara keessaa  D. Hundhura lafaa gara alaa.
2. Garbawwan Gurguddoo addunyaa keessaa kan bantii kaabaa irratti argamu:
   A. Atilaantik  B. Paasifik
   C. Hindii  D. Arkitik
3. Laggeen Addunyaa keessaa inni dheerina guddaa qabu ardii kam keessatti argama?
   A. Eeshiyaa  B. Afrikaa
   C. Awurooppaa  D. Awustiraaliyaa
4. Bishaan hidhamee hara uume faayidaa kamiif oola?
   A. Qotiisa jallisiif  B. Humna ibsaa maddisiifuuf
   C. Geejjibaaf  D. Hundi sirriidha
5. Naannoo Baha Afrikaa keessatti lafti pilaatoo baldhaa ta'e gara kallattii kamiitti argama?
   A. Gara kibba bahaatti  B. Gara kaaba dhihaatti
   C. Gara kibba dhihaatti  D. Gara kaaba bahaatti
6. Biyyi naannoo Baha Afrikaa Garba Guddaa Hindii wajjiin daangaa dheeraa qabdu kami?
   A. Somaaliyaa  B. Keeniyaa
   C. Taanzaaniyaa  D. Jibuutii

7. Qilleensa marsaa lafaa keessaa kan dhukkee fi hurkaan guutamee argamu isa kami?
   A. Tarmoosfeerii B. Istiraatoosfeerii
   C. Meesoosfeerii D. Tirooppoosfeerii
8. Meeshaan qaama lafaa baldhaa bakka bu'ee waraqaa irratti agarsiisu maal jedhama?
   A. Kaartaa B. Pilaanii
   C. Fakkii D. Suuraa

## Kutaa IV: Isaan armaan gadii kenniin ibsi.

1. Garaagarummaa haraa fi galaana jidduu jiru barreessi.
2. Sababa xiyyaaronni baay'een lafa irraa olfagaatanii daangaa baqqaanota Tirooppoosfeerii fi Istiraatoosfeerii irra deemanii ibsi.
3. Faayidaa mallattooleenii fi fakkiiwwan handaara kaartaa qaban ibsi.
4. Maqaa harawwan gurguddoo naannoo Baha Afrikaa lama kanneen sulula qiinxamaa guddaan alatti argamanii barreessi.

Boqonnaa 3

# Naannoo Keenya

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Barnoota boqonnaa kanaa barattee erga xumurtee booda:**

- Naannoo Baha Afrikaa keessatti gosootaa fi faca'iinsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa, akkasumas haallan biqiltootaa fi bineensota kanneen irratti dhiibbaa uuman addaan ni baafatta.
- Sababootaa fi dhiibbaa dhalli namaa naannoo uumamaa irraan gahu ni hubatta
- Maloota kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa akkasumas barbaachisummaa Paarkiiwwan biyyoolessaa ni ibsita.
- Sochii kunuunsaa naannoo kee keessatti taasifamu irratti hirmaachuuf fedhii qabdu hojiin ni agarsiifta.

## 3.1. BIQILTOOTA UUMAMAA FI BINEENSOTA BOSONAA NAANNOO BAHA AFRIKAA

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Faca'iinsa biqiltoota uumamaa wajjin walbira qabdee haala jireenya bineensota bosonaa ni ibsita.
- Akkaata bineensonni bosonaa naannoo jireenya isaanii keessa itti jiraatan ni qalbeeffatta.

Naannoon Baha Afrikaa teessuma lafaa adda addaa akka qabu boqonnaa lammaffaa keessatti baratteerta. Garaa garummaan teessuma lafaa facaatii qilleensa baramaa irratti dhiibbaa uuma. Garaagarummaa qilleensa baramaa haala teessuma lafaatiin uumamu kana naannoo keenya keessatti gammoojjii, badda daree fi baddaa jennee bakka sadii gurguddaatti addaan qoonnee ilaaluu ni dandeenya. Hammi roobaa fi tempireecharaa naannoo lafa baddaa, badda daree fi gammoojjii wal fakkaataa miti. Facaatii hamma roobaa fi tempireecharaa bu'uura godachuun naannoo Baha Afrikaa keessatti facaatiin biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa bakkaa bakkatti garaagarummaa qaba.

Gosoonni biqiltoota uumamaa naannoo baha Afrikaa bakka gorguddo sadiiti qoodamu. Isaanis- bosona, margaa fi micireedha.

(*a*) **Bosona:** Naannoon Baha Afrikaa bosona rukkataa kan akka bosona roobaa naannoo mudhii lafaa hin qabu. Lafa Pilaatoo rooba fooyya'aa qabu kan akka naannoo hara Viiktooriyaa, lafa olka'aa jiddu galeessa Itoophiyaa fi lafa Pilaatoo kibba Sudaan bosona rukkina hin qabnee fi baala harcaafatoo ta'an qabu.

(*b*) **Lafa margaa (Savana):** Naannoo Baha Afrikaa keessatti lafa baldhaa uwwisee argama. Lafti margaa mukaan walmakaa, lafa marga dhugaa fi miciree jedhamuun beekama. Lafti margaa mukaan walmakaa daangaa lafa bosonaa hangi roobaa argatu fooya'aa ta'etti marga. Taanzaaniyaa keessatti lafti diriiraan Sarangeetii, naannoon kibba Ugandaa, lafti jiddugaleessa Itoophiyaa fi lafti biyyee suphee biyya Sudaan gosa lafa margaa kanaatiin uwwifamanii argamu. Gosa marga kanaa keessatti mukkeen wal irraa faffagaatanii margu. Margi isaas dhedheeraadha.

Lafti marga dhugaa marga muka baay'ee of keessaa hin qabneedha. Bineensonni marga dheedan lafa marga kana keessatti argamu. Garuu, naannoo lafti bishaan qabu jirutti mukkeen ni margu. Keessattuu, qarqara laga waggaa guutuu bishaan qabu hordofuun mukkeen gurguddoon ni margu. Gosti margaa inni sadaffaan lafa miciree qoraatta'oo ta'aniin uwwiffamee argamuudha. Naannoo kana keessatti hammi roobaa waggaan dhufu baay'ee gadi aankanaa kan 100mm hin caaleedha. Karaa biraatiin immoo hammi hoo'aa waggaan argatu olaanaadha. Fakkeenyaaf, jiddugaleessi hamma hoo'aa ji'a Adoolessaa naannoo kana keessatti 35°c ol ta'a. Biqiltuun gosa kanaa naannoo kaaba Sudaan, qarqara Galaana Diimaa fi Galoo Galaana Eedan uwwisee argama.

Gosnii fi baay'inni bineensota naannoo Baha Afrikaa keessa jiraatanii haala facaatii biqiltoota uumamaa irratti hundaa'a. Naannoo bosonaa keessa bineensota haala salphaan muka irraa gara mukaatti utaaluu fi keessa deemuu danda'anitu jiraata. Bineensonni bosonaa qaamaan baay'ee gurguddoo ta'an naannoo lafa margaa keessa jiraatu. Fakkeenyota lafa bosonaa, lafa margaa fi miciree akka walduraa duuba isaaniitti Ugaandaa, Keeniyaa fi Itoophiyaa keessaa fudhachuun facaatiin biqiltootaa fi bineensota naannoo Baha Afrikaa hubachuu yaali.

**Bosona Ugaandaa:** Akka qo'annaan Laangal-Birowun (1964) agarsiisutti Ugaandaa keessatti biqiloonni uumamaa marga, mukkeenii fi bosonaa jedhamanii bakka sadiitti qoodamu. Garaagarummaan kun olka'iinsa lafaa, tempireecharaa fi hamma roobaa irratti hundaa'ee kan uumameedha. Lafti margaa Ugaandaa keessatti argamu lafa margaa darbee darbee mukkeen of keessaa qabuudha. Bosonni gosa lammaffaa Ugaandaa keessatti argamu bosona mukkeen dheerina jiddugaleessaa haphinaan keessatti marganiidha. Bosonni kun biqiltoota margaa yabbina hin qabneen walitti makamee marga.

Ugaandaa keessatti bosonni godina hoo'aa naannoo roobaa (tropical high forest) ni argama. Mukkeen bosona kana keessatti margan dheerina hanga 50m ta'u qabu. Dheerina gosoota mukkeen keessatti marganii irratti hundaa'ee baqqaanotatti qoodama. Qabeenyi bosonaa Ugaandaan qabdu bosona kana irratti hundaa'a.

Gosoota bosonaa kanneen keessa bineensota gosoota adda addaatu jiraata. Bineensonni akka jaldeessaa, qamalee, weennii bosona rukkataa keessa jiraatu. Naannoo lafa margaa keessa bineensonni jiraatan bineensota gurguddoo akka arbaa, gafarsa, hardiidoo, warsessaa, sattawwaa fa'aatu keessa jiraata. Ugaandaa keessatti bineensonni bosonaa kunniin akka hin mancaanee fi madda turiizimii ta'uu akka danda'an paarkonnii fi bakkeewwan eegumsa bineensota bosonaa garaa garaa hundeeffamaniiru.

Ugaandaa keessatti bosonni qoraaniif, lafa qotiisaa baasuu fi ijaarsaaf baay'inaan cirama. Ugaandaa keessatti bosonni waggaa waggaan saffisa 2%tiin gad bu'aa deema. Ugaandaa keessati bosonni akka saffisaan manca'ee badu kan taasisu bosona ciranii lafa qotiisaa baasuudha. Kun immoo dingdee Ugaandaa waggaatti bu'aa bosonaa irraa galii 6% ta'u argatu miidha. Kana malees, bosona mancaasuun bineensola bosonaa bakka jireenyaa fi nyaata isaanii dhabanii akka baqatanii fi dhuman taasisa.


Bineensonni baqatanii baduunii fi dhumuun faayidaa fi galii biyyi tokko qabeenya bineensota bosonaa irraa argattu dhabsiisa. Fakkeenyaaf, galii turiizimii irraa argamu.

**Keeniyaa:** Biqiltoota gosa hedduutu Keeniyaa keessatti argama. Qarqara Garba Guddaa Hindiitti bosona mukkeen gurguddoo of keessaa qabutu jira. Lafti baldhaan jiddugala Keeniyaa margaan uwwifamee argama. Gaarreen dhedheeroon akka gaara Keeniyaa biqiltoota naannoo lafa baddaa diilallaa'aa uffatanii argamu. Haala kana irraa wanti hubattu Keeniyaa keessattis olka'iinsa lafaa jijjiiramaa deemuun gosoonni biqiltootaa argamanii garaa gara ta'uu isaati.

Keeniyaa keessatti bineensota bosonaa gosa adda addaatu gosa biqiltootaa marganii fi haala qilleensa baramaa irratti hundaa'ee argama. Keessattuu, lafti margaa Keeniyaa bineensota gurguddoo gosa adda addaa qabaachuun Afrikaa keessatti beekamaadha. Bineensota kanneen daawwachuuf turiistoonni waggaa waggaan gara Keeniyaatti seenan lakkoofsi isaanii baay'ee olaanaandha. Kunis galii biyya Keeniyaa guddisuu keessatti bakka olaanaa gaba.

Biyyi Keeniyaa wantoota qabeenya bineensota bosonaa irratti dhiibbaa uuman to'achuuf paarkotaa fi bakkeewwan eegumsa bineensotaa (Game Reserves) baay'ee hundeessiteerti. Kanniin keessaa tokko Geem Paarkii Maasaayi Maaraati.

**Geem Paarkii Maasaayi Maaraa:** Gara kibba-dhiha Keeniyaa Taanzaaniyaa wajjin wal daangessu irratti argama. Paarkiin kun lafa baldhina 1,510 $km^2$ ta'e irratti kan hundeeffameedha. Paarkiin kun karaa kibba dhihaatiin Paarkii Sarangeetii biyya Taanzaaniyaa keessatti argamu wajjin wal daangessa. Paarkonni Maasaayi Maaraa fi Sarangeetii walitti fufanii argamuun bineensota margaa fi bishaan barbaaduuf waqtiin socho'an akka Paarkii keessaa hin baane gochuuf gargaareera. Akka qo'annaan muldhisutti paarkoota kanneen keessa bineensonni gara miliyoona lamaatti tilmaamaman margaa fi bishaan argachuuf waqtii eeganii kan socho'an ta'uun isaanii hubatameera. Kana keessaa kan gara 200,000tti tilmaamamu harree corree (zebra) dha. Bineensonni kunniin ji'oota Adoolessaa fi Hagayya keessa haala ajaa'ibsiisaa ta'een wal hordofanii lafa Maasaayi Maaraa baldhaa fi dhukkeen guutame keessa gara kallatti kaabaatti godaanu. Ji'a onkoloolessaa keessa immoo akka gosa gosa isaaniitti wal harcaasaa gara kallattii kibbaatti socho'uun Paarkii Sarangeetiitti dhufu.



**Fakkii 3.1.** Sochii haree corree waqtiin muldhatu

Paarkii Maasaay Maaraa keessa bineensota gurguddoo nyaata isaanii foonii fi biqiltoota irratti hundeessan heddutu jiru. Fakkeenyaaf bineensota foon nyaatan keessaa leenci baay'inaan argama. Kanneen akka amaaqexaa, qeerransaa fi waraabessaas ni jiru. Bineensonni marga dheeduu fi


biqiltuuwwan gosa adda addaa nyaachuun parkii kana keessa jiraatan baay'eedha. Fakkeenyaaf: Arba, sattawwaa, roobii, re'ee diidaa fi qorkee fa'a of keessaa qaba.

Paarkiin Maasaayi Maaraa paarkoota Keeniyaa keessatti argaman hunda caalaa waggaan turiistoota baay'een daawwatama. Haa ta'u malee, sagaleen konkolaataa turiistoonni ittiin deeman bineensota tokko tokko dammaqsee/wareersee/akka baqatan taasisaa jira. Gommaan konkolaataas lafa quncisee biqiltoota nyaata bineensotaa mancaasaa jira. Karaa biraatiin ummanni Maasaayi naannoo paarkichaa jiraatu horii isaa gara paarkichaatti bobbaasuuf walitti bu'iinsa uuma. Mootummaan Keeniyaa haallan biqiltoota uumamaa dawoo bineensota bosonaa ta'an itti qabamuu danda'an ilaalchisee qajeelfamoota baasuu keessatti rakkoowwan paarkota wajjin walqabatanii ka'aniif furtee kan kennu ta'uu isaa qorannich ni agarsiisa.

**Itoophiyaa:** Biyyoota Baha Afrikaa teessuma lafaa garaa garaa qaban keessaa Itoophiyaan ishii tokkoodha. Teessuma lafa kana irratti hundaa'ee Itoophiyaan gosoota qilleensa baramaa baddaa, badda daree fi gammoojjii akka qabdu armaan olitti ibsameera. Mata duree kana jalatti akka fakkeenya lafa gammoojjiitti qo'annaan biqiltootaa fi bineensota lafa gammoojjii Itoophiyaa irratti xiyyeeffate dhiyaateera.

Itoophiyaa keessatti biqiltoonni gammoojjii naannoo olka'iinsi lafaa gadaanaa ta'e keessatti argamu. Naannoon kun lafa dakee kibba bahaa, lafa sulula qiinxamaa guddaa keessatti argamuu fi naannoo kaaba dhihaa dangaa biyya Sudaan irratti argamuudha. Naannoon lafa gammoojjii Itoophiyaa kun hoo'a (tempireechara) guddaa jiddu-galeessi isaa waggaan 25°c ol ta'e qaba. Hammi roobaa jiddu-galeessaan waggatti argatus 100-550 mm hin caalu. Haala kana irraa naannoon lafa gammoojjii Itoophiyaa hoo'a olaanaa ta'ee fi rooba xiqqaa kan qabu ta'uu isaa ni hubatta.

Naannoo lafa gammoojjii Itoophiyaa keessatti biqiltoonni margan kanneen hoo'a cimaa fi rooba gadaanaa ta'e kana keessatti jireenya isaanii itti fufuu danda'aniidha. Baay'een isaanii biqiltoota qoraatta'oo bifa micireetiin muldhataniidha. Miciree kana keessatti biqiloonni gosa laaftoo baay'inaan muldhatu. Bakkeewwan micireen haphina qabutti marga jabaataa ta'etu argama. Sulula bishaan lagaa keessa yaa'u hordofuun kanneen akka laggeen Daawaa, Gannaalee, Wayibii fi Waabii Shabalee irratti mukkeen gurgrddoon ni argamu.




**Fakkii 3.2.** Faca'iinsa biqiltootaa uumamaa Itoophiyaa

Naannoo lafa gamoojjii Itoophiyaa kana keessatti bineensota bosonaa gosa hedduutu argama. Bineensota marga dheeduu fi baala cirachuun jiraatan keessaa sattawwaa, Gafarsa, harree diidaa, harree corree, saalaa, re'ee diidaa fi arba fa'aatu argama. Bineensota foon nyaatoo ta'an keessaa leencii fi amaaqexni ni argamu. Bineensonni foon nyaatan isaan biqiltoota nyaatan irratti bu'uuranii jiraatan nyaachuun jiraatu. Bineensonni biqiltoota irratti bu'uuranii jiraatan bara caamni dheeratee waan nyaatanii fi bishaan dhugan dhaban gara biyyoota ollaa akka Keeniyaa fa'aatti baqatu. Karaa biraas naannoon gammoojjii Itoophiyaa kun naannoo horsiifattoonni baay'inaan keessa jiraataniidha. Naannicha keessatti beeyiladoonni namni horsiisu baay'achaa deemuun bineensota marga dheedan wajjin marga wal jalaa fixuu fida.

**GILGAALA 3.1A**

**Gaaffiilee Gaggabaabaa**

1. Wantoota facaatii biqiltootaa fi bineensotaa irratti dhiibbaa uuman tarreessi
2. Hariiroo biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa jidduu jiru barreessi
3. Garaagarummaa biqiltoota bosona Ugaandaa, lafa margaa Maasaayi Maaraa fi lafa gammoojjii Itoophiyaa jidduu jiru barreessi.

## Haallan Baha Afrikaa Keessatti Faca'iinsa Biqiltoota Uumamaa fi Bineensota Bosonaa Murteessan

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana barattee erga xumurtee booda:

- Haallan gurguddoo faca'iinsa biqiltoota uumamaa murteessan addaan baasuun ni ibsita.
- Baay'ina ummataa dabalaa deemuun miidhaan naannoo irra gahu bineensota bosonaas kan miidhu ta'uu isaa ni ibista.
- Faayidaa biqiltoonni umamaa fi bineensonni bosonaa Baha Afrikaa keessatti guddina aadaaf qaban ni ibsita.
- Galiin turiizimii irraa argamu eegumsaa fi kunuunsa bineensota bosonaa fi naannoo jireenya isaaniitiif godhamu kan gargaaru ta'uu ni hubatta.

Wantoota gurguddoo faca'iinsa biqiltootaa irratti dhiibbaa uuman maal fa'a sitti fakkaata? Wantoota faca'iinsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti dhiibbaa uuman bakka lamatti hiruun qo'achuu dandeessa. Isaanis haallan uumamaa fi sochii namati.

### 1. Haallan Uumamaa


Haallan uumamaa naannoo Baha Afrikaa keessatti faca'iinsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti dhiibbaa guddaa uuman qilleensa baramaa, gosa biyyee fi garaagarummaa olka'iinsa lafaa jidduu jiruudha.

(A) **Qilleensa Baramaa:** Elemeentoota qilleensa baramaa keessaa isaan faca'iinsa biqiltoota uumamaa irratti dhiibbaa guddaa uuman tempireecharaa fi rooba. Tokkoo tokkoon gosa biqiltuu hamma tempireecharaa fi roobaa guddinaa fi jireenya isaatiif mijaa'aa ta'e barbaadu. Haala kanaan

naannoo hoo'ii fi roobni guddaa ta'e keessatti bosona rukkataa biqiltoota gosa adda addaa of keessaa qabutu marga. Baha Afrikaa keessatti bosonni godina hoo'aa naannoo roobaa jiraachuu baatus bosonni Ugaandaa keessatti argamu kanaaf fakkeenya gaarii ta'a. Naannoo gaarreen gurguddaa irratti hoo'i akka malee gad bu'a. Naannoo gammoojjii keessatti immoo hammi roobaa argamu baay'ee gadaanaadha. Gad bu'uun hamma hoo'aas ta'ee dhabamuun roobaa guddina biqiltootaa irratti dhiibbaa guddaa qaba. Kanaafuu, gubbaa gaarreen gurguddoo fi lafa dakee naannoo Baha Afrikaa keessatti biqiltoonni margan miciree haala hoo'aa fi roobaa naannoo itti argamanii wajjin wal baruu danda'aniidha.

(B) **Gosa biyyee:** Biqiltoonni lafa qabatanii marguuf, nyaata guddina isaaniitiif ta'u argachuuf biyyee barbaadu. Biqiltuun biyyeen irratti margu mijaa'aa ta'eef rakkoowwan akka gogiinsaa fi diilallaa'inaa dandamachuu danda'a. Haala kanaan naannoo Baha Afrikaa keessatti gosti biyyee argamu gosoota biqiltootaa bakkeewwan adda addaatti margan irratti dhiibbaa qaba.

(C) **Olka'iinsa lafaa:** Naannoo Baha Afrikaa keessatti olka'iinsa lafaa dabalaa deemuun gosoonni biqiltoota uumamaan margan garaagar ta'uun isaanii ifatti muldhata. Kunis gosa, rukkinaa fi guddina biqiltoota marganiitiin addaan baha. Garri fuulli gaaraa itti garagalee jirus gosoota biqiltoota marganii irratti dhiibbaa qaba. Fuulli gaaraa gara kallattii hoo'i dhufuutti garagalee jiru guddina biqiltoota garaagaratiif mijaa'aadha. Gosa biqiltootaa olka'iinsa lafaatiin muldhatu fakkii gaara Kiiliimaanjaaroo ilaalchisee armaan gaditti dhiyaate irraa ilaali.




**Fakkii 3.3.** Gosa biqiltuu olka'iinsa lafaatiin muldhatu

Haallan uumamaa faca'iinsa biqiltootaa irratti dhiibbaa uuman faca'iinsa bineensota bosonaa irrattis dhiibbaa ni uumu. Keessattuu, jijjiirama qilleensa baramaa yeroo yeroon muldhachaa jiruun jireenya bineensota bosonaa irratti rakkoon adda addaa muldhachaa jira. Fakkeenyaaf, Paarkii Maasaayi Maaraa keessatti waqtii caamaa roobni dhabamee margi gogu bineensonni kallattii jiidhinsi argamutti socho'u.

Bineensota bosonaa keessaa Arbi nyaata baay'ee barbaada. Wayita caamni bakka tokkotti muldhates saffisaan socho'ee fagaatee deemuun nyaata isaa barbaada. Nyaata isaa barbaaduuf arbi waggaatti 5,000km hanga 10,000km deemuu danda'a. Paarkota Sarangeetii fi Maasaayi Maaraa keessatti sochiin kun baldhinaan muldhata.

## 2. Gocha namaa

Naannoo Baha Afrikaa keessattis ta’ee addunyaa irratti baay’inni ummataa saffisa guddaan dabalaa jira. Namoonni haaraan yeroo yeroon hawaasa jirutti dabalaman wantoota ittiin jiraatan dabalataan barbaadu. Fakkeenyaaf, nyaata, mana jireenyaa fi uffata argachuu qabu. Fedhiiwwan isaa kanneen guuttachuuf manni jireenyaa, midhaan nyaataa fi huccuun uffatamu lakkoofsa namaa yeroo yeroon dabalamu wajjin dabalaa deemuu qaba. Mana ijaaruuf lafti mana itti ijaaranii fi mukti ittiin ijaaran dabalataan barbaachisu. Fedhii nyaataa dabalataan barbaachisuuf lafti dabalataan qotamee oomisha dabalataa argamsiisuu qaba. Fedhii namoota haaraa guyyaa guyyaan hawaasa jirutti dabalaman kanneen guutuuf addunyaa irraa yeroodhaa gara yerootti qabeenyi biqiltoota uumamaa saffisa guddaan manca’aa jira. Akka qo’annaan Dhaabbata Nyaataa fi Qonna Addunyaa (FAO) baroota 1990 moota keessa bosonni addunyaa irratti argamu saffisa 2%n manca’aa turuu isaa agarsiisa.

Saffisni mancaatii bosonaa kun irra caalaatti kan muldhatan biyyoota guddina dinagdeetiin sadarkaa gadaanaa irratti argaman keessatti. Naannoon Baha Afrikaa biyyoota guddina dinagdeetiin sadarkaa gadaanaa irratti argaman keessatti ramadama. Haalli hawaasni horii itti horsiisuu fi qotiisa itti gaggeessu mala aadaa irratti hundaa’a. Qotiisni mala aadaatiin gaggeeffamu lafa qotamaa jiru irratti oomisha dabaluuf kan tattaafatu miti. Oomisha dabaluuf lafa haaraa argachuu irratti xiyyeeffata. Adeemsi kun bosonni dur naannoo Baha Afrikaa uwwisee ture akka manca’u taasiseera.

Qabeenya bosonaa mancaasuun gara lafa qotiisaatti yookiin lafa dheedichaatti jijjiiruun bineensonni bosonaa bakka jireenyaa fi nyaata dhabanii akka dhuman yookiin baqatanii badan taasisa. Fakkeenyaaf, bineensi Gorillaa jedhamu yeroo ammaa lakkoofsi isaa baay’ee xiqqaachaa dhufeera.

Sanyiin Goriillaa akka lafa irraa hin banne biyyoota addunyaa itti argamu keessatti eegumsi taasifamaafii jira. Naannoowwan addunyaa bineensi kun itti argamu keessaa tokko bosona lafa olka’oo Ugaandaa fi Ruwaandaa keessatti argamuudha. Haa ta’u malee, Gorillaa bosona kana keessa jiraatu irra balaan guddaan gahaa jira. Bosonni bineensi kun keessa jiraatu lafa qotiisaa baasuuf saffisaan ciramee manca’aa jira. Kana malees, adamoon seeraan alaa irratti gaggeeffamaa jira.

Aadaa ummata Baha Afrikaa keessatti biqiltoonnii fi bineensonni faayidaa olaanaa qabu. Fakkeenyaaf, aadaa ummata Oromoo keessatti biqiltuun uumamaa faayidaa olaanaa qaba. Aadaa sabaa fi sab lammoota baay’ee biratti waaqeffachuuf biqiltuu jiidhaa uumamaan marge harkatti qabatu. Kan wal lole araarsuuf, dhimmoota hawaasummaa, dinagdee fi siyaasaa irratti mari’atanii murtee kennuuf mukkeen gaaddisa baldhaa qaban jalatti walgahu. Fakkeenyaaf, ummata Oromoo biratti Odaan bakka olaanaa qaba. Wayita hoo’i cimaan dhufe beeyiladoonni gaaddisa mukaa jala dhaabbachuun/ciisuun hoo’a aduu cimaa irraa dandamatu. Wayita roobaa jala dhaabachuun rooba cimaa jalaa dahachuuf itti fayyadamu.

Faayidaa biqiltoota uumamaa irraa argatu kana akka itti fufu taasisuuf hawaasni maloota adda addaatti fayyadamu. Bineensonni bosonaas akkuma biqiltoota uumamaa aadaa ummataa keessatti bakka olaanaa qabu. Bineensota akka leencaa, qeerransaa fi warsessaa akka mootii bineensotaatti fudhachuun hawaasni itti sagadu darbee darbee ni muldhata ture. Karaa biraatiin namni bineensota kanneen keessaa tokko ajjeesse akka goota cimaatti fudhatamuun hawaasa keessatti kabaja olaanaa argata ture. Haala kanaan aadaa ummataa keessatti faayidaa olaanaa qabu irraa kan ka’een gogaa yookiin gaafa bineensotaa uffachuun yookiin harkatti qabachuun ummanni Baha Afrikaa baay’een bakkeewwan aadaa isaa muldhisutti baha. Kana irraa kan ka’een biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa wantoota dhalli namaa akka dabareetti qabatu keessaa tokko ta’uu danda’aniiru.

Aadaan hawaasaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa wajjin wal qabatee ture akka namoonni haala uumamaa naannoo isaanii mancaasuu irraa of qusatan gumaacha. Garuu, yeroo ammaa kana saffisaan baay’achuu lakkoofsa ummataa wajjin walqabatee kabajni ummanni biqiltoota uumamaa

fi bineensota bosonaaf qabu jijjiiramaa dhufeera. Jijjiiramni kunis mancaatii qabeenya kanaaf sababa guddaa ta'eera.

**Biqiltoonnii fi bineensonni miidhagina naannooti.** Akkaataa jireenyaa fi miidhagina isaanii daawwachuun gammachuu guddaa namaa kenna. Kana irraa kan ka'e namoonni karaa dheeraa deemanii, biyyoota adda addaa irraa ka'uun bakkeewwan biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa baay'inaan itti argaman deemanii daawwatu. Daawwattoonni akkanaa turiistoota jedhamuun beekamu. Baha Afrikaa keessatti biyyoonni akka Keeniyaa fi Taanzaaniyaa turiistoota waggaa waggaan biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa daawwachuuf gara biyyoota isaaniitti dhufan irraa galii olaanaa argatu. Galii kanatti fayyadamanii paarkota bineensonni keessatti wal horanii fi bakkeewwan namoonni seeraan ala seenanii bineensota ajjeessuu hin dandeenye hedduu hundeessaniiru.

**GILGAALA 3.1B**

### Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Haallan uumamaa faca'iinsa biqiltootaa irratti dhiibbaa uuman tarreessi.
2. Baay'ina ummataa saffisaan dabalaa deemu wajjin haala biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa itti dhabamaa dhufan barreessi.
3. Naannoo jiraattu keessatti faayidaa biqiltoonnii fi bineensonni aadaa hawaasaa keessatti qaban nama beeku gaafadhuu barreessi.
4. Faayidaa galiin turiizimii irraa argamu eegumsa naannoof itti fayyadu ibsi.

## 3.2. SABABA SOCHII NAMOOTAATIIN JEEQUMSA NAANNOO KEENYA IRRA GAHU

#### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana barattee erga xumurtee booda:

- Sababban miidhaa dhalli namaa naannoo uumamaa irraan gahuuf madaaluun ni ibsita.
- Sababa sochii dhala namaatiin miidhaawwan biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irra gahan addaan baasuun ni ibsita.

### Jeequmsa Naannoo Sababa Cirama Biqiltoota Uumamaatiin Dhufu

Haala armaan olitti ibsameen naannoo Baha Afrikaa keessa bosonni jiru fedhii namoota baay'inaan yeroo yeroon dabalamaa jiru guutuuf saffisaan ciramaa kan jiru ta'uu isaa hubatteerta. Karaa biraatiin teekinooloojii ammayyaa wajjin wal qabatee karaa konkolaataa fi baaburaa, hidha bishaanii fi warshaalee ijaaruu fi qotiisa ammayyaa babaldhisuuf bosonni saffisa guddaan manca'aa jira.

Rakkoo qabeenya bosona uumamaa mancaasuun qabu tarreessuu dandeessaa? Qabeenya biqiltoota uumamaa ciranii balleesuun jijjiirama qilleensa baramaa, harmee baduu biyyee gabbataa fi madaallii dhabuu naannoo uumamaa fida.

#### Jijjiirama Qilleensa Baramaa

Naannoo biqiltoonni haala uumamaa isaanii eeganii itti wal horanii fi marsaa jireenya isaanii itti fufan keessatti qilleensi baramaan hin jijjiiramu. Roobni waqtii isaa eeggatee dhufa. Hoo'i qilleensaas haala

ture irraa kan jijjiiramu hin ta'u. Biqiltoota ciranii balleessuun garuu haala kana guutumaan guutuutti jijjiira. Fakkeenyaaf, lafti bosona of irraa qabu gaaddisa waan argatuuf jiidhinsa madda roobaa ta'u uuma. Kunis roobni akka yeroo isaa eegee dhufuu fi wal irraa hin cinne taasisa.

Naannoo biqiltuun irraa ciramee dhume keessatti biyyeen qullaatti hafa. Biyyeen qullaatti hafe hoo'as ta'ee jiidhinsa of keessatti qabatee tursiisuu hin danda'u. Aduun wayita bahu humna hoo'aa cimaa ittisa tokko malee gara biyyeetti dhufuun biyyeen hoo'a guddaa akka argattu taasisa. Hoo'i guddaan kallattiin gara biyyeetti dhufu kun jiidhinsi biyyee keessa jiru akka saffisaan hurkaan bahee biyyeen gogu taasisa. Hurki bahu kun kan duumessaa'ee gara roobaatti jijjiiramuu miti. Qilleensuma naannawa lafaa keessatti bittinnaa'ee hafa.

Walumaagalatti, naannoo biqiltuun irraa ciramee dhume keessatti wanti hoo'a gara biyyeetti dhufu ittisu hin jiru. Kanaafuu, guyyaa guyyaa hoo'i baay'ee olkaa'aa ta'a. Halkan immoo hoo'a lafa irraa ka'u wanti ittisu hin jiru. Kanaafuu, diilallaa'inni haala malee cima. Jijijjiiramni haala hoo'aa guddaa halkanii fi guyyaa jidduutti muldhatu kun amala haala qilleensaa naannoo gammoojjii godina hoo'aatti argamuuti. Naannoon lafa dakee Baha Afrikaa amala gammoojjii hoo'aa kana qabatee argama.

Baha Afrikaa keessatti amalli gammoojjii hoo'aa naannoo lafa dakee qofaatti kan daangeffamee hafe miti. Gara naannoo lafa baddaattis saffisa guddaan babaldhachaa jira. Biyyeen naannoo biqiltuun irraa ciramee qullaatti hafe keessatti argamu waqtii roobaa lolaadhaan, waqtii caamaa bubbeen haramee bada. Biyyeen bifa kanaan gabbina isaa dhabe midhaan hin baasu. Marga horiin dheedus sirriitti baasuu hin danda'u.

### Rakkoolee Sababa Jijjiirama Qilleensa Baramaatiin Dhufan

Jijjiiramni qilleensa baramaa naannoo Baha Afrikaa keessatti yeroo ammaa baldhinaan muldhachaa jiru haphachaa fi dhabamaa deemuu hamma roobaa fi dabalaa dhufuu tempireecharaati. Kun immoo babaldhina hongeef bu'uura guddaadha. Hongeen maali? Hongeen yeroon roobaa waqtii itti eegamu bira darbee dheerachuun jiidhinsi dhabamee hammi hoo'aa dabaluu isaati. Hongeen dheerannaan bishaan lagaa addaan cita. Margi ni goga. Beeyiladoonni namni horsiisuu fi bineensonni bosonaa margaan jiraatan bishaan dhuganii fi marga dheedan dhabanii dhumu. Dhumaatii beeyiladootaa kana hordofee namnis waan nyaatuu fi bishaan dhugu dhabee naannoo jireenyaa isaa gadhiisee baqata. Kun ta'ee naannoo Baha Afrikaa keessatti baldhinaan muldhachaa jiruudha. Akka gabaasni bara 1980 mootummoota Addunyaa Walta'anii muldhisutti caamni biyyoota Baha Afrikaa torba keessatti namoota miliyoona 60 ta'an miidheera.

Caama yeroo sana mudhate biratti rakkoon biraa tasgabbaa'ina dhabuu ummataa akka ta'e gabaasich dabalee muldhisa. Fakkeenyaaf, lola Itoophiyaa fi Somaaliyaa jidduutti gaggeeffamaa tureen ummanni Itoophiyaa lafa dakee bahaa keessa jiraatu irra rakkoon gaheera. Akkasumas, kaaba Ugaandaa keessatti sababa caamaa fi waraana finciltoonni gaggeessaniin guyyaa guyyaan namoonni 400 hanga 500tti tilmaamaman akka dhuman gabaasich ni muldhisa.

## 3.3. MALOOTA KUNUUNSA BISHAANII FI BIYYEE

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana barattee erga xumurtee booda

- Maloota kunuunsa biyyee ni ibsita.
- Akkaataa bishaan itti kunuunfamu ni ibsita.
- Haala bishaan ittiin qulqulleessan ni ibsita.

Kunuunsi biyyee fi bishaanii haala itti walqabachuu danda'an ibsuu dandeessaa?

## Kunuunsa Biyyee

Biyyeen caccabaa wantoota lubbu maleeyyii (dhagaa adda addaa) fi bosbosa wantoota lubbu qabeeyyii (biqiltootaa fi bineeldota) irraa uumama. Biyyeen haala kanaan jijjiirama baroota baay'ee keessatti uumame qilleensaa fi jiidhinsa biqiltoota guddisuuf barbaachisu hammatee fuula lafaa uwwisee argama.

Biyyeen haala ijaarama isaatiin (structure), hammaan, bifaa fi dandeettii bishaan qabachuu fi qabachuu dhabuutiin garaa garummaa qaba. Amaloonni biyyee tarreeffamanii kunniin oomishtummaa isaanii irratti garaagarummaa qaba. Biyyeen gabbataadha yoo jedhamu wanta guddina biqiltuu irra dhaabamu tokkoof barbaachisu qabatee argamuudha. Albuunni biqiltuun tokko guddina isaatiif biyyee keessaa barbaadu akka gosa biqiltuutti garaagarummaa qaba. Kana jechuun biqiltuun gosa tokkoo albuuda naayitireetii biyyee keessaa barbaada yoo ta'e inni biraa immoo albuuda foosfarasii guddina isaatiif barbaada jechuudha.

Biyyeen biqiltoota gosa hundaa, mukkeen gurguddoo irraa kaasee hanga biqiltuu qaamaan baay'ee xiqqaa ta'eetti magarsuuf fayyada. Biqiltoonni haala kanaan biyyeen magarsu hundi dhala namaaf faayidaa garaa garaa kennu. Madda nyaata namaa fi bineeldota biqiltoota nyaachuun jiraataniiti. Kana malees, namni mukkeen faayidaalee adda addaatiif itti fayyadamu biqiltoota kanneen irraa argata. Biqiltoonni uumamaa akkaataa jireenya isaanii itti fufsiisuu danda'aniin walmakanii madaallii uumamaa eeganii margu.

Lakkoofsi ummataa yeroo yeroon baay'achaa dhufuun biqiltoota nyaata isaaf oolan babaldhisuun isaan kaan ciranii balleessuu fide. Kun immoo jeequmsa madaallii uumamaa fiduun biyyeen qullaatti hafee akka bishaan yaa'uu fi bubbeen haramu taasisaa dhufe. Haalli kun deebi'ee dhala namaa irratti rakkina biyyee gabbataa biqiltoota nyaataaf itti fayyadamu magarsu dhabuu fide. Rakkoo kana furuuf kunuunsi biyyee baay'ee barbaachisaa ta'ee argameera. Biyyee kunuunsuuf maloota armaan gaditti tarreeffaman kanneenitti fayyadamuu barabaachisa.

(A) **Dalga qotuu:** Kontuuriin sararaa lafa olka'iinsa walqixa ta'e hordofee deemuudha. Dhuldula (slope) lafa gaaraa irraa namni qotiisa qotu sararaa kontuurii kana hordofee gaaratti marsuun qotuun bishaan saffisa guddaan gad yaa'u qabame akka bo'oo dalga qotame keessa ciisu taasisa. Bishaan haala kanaan ciisu lafa keessatti gad xuuxamuun jiidhinsa biyyee eega. Gara lafa jalaattis gadlixuun kuufama bishaan madda burqaa ta'uu gabbisa.

(B) **Biqiltuu maaraan (tarreenf) wal keessa dhaabuu:** Kun biqiltuu lafatti gad dhiyaatanii biyyee uwwisanii fi biqiltoota biyyee uwwisuu hin dandeenye maaraa tokko tokko qabsiisanii dabaree dabareen dhaabuudha.

(C) **Daagaa Ijaaruu:** Daagaan humna bishaan dhuldhula gaaraa irra gad yaa'u akka humna guddaa horatee biyyee fudhatee hin deemne sararaa kontuurii hordofuun kaabii ijaaruudha. Biyya keenya keessatti calqaba irratti daagaa ijaaruun kan beekame ummata Koonsoo qofa ture. Yeroo ammaa naannoolee biyyattii garaa garaa keessatti hojii irra oolee jira. Keessattuu, ummanni Harargee ofii itti fayyadamuu bira darbee godinaalee Oromiyaa isaan birootiif madda muuxannoo ta'eera.

(D) **Qotaa (Lafa lolaan nyaatame) cufuu (gully):** Bakkeewwan tokko tokkotti galaanni bishaanii yaa'u lafa haala malee gad nyaachuun qaalaa guddaa uuma. Qaalaa kana ummanni naannootti argamu dhagaa, mukaa fi wantoota biroo naannootti argamanitti fayyadamee dafee cufee kutuu baannaan gad fagaachaa, dalga baldhachaa fi lafa karaa bishaan dhufu fudhachaa deema. Ofii baldhachaa fi dheerachaa deemuu qofa osoo hin taane karaa namoonni walitti dhufuu danda'an addaan kuta.  Mana keessa jiraatanii fi qabeenyota biroos fudhachuu danda'a.

(E) **Midhaan marsaan facaasuu:** Bara baraan maasaa/fichaa/tokko irra marsaan midhaan gosa adda addaa facaasuudha. Fakkeenyaaf, lafa midhaan akka qamadii, garbuu yookiin xaafii irraa galchan bara itti aamu midhaan akka baaqelaa, atara yookiin shumbiraa fa'aa facaasuudha. Sababni isaa hiddi gosoota midhaan biilaa fi dheedhii armaan olitti tarreeffamanii waan wal hin fakkaanneef albuunni inni tokko itti fayyadamu inni biraa biyyee keessatti gabbisa. Kunis biyyeen gabbina isaa eeggatee akka itti fufu taasisa.

(F) **Humna Bubbee Hirdhisuu:** Bubbeen humna cimaan bubbisu biyyee lafaa haree fudhatee deema. Wantoota xixiqqoo lafa irratti argamanis lafa irra hoofuu fi waliin dhahuun biyyeen akka daakamee haramu sababa ta'a. Humna bubbee kana cabsuuf biqiltoota maaraan dhaabuun kunuunsanii guddisuu barbaachisa.

(G) **Bosonoomsuu:** Lafa tajaajila qotiisaa, dheedichaa fi ijaarsaaf mijaa'aa hin taane irra biqiltuu dhaabuun akka bosonoomu taasisuudha.

(H) **Deebisanii bosonoomsuu:** Lafa bosonni duraan irra ture garuu yeroo ammaa qullaatti hafe irra biqiltuu dhaabuun akka deebi'ee bosonoomu taasisuudha.

(I) **Xaa'oo Uumamaa:** Kosii loonii, balfaa haftee midhaanii fi baala biqiltuu adda addaa irraa argama. Wantoota xaa'oo kana hojjachuuf tarreeffaman kanneen bakka tokkotti kuusuun akka walmakanii gabbina biyyeef ooluu danda'anitti qopheessuu barbaachisa

## Kunuunsa Bishaanii

Bakka bishaan hin jirretti namni, bineeldonnii fi biqiltoonni jiraachuu hin danda'an. Kunis bishaan jireenya lubbu qabeeyyi kamiif iyyuu murteessaa ta'uu agarsiisa. Namni bishaan:

- Dhugaatiif, qulqullina dhuunfaa fi naannoo ittiin eeggachuuf,
- Horii ofii obaafachuu fi qotiisa jallisii ittiin gaggeessuuf,
- Bashannanaa fi geejjiba bishaan irraaf,
- Humna ibsaa maddisiisuu fi
- Warshaalee keessatti itti tajaajilama.

Dhalli namaa bishaan haala kanaan jireenya isaa ittiin gaggeessuuf itti fayyadamu kana qulqullina isaa eegaa hin jiru. Dhangala'aawwanii fi gataawwan naannoo mana jireenyaa keessaa bahan akka bishaanitti makaman taasisuun faalaa jira. Bishaan warshaalee keessatti xuriiwwan adda addaa ittiin dhiqanii fi keemikaalli adda addaa itti makame gad dhiisuun akka bishaan lagaa faalamu taasisa. Bishaan garba guddaas Zayita boba'aa dooniiwwan baatanii deeman dhangalaasaniin faalamaa jira.

Faalamni bishaanii bineensota bishaan keessa jiraatan kanneen akka qurxummii fixaa jira. Bishaan qulqullina dhabuu irraa kan ka'e namoonni itti fayyadamuu dadhabanii hanqina bishaaniitiin rakkachaa jiru. Fakkeenya magaalota gurguddoo Itoophiyaa keessatti argaman fudhachuun ni danda'ama. Kanaafuu, dhalli namaa bishaan jireenyaaf itti fayyadamu kana qulqullinaan qabachuu isa barbaachisa. Atis mee naannoo kee lagni magaalaa keessa qaxxaamuru yoo jiraate dhaqiitii bishaan isaa maal akka fakkaatu ilaali.

Bishaan qulqullinaan qabachuuf:

(A) **Qulqullina naannoo bishaanii eeguu:** Wantoota bishaan xureessan qarqara yookiin bishaan keessatti gatuu dhiisuu. Naannoo madda yookiin burqaa bishaanii qulqulleessuu fi beeyiladoonni akka itti seenanii hin xureessine dallaa itti ijaaruu. Beeyildoota akka bishaan borcanii booressuu hin dandeenyetti haala mijeessuun of eeggannoon obaasuu barbaachisa.

(B) **Bishaan magaalota keessatti** faayidaalee adda addaatiif oolee naannoolee manneen jireenyaatii bahu ujummoon gara maashina qulqulleessutti erguun qulqulleessuudha. Bishaan magaalota keessatti haala kanaan gara warshaatti geeffamee qulqullaa'u faayidaalee hedduu qaba. Isaanis:

- Bishaan xuraa'an manneen jireenyaa keessaa bahee bishaan lagaatti makamuun faalu ni dhaabbata.
- Bishaan maashina keessatti akka qulqullaa'u taasifame deebi'ee hojii irra ooluun hirdhina bishaanii jiru furuuf ni gargaara.
- Seeccoon wayita bishaan xuraa'aan qulqullaa'u maashinicha keessaa bahu xaa'oo ta'uun oomisha dabaluuf ni gargaara.



**Fakkii 3.4.** Maashinii bishaan xuraa'aa qulqulleessu

## GOCHA 3.1

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Wantoota naannoo keessan keessatti akka biyyeen qullaatti hafee haramuuf saaxilamu taasisan nama beeku gaafachuun galmeeffadhu.
2. Haala naannoo kee keessatti biyyeen itti kunuunfamuu danda'u hiriyaa kee wajjin erga irratti mari'attee booda barreeffamaan qopheessii dareef gabaasi.
3. Bishaan naannoo mana barnootaa keetti argamu (burqaa yookiin laga) gareen deemuun:
   (A) Wantoota qulqullina bishaanichaa xureessan ilaalii tokko tokkoon galmeessi.
   (B) Wantoota galmeessite tokko tokkoon kaasuun haala kamiin akka bishaan hin xuroofne gochuun itti danda'amu irratti mari'achuun gabaasa qopheessii dareef dhiyeessi.

## 3.4. FAAYIDAA PAARKIIWWAN BIYYOOLESSAA ITOOPHIYAA FI BAHA AFRIKAA

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana barattee erga xumurtee booda:

- Barbaachisummaa paarkiiwwan biyyoolessaa ni ibsita.
- Paarkiiwwan Itoophiyaa kaartaa Itoophiyaa irratti ni agarsiifta.
- Paarkiiwwan biyyoolessaa naannoo Baha Afrikaatti argaman addaan ni baafatta.

### Paarkiiwwan Itoophiyaa


Argamni bineensota bosona keessa jiraatanii argama biqiltoota uumamaa wajjin kan walqabatu ta'uu isaa armaan olitti hubatteerta. Qabeenya bosonaa mancaasuun bineensonni bosonaas akka manca'an taasisa. Itoophiyaan bineensota bosonaa gosa adda addaa qabdi. Baay'inni gosoota bineeldootaa kun gosa qilleensa baramaa fi biqiltoota uumamaa garaa garaa Itoophiyaan qabdu irratti kan hundaa'eedha. Haa ta'u malee, baay'inni bineensota bosonaa baroota durii Itoophiyaa keessa turanii fi yeroo ammaa jiran wal fakkaataa miti. Yeroo ammaa baay'inni isaanii sanyiidhaanis ta'ee lakkoofsaan saffisaan gad bu'aa jira.

Bineensonni bosonaa madaallii uumamaa fi miidhagina naannoo eeguuf, qo'annaa barnootaa fi guddina dinagdee keessatti faayidaa olaanaa qabu. Dhabamuun bineensota bosonaa faayidaalee tarreeffaman kanneen hunda nama dhabsiisa. Kanaafuu, bineensota lakkoofsi isaanii baay'ee xiqqaatee sanyiin isaanii addaan cituu (baduu) irra gahe saffisaan wal horanii akka baay'atan gochuu barbaachisa. Isaan kaanis bakki jireenya isaanii akka hin jeeqamnee fi adamoon seeraan alaa akka irratti hin gaggeeffamne eegumsa isaan barbaachisa.

Itoophiyaa keessatti bakkeewwan bineensonni bosonaa jeequmsa tokko malee haala uumamaatiin keessa jiraatanii itti wal horan baay'een seeraan hundeeffamaniiru. Bakkeewwan haala kanaan bineensonni keessatti wal horan paarkii jedhama. Itoophiyaa keessa paarkota sagaltu jira. Maqaa, baldhinaa fi naannoo paarkonni kunniin keessatti argaman chaartii armaan gadii irraa ilaali.

**Gabatee 3.1: Paarkota Itoophiyaa**

| Maqaa | Naannoo keessatti argamu | Baldhina $km^2$n | Bineensota keessatti argaman |
|---|---|---|---|
| Hawaas | Affaarii fi Oromiyaa | 756 | Harree corree, Qeerransaa fi guchii |
| Sameen | Amaaraa | 179 | Walia Ibex, Jeedala diimtuu, qeerransa |
| Paarkii gaarreen Baalee | Oromiyaa | 2471 | Jeedala diimtuu, Karkarroo, Gadamsa (Niyaalaa) |
| Oomoo | Naannoo Um/Kibbaa | 4068 | Gafarsa, Arba, |
| Maagoo | Naannoo Um/Kibbaa | 2162 | Gafarsa, Arba, Sattawwaa, leenca |
| Naccisaar | Naannoo Um/Kibbaa | 514 | Harree corree, Gafarsa, qeerransa |
| Gaambeellaa | Gaambeellaa | 5061 | Arba, Leenca, Qoorkee |
| Naannoo Harawwan Abjaata-shaallaa | Oromiyaa | 887 | Simbirroota gosa addaa addaa |
| Yaangudii Raasaa | Affaar | 4731 | Karkarroo, Harree corree, Qeerransa |




**Fakkii 3.5.** Paarkiiwwan Itoophiyaa

## Paarkiiwwan Gorguddo Baha Afrikaa

Biyyoonni Baha Afrikaa kanneen akka Keeniyaa, Taanzaaniyaa fi Ugaandaa paarkota gurguddoo sadarkaa addunyaatti beekaman qabu. Paarkonni kunniin haala teessuma lafaa fi gosoota bineensotaa keessatti argamaniin baay'ee dinqisiifamoodha. Paarkota Baha Afrikaa keessatti baay'ee beekamoo ta'an armaan gaditti dhiyaataniiru.

1. **Paarkii Sarangeetii:** Biyya Taanzaaniyaa keessatti argama. Paarkiin sarangeetii bineensota waqtii hordofanii baay'inaan socho'aniin Afrikaa keessatti beekama. Bineensonni kunniin waqtii caamaa gara dhihaatti socho'u. Waqtii roobaa immoo gara kibba bahaatti socho'u. Gosoonni bineensota paarkii kana keessatti argaman harree corree, arba, roobii, warseessa, sattawwaa, leenca, qeerransa, amaaqexaa fi gosoota qamalee garaagaraati.
2. **Paarkii Tsaavoo:** Biyya Keeniyaa keessatti argama. Tsaavoo bahaa fi Tsaavoo dhihaa jedhamee bakka lamatti hiramee waamama. Tsaavoon dhihaa baldhina lafaa 7,800 km$^2$ ta'e qaba. Tsaavoon bahaa immoo baldhina lafaa 13,000 km$^2$ ta'e qaba. Paarkii Tsaavoo kana keessatti bineensonni baay'inaan argaman arbaa fi warseessa gurraacha. Bineensonni biroo as keessatti argaman gafarsa, sattawwaa, roobii, qeerransa, leenca fi karkarroodha.
3. **Paarkii Kuwiin Elizaabeet:** Biyya Ugaandaa keessatti argama. Baldhina lafaa 1,978 km$^2$ ta'e qaba. Bineensonni keessatti argaman arba, gafarsa, sattawwaa, hardiidaa fi leenca.

## GILGAALA 3.2

### Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Paarkiiwwan Itoophiyaa keessatti argaman isa lafa baay'ee baldhaa qabu irraa eegaliitii isa gara lafa dhiphaa qabuutti tartiibaan barreessi.
2. Wantoota Paarkoota Itoophiyaa, Keeniyaa, Ugaandaa fi Taanzaaniyaa keessatti wal fakkeessan barreessi.

### Cuunfaa

Biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa dhiibbaa namaatiin ala haallan uumamaatiin kaanneen faca'anii argamaniidha. Haallan uumamaa guddinaa fi faca'iinsa biqiltootaa irratti dhiibbaa fidan haala qilleensa baramaa, teessuma lafaa fi gabbina biyyeeti. Naannoo Baha Afrikaa keessatti haalli teessuma lafaa faca'iinsa biqiltootaa irratti dhiibbaa guddaa uuma. Teessuma lafaa jijjiiramaa deemuun haalli gabbina biyyee fi qilleensa baramaa (hammi roobaa fi hoo'aa) jijjiiramaa waan deemaniif faca'iinsi bosonaas haallan kanneen irratti hundaa'ee bakkaa bakkatti garaagarummaa qaba.

Faca'iinsi bineensota bosonaas facaatiidhuma biqiltootaa kana irratti hundaa'a. Naannoo lafa dakee marga qabu keessa bineensota gurguddootu jiraata. Naannoo Badda-daree fi Baddaa bosonni margu keessatti bineensota qaamaan xixiqqoo gosa garaa garaatu baay'inaan argama. Naannoo lafa Baddaa Diilallaa'aa biqiltoonni sababa diilallaa'inaatiin gara micireetti jijjiiramu keessatti bineensonni argaman baay'ee muraasa kan ta'eedha.

Lakkoofsa ummataa dabalaa dhufeen bosonni muka qoraanii fi ijaarsaa argachuuf ciramaa dhufe. Lafa qotiisaa argachuufis sadarkaa olaanaan ciramaa dhufuun saffisaan akka manca'u ta'e. Bineensoonni bosonnas waan nyaatanii fi bakka jireenyaa dhabuun akka manca'an ta'eera. Haala kanaan walqabatee qilleensi baramaan akka jijjiiramu ta'eera. Gammoojjummaan babaldhachaa dhufeera. Kana irraa kan ka'een naannoo Baha Afrikaa keessatti namoonni baay'een beelaaf saaxilamaniiru. Bakka jireenyaa isaanii irraayyis akka buqqa'anii deeman ta'eera.

Dhalli namaa rakkoo biqiltoota uumamaa ciruun ofitti fide kana kan furuu danda'u isuma ta'uu isaa beekuu qaba. Biqiltoota uumamaan yeroo ammaa jiran kunuunsee kan qabuu fi haaraas dhaabee kunuunsee akka guddatan kan taasisu yoo ta'e rakkoo babaldhina gammoojjumaan dhufu kana furuu ni danda'a. Bakka biqiltoonni uumamaa sirnaan kunuunfamanii argamanitti bineensonni bosonaas deebi'anii jiraachuu eegaluun wal horu. Haala kanaan biqiltoota kunuunsanii qabachuun gabbina biyyee eeguu fi haala qilleensaa mijaa'aa uumuuf faayidaa olaanaa qaba.

## GAAFFILEE XUMURA BOQONNA 3

### Kutaa I: Himoota armaan gadii "Dhugaa" yookiin "Soba" jechuun deebsi.

1. Biyya Keeniyaa keessatti paarkota argaman hunda keessaa kan waggaatti irra caalaa turiistootaan daawwatamu Paarkii Tsaavooti.
2. Bineensota bosonaa keessaa isaan foon nyaatan waqtii caamaa (yeroo hongeen dheeratu) baay'ee miidhamoo ta'u.
3. Nyaata ofii barbaaduuf arbi waggaatti kiiloomeetira baay'ee deema.
4. Lafa gaaraatti marsanii sararaa kontuurii hordofanii qotuun faayidaan kunuunsa biyyeef qabu hin jiru.

## Kutaa II: Isaan armaan gadii walitti firoomsuun deebii kenni.

| A | B |
|---|---|
| 1. Lafa bosonni irraa manca'e irra biqiltuu dhaabuu | A. Keeniyaa |
| 2. Paarkii Sarangeetii | B. Deebsanii bosonoomsuu |
| 3. Lafa duraan bosona hin qabne irra biqiltuu dhaabuu | C. Taanzaaniyaa |
| 4. Paarkii Maasaayi Maaraa | D. Bosonoomsuu |

## Kutaa III: Gaaffiwwan armaan gadiif filannoo sirrii ta'e kenni.

1. Gosoota biqiltootaa armaan gaditti tarreeffaman keessaa kan naannoo rooba guddaa argatu keessatti margu:
   A. Marga — B. Miciree
   C. Bosona — D. Hundi deebiidha
2. Biyyoota naannoo Baha Afrikaa keessaa biyyi bosona godina hoo'aa naannoo roobaa qabdu:
   A. Itoophiyaa — B. Ugaandaa
   C. Taanzaaniyaa — D. Jibuutii
3. Biyyoota Baha Afrikaa keessaa biyyi bineensota bosonaa gurguddoo qabaachuun Afrikaa keessatti beekamte:
   A. Keeniyaa — B. Somaaliyaa
   C. Jibuutii — D. Ertiraa
4. Bineensota Paarkota Sarangeetii fi Maasaayi Maaraa keessatti baay'inaan walfaana yaa'an keessaa kan lakkoosa guddaan socho'u:
   A. Waraabessa — B. Arba
   C. Sattawwaa — D. Harree corree

## Kutaa IV: Kanniin armaan gadiittiif deebiiwwan gaggabaabaa kenni.

1. Haallan facaatii biqiltoota uumaa fi bineensota bosonaa wal fakkeessan ibsi.
2. Sababoota namoonni bosona ciranii mancaasaniif ibsi.
3. Faayidaa bineensonni bosonaa fi biqiltoonni uumamaa aadaa ummataa keessaatti qaban ibsi.

Boqonnaa 4

# Ajandaa Ummataa

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Barnoota boqonnaa kanaa erga barattee booda:**

- Duula HIV/Eedsii balleessuu keessatti ni hirmaatta.
- Fakkeenya sarbamuu mirga daa'iimmanii ni kennita, akkasumas akkaataa sarbiinsa kana jalaa ittiin ba'amu ni beekta.
- Dhaabbilee naannowwan Afrikaa adda addaa kassatti dhaabbatan, biyyoota miseensota isaanii ta'anii fi kaayyoowwan dhaabbileen Baha Afrikaa irratti xiyyeeffatan addaan ni baafatta.

## 4.1. DHIMMOTA UMMATAAN WALQABATAN

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana erga barattee booda:

- HIV/Eedsii irratti duuluuf tokkummaan hawaasaa barbaachisaa ta'uu isaa ni ibsita.
- Ilaalcha namoota HIV/Eedsiin qabaman waliin jiraachuu fi barachuu isaanii ni ibsita.
- Namoota HIV/Eedsiin qabaman irratti loogii uumuu fi fanfanuun sirrii akka hin taanee fi maatiiwwan dhibee kanaan qabaman kunuunsuu fi gargaaruun barbaachisaa ta'uu isaa ni ibsita.

### Tokkummaa fi itti gaafatamummaa ummataan HIV/Eedsii balleessuuf irratti duuluu

#### HIV/Eedsii

Dhukkubni HIV/Eedsii rakkoo guddaa addunyaa qunnameedha. Dhukkubni kun baayyee yaaddessaa kan ta'ee fi waan humna oomishaaf ooluu kanneen umurii dargaggummaa keessa jiran hubuufidha. Hanga ammaattis taanaan namoonni miliyoonatti lakka'aman dhukkuba kanaan du'aniiru. Dhukkubni kun irra caalaatti kan daddarbu qunnamtii saalaan ta'uun isaa beekameera. Kana malees, dhiigni nama Vaayirasii kanaan faalamee qaama madaa'aa nama birootti yoo dabalame dhukkuba kana ni dabarsa. Kanaafuu, waan qara qabutti, lilmoo namni biroon ittiin fayyadametti fayyadamuu dhiisuun, dhukkubni kun akka nama hin qabne gochuu ni danda'ama. Irra caalaatti saal-qunnamtii of eeggannoo hin qabne irraa of qusachuun barbaachisaadha.

Mallattoon nama dhukkuba kanaan qabame maal fa'a? Mallattoowwan gurguddoon nama dhukkuba kanaan qabamee kanneen armaan gadiiti.

1. Ulfaatinni qaamaa (body weight) hir'ataa deemuu,
2. Garaa kaasaan yeroo dheeraa qunnamuu
3. Dhaqina (qaama) gubaa yeroo dheeraa fa'a.

HIV/Eedsiin irra caalaatti kan hubaa jiru biyyoota Afrikaa gammoojjii Sahaaraa gadii ta'uu isaa gabaasa Baankiin Addunyaa bara 2002tti baase ni ibsa. Akka gabaasa Baankii Addunyaa bara 2002tti namoota yeroo yerootti dhukkuba kanaan qabaman keessaa walakkaa ol kanneen ta'an dargaggoota umuriin isaanii waggaa 15 hanga 24 ta'anidha. Kanneen dhukkuba kanaan faalamaa jiranis namoota biyyoota hiyyeessa ta'aniiti. Keessumaa, biyyoota gammoojjii Sahaaraa gad jiran kanneen baay'naan miidhamanidha.

Itoophiyaanis biyyoota dhukkuba kanaan baayyee miidhaman keessaa ishee tokko. Sababa dhukkuba kanaan kan ka'e daa'imman hedduun abbaa fi haadha malee hafaa jiru. Akka gabaasa Ministeera fayyaa Itoophiyaatti (bara 2002) lakkoofsi daa'imman abbaa fi haadha malee hafan inni bara 2001tti miliyoona 1.2 ture bara 2007tti gara miliyoona 1.8 yammuu ol guddatu bara 2014tti immoo gara miliyoona 2.5tti ol guddata jedha. Haalli kun hangam sodaachisaa akka ta'e kan ibsuudha.

Gara Oromiyaatti yeroo dhufnu immoo naannoo dhukkubichaan baayyee miidhamaa jirtu ta'uushee ni hubanna. Oromiyaa keessaa magaalonni daldalli keessatti adeemsifamuu fi geejjibni keessa darbu caalmaatti kanneen dhukkuba kanaan miidhamanidha. Akka Waajjirri Ittisaa fi To'annoo HIV/Eedsii Oromiyaa ifa taasisetti dhukkubni kun baay'inaan godinoota magaalonni gurguddoon keessatti argaman kanneen akka Shawa Bahaa, Wallagga Bahaa fi Jimma keessatti babal'atee argama.

### Dhiibbaa HIV/Eedsiin Misooma Irratti Qabu

- Akka biyyaatti qusannaa fi inveestimantii jiru ni xiqqeessa.
- Baasii seektara fayyaa ol kaasa.
- Oomishtummaa hir'isuun galii dhuunfaan argamu ni xiqqeessa.
- Daa'imman maatii malee hambisa.
- Hirmaannaa barattootaa manneen barnootaa keessatti ni xiqqeessa.

Dhiibbaa HIV/Eedsiin tokkoon tokkoo namaa irraan gahu biyya irratti miidhaa guddaa geessisaa jira. Kana waan ta'eef mootummaan Waajjira dhukkuba kana hordofee barnoota hawaasaaf kennu Ministeera Fayyaa jalatti dhaabuun isaa ni yaadatama. Haaluma kanaan barnoonni naannolee hunda keessatti ballinaan kennamaa jira.

### Akkaataa Ittiin HIV/Eedsiin Ittifamuu Danda'u

Hanga ammaatti HIV/Eedsiif qorichi/qorsi/hin argamne. Ittisuufillee talaalliin hin argamne. Bakka qorichaa fi talaalliin hin argamnetti falli ittiin dhukkuba kana irraa of eeguun danda'amu karaa inni itti daddarbu irraa of qusachuudha.

Hawaasni hundi karaalee dhukkubni kun ittiin daddarbuu danda'u sirriitti hubatee akka irraa of eegu gochuuf bal'inaan barsiisuun barbaachisa. Kana malees, dargaggoonni manneen barnootaatii kaasanii barachuun waan irra jiruuf sadarkaa tokkoffaatii kaasee sirna barnootaa keessa galfamee barsiisuun dirqama ta'a. Barsiisonnis badii dhukkubni kun biyya irraan ga'uu danda'u barattootaaf sirriitti qabachiisuun irraa eegama.

### Loogii fi fanfanuu/qooduu hambisuu

Hawaasni ilaalcha loogii fi qooduu irraa bilisa akka ta'uuf hubachiisuun gaarii ta'a. Vaayirasii HIVtiin qabamuun yakka miti. Akka tasaas ta'uu danda'a. Kana waan ta'eef lammii dhukkuba kanaan qabame

qooduu fi of irraa fageessuun namoonni akka of dhoksan waan taasisuuf dhukkubichi caalmaatti baballachuu danda'a. Haala kana hambisuu fi namoonnis lammummaa isaaniitti boonanii ifa of taasisuun namoonni biroon akka hin qabamneef jaalala argarsiisuu ni barbaachisa.

### Kunuunsuu fi gargaaruu

Namoonni dhukkuba HIV/Eedsiin qabaman kunuunfamuu qabu. Hojjatanii jiraachuuf humna dhabuu waan danda'aniif gargaarsa lammii isaanii ni barbaadu. Nyaaata bilicheessanii kennuufii, huccuu isaanii miiccuufii akkasumas, tajaajila mana yaalaa akka argatan gargaaruun ni barbaachisa. Kana irratti dargaggoonni gurmaa'anii hojjachuu fi namoota biroollee barsiisuu qabu.

**GILGAALA 4.1A**

**Gaffii Gaggabaabaa**

1. Dhibeen HIV/Eedsii addunyaa keessaa caalmaatti naannoo kam miidhaa jira?
2. Mallattoolee namni dhukkuba HIV/Eedsiin qabame agarsiisu maal fa'i?
3. Dhiibbaa HIV/Eedsiin misooma irratti geessisu keessaa sadii barreessi!
4. Karaalee HIV/Eedsiin ittiin daddarbu maal fa'i?
5. HIV/Eedsii ittisuuf tarkaanfii inni guddaan fudhatamuu qabu maali?

## Saffisaan dabaluu Lakkoofsa Ummataa

Sababoota guddina ummataa saffisiisan beektaa? Guddina industirii booda baayyinni ummataa saffisaan dabalaa dhufe. Oomishinni midhaan nyaataa fooyya'aa deemuun isaa dhalli namaa midhaan nyaataa gahaa ta'e argachuu danda'e. Kana malees, dhukkuboota jiraniifis qorichi argamuun isaa daa'imman dhalatan baayyinaan akka guddatan taasiseera. Namoonni dhukkuba adda addaan qabaman mana yaalaa deemuun qoricha waan argataniif hammi du'aa xiqqaachaa deemuu danda'e. Teekinoolojiin saffisaan guddachaa deemuun isaa manni keessa jiraatanii fi bakki jireenyaa fooyya'aa akka deemu taasise. Haallan kunniin lakkoofsi ummataa baayyachaa akka deemu taasiseera.

Bara 1820tti lakkoofsi ummata addunyaa biliyoona tokko ture. Bara 1990tti immoo gara biliyoona jahaatti ol ka'e. Akkuma armaan olitti ibsame guddina lakkoofsa ummataaf sababni tokko jijjiirama hamma dhalootaatii fi hamma du'aa irratti muldhateedha. Kana jechuun yeroo hamma dhalootaa hamma du'aa caalu baayyinni ummataa ni dabala jedhama. Karaa biroo umuriin namni tokko biyya lafaa irra itti jiraatu murteessaadha. Biyyoota dinagdeen guddatan keessa namoonni umurii dheeraa jiraatu. Namoonni biyya dinagdeen gadi aanaa ta'e keessa jiraatan immoo umurii xiqqaa jiraatu. Kun kan ta'eefis haala jireenyaan walqabateen eegumsa fayyaa biyya sana keessa jiraatuun muldhata. Hawaasni galii gahaa qabu nyaata gahaa argata, mana jireenyaa fi bakka jireenyaa qulqulluu ta'e keessa jiraata. Haalli kun immoo fayyaan isaa akka eegamu taasisa. Fayyaan eegamuun immoo umurii dheeressa.

**Gabatee 4.1: Baay'ina Ummata Addunyaa Dhibbantaa Daballii fi Umuriin**

| Ardii | Baay'ina Ummataa Miliyoonaan Bara 2008tti | Hamma dabaltii Dhibbantaan (%) | Umurii (%) | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | 0-14 | 15-64 | 64 ol |
| Eeshiyaa | 3,879 | 1.3 | 30 | 64 | 6 |
| Afrikaa | 922 | 2.4 | 43 | 54 | 3 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Awurooppaa | 73 | 0.1 | 17 | 68 | 15 |
| Ameerikaa Kaabaa | 528 | 0.6 | 20 | 67 | 13 |
| Ameerikaa Kibbaa | 382 | 1.7 | 32 | 62 | 6 |
| Oshiniyaa | 32 | 1.0 | 21 | 69 | 10 |

**Madda: Encarta 2009.**

## Haallan Baay'ina Ummataa Murteessan

Wantoota baay'ina ummataa murteessan maal fa'a akka ta'an beektaa?

1. **Hamma Dhalataa (Birth Rate):** Bara tokko keessatti namoota 1,000 keessaa lakkoofsa daa'imman dhalatan jechuudha. Kunis kan shallaggamu:

$$\underset{\text{(H.Dh)}}{\text{Hamma Dhalataa}} = \frac{\text{Baay'ina daa'imman waggaa tokkotti dhalatan}}{\text{Baay'ina Ummata Walakkaa Waggaa Sanaa}} \times 1{,}000$$

   Fakkeenyaaf, biyya 'X' keessa bara 2000tti ummata miliyoona 20tu jiraata haa jennu, Lakkoofsi daa'imman bara sana keessa dhalatan immoo kuma dhibba shan (500,000) haa jennu. Kanaafuu, haala foormulaa armaan olitti kennameen:

$$\text{H.Dh} = \frac{500{,}000}{20{,}000{,}000} \times 1{,}000 = 25$$

   Kana jechuun namoota 1,000 keessaa daa'imman 25tu dhalate jechuudha.

2. **Hamma Du'aa (Death Rate):** Kana jechuunis bara tokko keessatti namoota 1,000 keessaa meeqa akka du'an agarsiisa. Kunis kan shallagamu,

$$\underset{\text{(H.Du)}}{\text{Hamma Du'aa}} = \frac{\text{Baay'ina namoota waggaa tokko keessatti du'anii}}{\text{Baay'ina Ummata Walakkaa Waggaa Sana}} \times 1{,}000$$

   Fakkeenyaaf, biyya "T" armaan oliitti kenname keessaa bara 2000tti ummata biyyichaa keessaa namoonni 300,000 du'aniiru haa jennu. Kanaafuu, haala formulaa kennameen:

$$\text{H. Du} = \frac{300{,}000}{20{,}000{,}000} \times 1{,}000 = 15$$

   Kana jechuun namoota 1,000 keessaa kan du'an namoota 15 jechuudha.

   Kana irraa yammuu kaanu bara 2000 keessa garaagarummaa hamma dalataa fi hamma du'aa yoo ilaalle, 25 – 15 = 10 ta'a. Lakkoofsi kun kan agarsiisu bara 2000tti namoota 1000 keessaa meeqa akka dabaleedha. Gama biraatiin lakkoofsa kana gara dhibbantaatti geeddaruun baay'ina ummanni dhalootaan dabaluu beekuun ni danda'ama. Haaluma kanaan:

$$\frac{25-15}{1{,}000} = \frac{10}{1{,}000} = \frac{10}{1{,}000} \times 100 = 1\%$$

   Kana jechuun ummanni biyya 'T' waggaatti 1%n dabalaa deema jechuudha.

3. **Godaansa:** Ummanni biyya yookiin nannoo tokkoo sababa adda addaatiin gara biyya birootti yookiin naannoo birootti ni baqata. Bakka itti baqatamu keessatti lakkoofsi namootaa ni dabala. Bakka keessaa baqatamu immoo lakkoofsi ummataa ni hir'ata yookiin ni xiqqaata. Ummanni sababa waraanaa fi hongeen bakka bakkatti baqata. Haalli kun yeroo waraanni waliinii Ruwaandaa keessatti ta'e muldhateera.

## Haallan Faca'iinsa ummataa Murteessan

Bakka ummanni heddumminaan yookiin haphinaan keessa jiraatu addaan baaftee beektaa? Mee nannoo beektuu himuu yaali.

Faca'iinsi ummataa addunyaa keessatti haala walfakkaatuun hin argamu. Sababoonni faca'iinsa ummataa murteessan akka armaan gadiitti taa'aniiru.

1. **Haala Qilleensa Baramaa:** Naannoo qilleensi baramaan jireenya namaaf mijaa'aa ta'e keessa namni hedduminaan jiraata. Naannoo qilleensi baramaan jireenyaaf mijaa'aa hin taane keessa namni baay'inaan hin jiraatu. Fakkeenyaaf, gammoojjii hoo'aa keessa, qilleensa baayyee diilalla'aa keessa namoonni baay'inaan hin jiraatan. Naannoon gammoojjii hoo'aa ilbiisota dhukkuba fidan waan qabuufis namoonni baay'inaan keessa hin jiraatan.
2. **Haala Teessuma Lafaa:** Naannoo teessumni lafaa qonnaaf mijaa'aa hin taane jireenya namaaf hin ta'u. Kanaafis namoonni baay'inaan keessa hin jiraatan. Fakkeenyaaf, lafa caccabaa, haallayyaa, caffaa'aa ta'e irra namoonni baay'inaan hin jiraatan. Naannoo bishaan qaban, jallisiif mijaa'oo ta'an, lafa diriiroo ta'an irra namoonni hedduminaan ni jiraatu.
3. **Biyyee:** Naannoo biyyee gabbataan jiru qotiisaaf mijaa'aa waan ta'eef namoonni hedduminaan irra jiraatu. Naannoo biyyee gabbataan hin jirre garuu namoonni baay'inaan irra hin jiraatan.
4. **Albuudaa:** Naannoo albuuddan keessatti argaman namootaaf carraa hojii waan argamsiisaniif namoonni hedduminaan keessa jiraatu.

## Heddummina Ummataa

Heddummina ummataa jechuun baay'ina ummataa kan naannoo murtaa'aa tokko irra jiraatu jechuudha. Heddummina ummataa kan beeknu baay'ina ummataa fi baliina lafa ummanni sun irra jiraatu walbira qabnee yeroo ilaalludha. Heddummina beekuuf foormulaa armaan gadii fayyadamna.

$$\text{Heddummina Ummataa} = \frac{\text{Baay'ina Ummataa Biyya Sanaa Keessa Jiraatu}}{\text{Baliina Lafa Biyya Sanaa}}$$

Fakkeenyaaf, biyya 500,000 Km$^2$ baldhatu keessa ummanni miliyoona 30 ta'u ni jiraata yoo ta'e, heddumminni ummata biyya kana keessatti meeqa ta'a?

$$\text{Heddummina} = \frac{30,000,000}{500,000\ \text{km}^2} = 60\ \text{N/km}^2$$

Kana jechuun namoota 60tu (60 N) lafa iskuweer killomeetira tokko (1 km$^2$) irra jiraata jechuudha. Mee Gabatee armaan gadii irraa heddummina ummataa ardiilee adda addaa keessa jiraatu haa ilaallu.

**Gabatee 4.2: Heddummina Ummataa ardiin**

| Ardii | Baldhina Lafaa (km$^2$) | Baay'ina Ummataa (bara 2008) | Heddummina Ummataa (N/km$^2$) |
|---|---|---|---|
| Eeshiyaa | 43,820,000 | 3,879,000,000 | 86.70 |
| Afrikaa | 30,370,000 | 922,011,000 | 29.30 |
| Ameerikaa Kaabaa | 24,490,000 | 528,720,588 | 21.0 |
| Ameerikaa Kibbaa | 17,840,000 | 382,000,000 | 20.8 |
| Awwurooppaa | 10,180,000 | 731,000,000 | 69.7 |
| Awustiraaliyaa | 9,008,500 | 32,000,000 | 3.6 |

**Madda: Encarta 2009.**

## Rakkoolee Saffisaan dabaluu Ummata Baha Afrikaa

Ardii Afrikaa keessatti lakkoofsi ummataa bara 1950 asitti saffisaan baayyachaa dhufeera. Kunis ta'uu kan danda'eef tajaajilli eegumsa fayyaa fi haalli midhaan nyaataa fooyya'aa waan dhufeefidha. Kana jechuun immoo ummanni tajaajila barbaadu hunda ga'umsaan argateera jechuu miti. Haa ta'u malee, baay'inni lakkoofsa ummataa Afrikaa fi biyyoota guddina dinagdeen boodatti hafoo ta'an keessatti muldhatu guddina dinagdee argamaa jiru waliin kan walgitu miti. Kana irraa kan ka'e rakkoolee hedduun biyyoota Baha Afrikaas mudachaa jiru. Isaanis:

- Midhaan nyaataa gahaa ta'e dhabuu,
- Manca'ina qabeenya uumamaa,
- Tajaajila hawaasummaa gahaa ta'e argachuu dhabuu fa'a.

Akkuma gabatee armaan olitti ibsame ummanni Afrikaa lafa iskuweer kiilomeetira tokko irra jiraatu gara nama soddomaatti siqeera. Haalli kun immoo wagga waggaan dabalaa kan deemu ta'ee argama. Baha Afrikaa immoo bakka hedduutti lafa jireenyaaf mijaa'aa ta'e waan qabduuf baay'inni lakkoofsa ummataa dabalaa kan deemu ta'uun isaa kan wal nama gaafachiisu miti. Yeroo kun ta'u immoo lafti qotiisaaf oolu heddummina namaa irraan kan ka'e xiqqaachaa deemuun isaa hin hafu. Baldhinni lafaa baay'ina namaa waliin walgituu yammuu dhiisu oomishinni midhaan nyaataa lafa ciccitaa irraa argamu ni xiqqaata.

Hanguma lakkoofsi ummataa dabalaa deemu lafa qonnaa barbaachuuf jecha bosona ciruu fi gubuun qabeenya uumamaa mancaasuun ni hordofa. Haalli kun immoo madaalliin uumamaa akka jeeqamu taasisa. Bineensonni ni godaanu, gammoojjummaan ni babaldhata.

Baay'inni lakkoofsa ummataa guddina dinagdee waliin wal hingitu yoo ta'e tajaajila hawaasummaa ummanni argatu gahaa hin ta'u. Ummanni mana jireenyaa gahaa ta'e tajaajila fayyaa gahaa ta'e, mana barnootaa gahaa ta'e, tajaajila geejjibaa gahaa ta'ee fi k.k.f. argachuu hin danda'u. Haallan kunniin biyyoota dinagdeen boodatti hafoo ta'an hunda keessatti muldhata. Baha Afrikaas kanneen keessaa ishee tokko.

**GILGAALA 4.1B**

### Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Guddina industiriin booda baay'inni lakkoofsi ummataa maaliif saffisaan baayyate?
2. Haallan baay'ina ummataa murteessan tarreessi!
3. Haallan faca'iinsa ummataa murteessan tarreessi!
4. Foormulaa heddummina ummataa ittiin shallagamu barreessi!
5. Sababa ummanni Afrikaa bara 1950 booda saffisaan baayyateef maali?

## 4.2. MIRGOOTA DAA'IMMANNII FI EEGUMSA GODHAMUUFII QABU

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana erga barattee booda:

- Mirgoonni bu'uuraa daa'immanii maal fa'a akka ta'an ni ibsita.
- Mirgoonni daa'immanii kunniin akkamiin akka sarbaman ni ibsita.

Mirgoonni daa'immanii maal fa'aa akka ta'an beektaa? Yaa'iin Waliigalaa Dhaabbata Mootummoota Walta'anii Mudde 20 bara 1989 tti Konveenshinii Mirgoota Daa'immanii mirkaneesseera. Konveenshiniin kunis Fulbaana 2, bara 1990 irraa eegalee hojii irra akka oolu taasifameera. Konveenshiniin Mirgoota Daa'immanii kun kutaa 3 fi Keeyyata 54 of keessatti qabata.

Konveenshiniin Mirgoota daa'immanii mirkaneessuun kan barbaachiseef keessaa muraasni daa'imman qaamaanis ta'e bilchina sammuu kan hin qabne waan ta'aniif osoo hin dhalatinis ta'ee erga dhaltanii booda kunuunsi kan isaan barbaachisu waan ta'eef; addunyaa keessatti biyyoota hunda keessa daa'imman balaa guddaa irratti kufanii argaman waan jiraaniif. Akkasumas, biyyoota hunda keessatti jireenya daa'immanii fooyyessuuf walta'iinsa addunyaa barbaachisaa ta'uun isaa hubannoo waan argateefidha.

Manni Maree Bakka Bu'oota Mootummaa Ce'umsa Itoophiyaas Sadaasa 29, bara 1984 A.L.I tti Konveenshinii Mirgoota Daa'immanii kana fudhachuun mirkaneesseera. Haalli kunis Mootummaan Itoophiyaa mirgootaa fi guddina gaarii daa'immaniif xiyyeeffannaa inni kennu agarsiisa.

Kana irraa ka'uun Heera Mootummaa Itoophiyaa keessatti Keeyyata 36 irratti Mirgi Daa'immanii taa'eera. Heera kana keessatti daa'imman Mirga Lubbuun jiraachuu, Maqaa fi Lammummaa argachuu, Warra isaan guddisuuf seeraan mirga qaban beekuu fi kunuunsa isaanis argachuu, gochawwan humni isaanii ittiin saamamu irraa eegamuu, hojii fayyaa fi nageenya isaanii irratti miidhaa fidu hojjachuu irraa eegamuu, adabbii qaama isaanii irratti miidhaa fidu irraa eegamuu fa'a tuqameera.

## Sarbiinsa Mirga Daa'immanii

- **Miidhaa qaama Daa'immanii irraan gahuu:** Daa'imman maatii isaaniin yookiin namoota guddisuuf fudhataniin yookiin namoota biroon adabbiin qaama isaanii irratti miidhaa geessisu irratti raawwatamuu akka hin qabne Konveenshinii Mirga Daa'immanii Keeyyata 19 irratti eerameera. Haaluma kanaan Heera biyya keenyaa keessas haalli kun dhorkaa ta'uun isaa taa'eera.
- **Butii:** Ijoollee dubaraa fedha isaanii malee humnaan haadha manaa godhachuuf bakka adda addaatti gochi buttaa irratti raawwatama. Gochi kun immoo qaamaa fi sammuu (qalbii) isaanii irratti miidhaa guddaa uuma. Kanaafuu, seeraan dhorkaa ta'uun isaa beekamaadha.
- **Daa'imman Bakkaa Bakkatti Geessuu:** Daa'imman seeraan ala faayidaa itti argachuuf biyya tokkoo yookiin naannoo tokkoo gara naannoo birootti geessuun yookiin geessuu yaaluun mirga daa'immanii irratti yakka hojjachuudha. Mirga namummaas akka sarbuutti lakkaa'ama. Kana waan ta'eef seeraan nama gaafachiisa.
- **Humna Daa'immaniitti Garmalee Fayyadamuu:** Daa'imman humna isaaniitii ol hojii akka hojjataan taasisuun yakka. Daa'imman mirga kunuunsa argachuun guddachuu waan qabaniif daa'immummaa isaaniitti mirga barachuu qabu. Haa ta'u malee, haala humna isaaniin walmadaaleen maatii isaanii hojiin gargaaruu ni danda'u. Kanaan ala hojii humna isaaniitii ol ta'e akka hojjatan taasisuun bu'aa hojii isaaniitti fayyadamuun seeraan ala.

Itoophiyaas taate biyyoonni Baha Afrikaa biroon Konveenshinii Mirgoota daa'immanii fudhachuun kanneen hojii irra oolchan yoo ta'ellee bakka hundumaatti guutummaa guutuutti hojii irra ooleera jechuun nama rakkisa. Barnoota dhabiinsaa fi rakkoolee dinagdee irraan kan ka'e mirgoonni daa'immanii Dhaabbata Mootummoota Walta'aniin labsame akka barbaadametti hojii irra hin oolle. Haa ta'u malee, tattaaffiin guddaan taasifamaa jira.

## Haallan Itti Daa'imman Miidhaa Jalaa Ba'uu Danda'an

Haala daa'imni tokko miidhaa adda addaa jalaa ba'uu itti danda'u himuu dandeessaa? Daa'imman miidhaa qaama biroon isaan irra ga'uu danda'u jalaa ba'uu yookiin irraa of eeguuf tarkaanfiiwwan armaan gadii fudhachuu qabu.

**Diduu, jalaa dheessuu, nama guddaatti himuu**

Namni isaan hin beekne tokko maallaqa itti agarsiisee gowwomsee fudhatee deemuu yoo barbaade diduu qabu. Humnaan yoo inni qabuu barbaade jalaa dheessuu qabu. Namni guddan isaanitti dhiyoo yoo jiraate dhimma kana itti himuun gargaarsi akka taasifamuuf gochuun irra jira.

**Dhiibbaa hiriyyaa irraa of eeguu**

Daa'imman baayyeen dhiibbaa hiriyyaa isaaniin irra gahuun gochawwan miidhaa isaan irraan gahu hojjatu. Gochawwan kanneen akka saal-qunnamtii umrii malee, gochoota araada nama qabsiisan fa'a, irratti bobba'anii argamu. Gochawwan kunniin immoo miidhaa guddaa qaamaa fi sammuu isaanii irraan waan gahuuf irraa of-eeguun ni barbaachisa. Hiriyyoota gochawwan akkasii irratti hirmaatan irraa of-eeguun gaariidha.

**Wantoota dhoohanii fi albuuddan balaa fidan irraa of eeguu**

Daa'imman wantoota dhohan osoo hin beekin dhakaa yookiin sibiilaan rukutuun yookiin ittiin taphachuun lubbuu fi qaama isaanii irra balaa guddaan qaqqaba. Kana waan ta'eef wantoota dhohanii fi albuuddan miidhaa qaqqabsiisan irraa of-eeguun barbaachisaadha. Wanta lafaa argan kamiyyuu osoo maal akka inni ta'e addaan hin baasin ittiin taphachuu yaaluun balaaf kan nama saaxilu ta'uun isaa beekamuu qaba.

## Akkaataa Ittii Balaa Uumamu Irraa Of eegan

Daa'imman balaa sababa adda addaan uumamaniin miidhamuu danda'u. Kana waan ta'eef, sababoota kanneen dursanii beekuun isaan barbaachisa. Sababoota balaan ittiin uumamuu danda'u keessaa muraasa akka armaan gadiitti haa ilaallu.

- **Shiboo elektirikii:** Shiboon elektiriikii pilaastikii keessaa ba'ee jiraachuu isaa osoo hin hubatin daa'imman harkaan yoo qaban balaan irra ga'uu danda'a. Kana malees, ibiddi elektiriin ka'u daa'imman irraan balaa geessisuu danda'a. Kana waan ta'eef, daa'imman balaa elektiriikiin akka hin hubamneef maatiin gorsi kennamuufii qaba. Sarara elektiriikii akka argan tuttuquu irraa of-eeguu qabu.
- **Summii:** Wantoota summaa'oo ta'an daa'imman dursanii beekuu qabu. Yoo kun hin ta'in osoo hin beekin afaan isaanii keessa galfachuun balaaf saaxilamuu danda'u. Summii qaama isaaniis tuqsiisuun miidhaan qaama irra ga'uu danda'a. Kanaafuu, daa'imman wantoota summaa'oo ta'an irraa of-eeguu qabu.
- **Ibidda:** Daa'imman ibiddaan taphachuun irra hin jiru. Ibiddi aduu keessa osoo ittiin taphatanii yookiin harkatti qabatanii deemanii lafa bu'uun bosona naannoo isaaniitti argamu gubuu danda'a. Mana keessattis harkaa bu'ee mana gubuun isaanii fi qabeenya mana keessaa mancaasuu danda'a. Kanaafuu, daa'imman bakka ibiddi jiru irraa fagaachuu qabu. Ittiinis taphachuu yaaluun balaa guddaa kan geessisu ta'uu isaa hubachuu qabu.

## GILGAALA 4.2

### Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Mootummaan Itoophiyaa Konvenshinii Mirgoota Daa'immanii fudhachuun kan mirkaneesse yoomi?
2. Fakkeenyota sarbiinsa daa'immanii tarreessi!
3. Haallan daa'imman ittiin miidhaa jalaa ba'uu danda'an tarreessi!
4. Sababoota balaan daa'imman irratti uumamuu danda'u barreessi!
5. Konveenshiniin mirgoota daa'immanii Dhaabbanni Mootummoota Walta'aniin labsame kutaa meeqaa fi keeyyata meeqa qaba?

## 4.3. DHIMMOOTA WALITTI DHUFEENYAA

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Erga mata duree kana barattee booda:

- Dhaabbilee Baha Afrikaa Tarreessuun kaayyoo isaanii ni ibsita.
- Baha Afrikaa keessatti naannoo dhaabbileen adda addaa itti argaman ni agarsiista.
- Kaayyoo walitti dhufeenyaa maal akka ta'e ni ibsita.

### Dhaabbilee Walta'iinsa Baha Afrikaa Keessatti Argaman

Baha Afrikaa keessa dhaabbileen biyyoota gidduutti walta'iinsa uuman ni jiru. Dhaabbileen kunniin sochii misoomaa fi nageenyaaf taasifamu irratti biyyoonni Baha Afrikaa waliin akka hojjataniif jajjabeessa. Dhaabbileen kunniin IGAD fi Marii Biyyoota Naannoo Guura Naayil jedhamuun beekama.

### IGAD (Inter Governmental Authority on Development)

Dhaabbata misoomaaf biyyoota Afrikaa Bahaan dhaabbateedha. Kan hundeeffames bara 1996tti biyyoota Afrikaa Bahaa jaha beelaan miidhamaniin ture. Teessoon isaa Jibuutii yammuu ta'u, kaayyoon isaas misooma gaafa Afrikaatti adeemsifamu qindeessuuf ture. Yeroo ammaa garuu kaayyoon IGAD nageenya naannichaa mirkaneessuun misooma saffisiisudha. Miseensonni dhaabbatichaa Jibuutii, Ertiraa, Itoophiyaa, Keenyaa, Somaaliyaa, Sudaanii fi Ugaandaa dha. Bara 1996tti gaggeessitoonni biyyoota miseensotaa yaada burqisiisaniin Manni Maree Ministeerotaa IGAD dhaabbate. Xiyyeeffannaa Walta'iinsa isaanii irratti dursa kan kennaniif wantoota sadiif. Isaanis:

- Walitti bu'iinsa ittisuu, tasgabeessuu fi rakkoo hiikuu akkasumas dhimmoota namummaa,
- Bu'uura misoomaa guddisuu (geejjibaa fi qunnamtiiwwan adda addaa),
- Wabii midhaan nyaataa fi kunuunsa naannoo mirkaneessuu dha.

### Marii Biyyoota Naannoo Yaa'iinsa Laga Naayil (Nile Basin Initiative)

Biyyoota Miseensa Marii Biyyoota Naannoo Yaa'iinsa Laga Naayil ta'an beektaa?

Biyyoonni dhaabbata kanatti miseensa ta'an sagal ta'u. Isaanis Burundii, Koongoo Dimookiraatik Reppuubliki, Misir, Itoophiyaa, Keeniyaa, Ruwaandaa, Sudaan, Taanzaaniyaa fi Ugaandaa dha.

Yaadnni ka'umsa Marii Biyyoota Naannoo Guura Naayil bishaan Naayil walqixxummaan itti fayyadamuun misooma hawaas-dinagdee biyyoota naannoo Guura Naayil haala amansiisaa ta'een

hojii irra oolchuufidha. Walqixxummaan itti fayyadamuu bishaan Naayil irratti biyyoonni kanneen akka Misirii fi Sudaan baayyee itti gammadoo miti yoo ta'ellee, biyyoonni kanneen hafan irratti xiyyeeffatanii itti deemaa jiru. Dhaabbanni kun kan jalqabame bara 1999tti yammuu ta'u, qabxiiwwan hedduu irratti waliigaluun haala tarkaanfii waliigalteen fudhatan irratti imaammata baasuuf yaaleera. Kaayyoon dhaabbatichaas akka armaan gaditti taa'eera.

- Qabeenya bishaan Guura Naayil haala itti fufiinsa qabuu fi walqixxummaan itti fayyadamuun badhaadhina, nagaa fi tasgabbii ummata naannichaa mirkaneessuu,
- Bulchiinsaa fi itti fayyadama bishaanii sirriitti hojii irra oolchuu,
- Biyyoota naannoo yaa'iinsa kanaatti argaman gidduutti walta'iinsaa fi waliin hojjachuun haala hundumtuu fayyadamuu danda'u mirkaneessuu,
- Hiyyummaa balleessuu fi walitti dhufeenya dinagdee guddisuu,
- Sagantich karoorsuu irraa gara hojiitti jijjiiramuutti akka darbu irratti hojjachuu.

**GILGAALA 4.3**

### Gaffii Gaggabaabaa

1. Miseensota dhaabbata IGAD tarreessi!
2. Kaayyoon Marii Biyyoota Naannoo Guura Naayil maali?
3. Biyyoonni miseensa Marii Biyyoota Naannoo Guura Naayil isaan kami?
4. Xiyyeeffannaan biyyoota miseensa IGAD tarreessi!
5. Teessoon IGAD Magaalaa kami?

## Cuunfaa

Guddina Industirii booda baay'inni ummataa dabalaa deeme. Sababonni isaas midhaan nyaataa gahumsaan waan oomishamuu danda'eef, qorichi dhukkuboota adda addaaf waan argamee fi guddina teekinoologiin walqabatee manni jireenyaa fi naannoo namoonni jiraatan qulqullinni isaa waan eegamuu danda'eefidha.

Faca'iinsi ummataa nannoodhaa naannootti adda adda. Wantoonni faca'iinsa ummataa murteessan;

1. haala qilleensa baramaa.
2. haala teessuma lafaa.
3. biyyee naannichatti argamuu fi.
4. albuuda naannoo sanatti argamudha.

Baay'inni ummataa qabeenya biyyiehi qabuun kan wal madaalu yoo hin taane rakkoo uumuu danda'a. Rakkoolee kunniin midhaan nyaataa gahaa dhabuu, manca'ina qabeenya uumamaa fi tajaajila hawaasummaa gahaa ta'e argachuu dhabuu fa'a.

Daa'iimman erga dhalatanii kaasee hanga guddatanii of-danda'anitti kunuunsi godhamuufii waan qabuuf Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii Konvenshinii Mirgoota Daa'iimmanii bara 1989tii mirkaneesseera. Biyyi keenya Itoophiyaanis mirgota daa'immanii kanneen heera mootummaa keessa galchuun hojii irra oolmaa isaaf hojjachaa jirti.

Baha Afrikaa keessatti dhaabbileen walta'iinsaa hundeeffamaniiru. Dhaabbileen kunniin kanneen akka IGAD fi Marii Biyyoota Naannoo Guura Naayil yammuu ta'an nageenyaa fi misooma naannoo Baha Afrikaatti mirkanaa'uu qabu irratti biyyoota naannoo kanatti argaman waliin hojjatu.

## GAAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 4

### Kutaa I: Himoota Sirrii ta'aniif "Dhugaa" Kanneen sirrii hin taaneef immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. HIV/AIDSiin irra caalaatti biyyoota Sahaaraan gadii midhaa jira.
2. Guddina Indusitrii booda baay'inni ummataa xiqqaachaa deeme.
3. Gammoojjii hoo'aa keessa namoonni hedduminaan jiraatu.
4. Saffisaan baayyachuun ummataa manca'iinsa qabeenya uumamaa hordofiisa.
5. Humna daa'iimmaniitti garmalee fayyadamuun sarbiinsa mirga daa'iimmanii muldhisa.

### Kutaa II: Kanneen sirrii ta'e filadhuuti deebsi.

1. Biyyi miseensa IGAD hin taane:
   A. Itoophiyaa B. Jibuutii
   C. Keeniyaa D. Misir
2. Dhaabbanni Marii Biyyootaa Naannoo Guura Laga Naayil kan hundeeffame:
   A. Bara 1999tti B. Bara 2000tti
   C. Bara 2010tti D. Bara 1998tti
3. Biyyoonni Walqixxummaan fayyadamuu bishaan Naayilitti baayyee hin gammadne isaan kami?
   A. Itoophiyaa fi Ertiraa B. Misirii fi Sudaan
   C. Keeniyaa fi Ugaandaa D. Ruwaandaa fi Burundii
4. Kanneen armaan gadii keessaa tokko sirrii miti.
   A. Baay'inni ummataa qabeenya biyyaa waliin wal madaaluu qaba.
   B. Haalli qilleensa baramaa faca'iinsa ummataa murteessa.
   C. Naanoo baayyee diilallaa'u keessa namoonni heddumminaan jiraatu.
   D. Daa'iimman hanga guddatanii of danda'anitti kunuunfamuu qabu.
5. Biyyoota armaan gadii keessaa tokko miseensa Marii Biyyoota Naannoo Guura Naayil.
   A. Taanzaaniyaa B. Chaad
   C. Moozaambik D. Maalaawii.